



International Labour Organization

1919·2019

# MAANUWAALII HOJIIN GIDDUGALA ODEEFFANNOO

## GODAANTOTAA ITTIIN HOJJETAMU



# Maanuwaalii Hojiin Giddugala Odeeffannoo

Godaantotaa Ittiin Hojjetamu

# Maanuwaalii Hojiin Giddugala Odeeffannoo
## Godaantotaa Ittiin Hojjetamu

**Waajjira ILO Biyyoolessa Itoophiyaa, Jibuutii, Somaliiyaa, Sudaan fi Sudaan kibbaa Fi Bakka bu'aa Addaa Gamtaa Afriikaa fi 'UNECA'**

*Barreeffamni kun gaaffii ILO fi gaafii Ministeera Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaan ob. Dastaa Ayyoodeetiin qophaa'ee*

Copyright © International Labour Organization 2020
First published 2020

Publications of the International Labour Office enjoy copyright under Protocol 2 of the Universal Copyright Convention. Nevertheless, short excerpts from them may be reproduced without authorization, on condition that the source is indicated. For rights of reproduction or translation, application should be made to ILO Publishing (Rights and Licensing), International Labour Office, CH-1211 Geneva 22, Switzerland, or by email: rights@ilo.org. The International Labour Office welcomes such applications.

Libraries, institutions and other users registered with a reproduction rights organization may make copies in accordance with the licenses issued to them for this purpose. Visit www.ifrro.org to find the reproduction rights organization in your country.

ISBN 9789220319901 (print)
ISBN 9789220319895 (Web pdf)

Also available in [English]: Migrant Information Centre Operational Manual, ISBN 978-92-2-132965-7 [print] ISBN 978-92-2-132966-4 [web pdf].

The designations employed in ILO publications, which are in conformity with United Nations practice, and the presentation of material therein do not imply the expression of any opinion whatsoever on the part of the International Labour Office concerning the legal status of any country, area or territory or of its authorities, or concerning the delimitation of its frontiers.

The responsibility for opinions expressed in signed articles, studies and other contributions rests solely with their authors, and publication does not constitute an endorsement by the International Labour Office of the opinions expressed in them.

Reference to names of firms and commercial products and processes does not imply their endorsement by the International Labour Office, and any failure to mention a particular firm, commercial product or process is not a sign of disapproval.

Information on ILO publications and digital products can be found at: www.ilo.org/publns.

Printed in Ethiopia

# Qabiyyee

***Kontooffattootaa fi Gabaajee*** ........................................................................................ ***7***

***1. Waa'ee Maanuwaalichaa*** ........................................................................................ ***8***

1.1. Seensa ........................................................................................ 8

1.2. Giddugalli Odeeffannoo Godaantootaa maalii? ........................................................................................ 10

1.3. Kaayyoo Maanuwaalii kanaa ........................................................................................ 10

1.4. Maanuwaaliin kun haala kamiin qophaa'ee? ........................................................................................ 11

1.5. Caasefama maanuwalicha ........................................................................................ 12

1.6. Haala Hundeeffama Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa ........................................................................................ 13

***2. Tajaajila Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa*** ........................................................................................ ***16***

2.1. Maamiltoota Simachuu ........................................................................................ 16

2.2. Maamiloota Galmeessuu ........................................................................................ 19

2.3. Waa'ee Godaantotaa Odeeffannoo Tamsaasuu ........................................................................................ 19

2.4. Ergaawwaan ijoo/qulffii ........................................................................................ 21

2.5. Gorsa hojii ........................................................................................ 26

2.6. Hojiiwwan dirree ........................................................................................ 32

2.7. Leenjiii imala duraa godaantotaaf kennuu. ........................................................................................ 32

2.8. Deebitoota Godaansaa carraaqqii isaan deebi'anii dhabbachuuf godhan irratti deggeruu ....... 33

***3. Haala sirna Bulchiisa Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa*** ........................................................................................ ***37***

3.1. Qajeeltoowwanbulchiisaa fi hojimaata Giddugala Odeeffannoo Godantotaa .......................... 37

3.2. Caaseffama Bulchiisa Giddugala Odeeffannoo Godaantootaaa ........................................................................................ 41

3.3. Karoora humna namaa ........................................................................................ 43

3.4. Karoora Bajataa fi faayinaansii Giddugala Odeeffannoo Godaantotaatif barbachisu .............. 46

3.5. Bulchiisa Ragaa( odeeffannoo ) ........................................................................................ 47

3.6. Naannoo Giddugalli Odeefannoo Godaantotaa jirutti walta'insaa fi haala walharkaa fuudhiinsa godaantotaa ........................................................................................ 51

3.7. Deggersa fi hordoffii Giddugala Odeeffannooo Godaantotaa ........................................................................................ 53

***4. Gaaffiilee Deddeebi'anii ka'an*** ........................................................................................ ***60***

4.1. Waa'ee Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa ........................................................................................ 60

4.2. Gaaffiiwwan bu'uraa godaansa hojii/bobbii hojii biyya alaa irrtti .......................................... 62

4.3. Gaaffiilee bu'uraa waa'ee calallii fi qaxarrii ..................... 64
4.4. Bassii mallaqa godaansa idilawaan gara Giddu gala Bahaatti godhamuu ..................... 69
4.5. Sodaa godaansa idilawwa gara giddugala Bahaatti godhamuun walqabatu ..................... 70
4.6. Tajaajila deggersaa biyya gahumsaatti kennamu ..................... 73
4.7. Garaagarummaa aadaa fi rakkoo biyya gahumsaatti nama quunnamuu danda'u ..................... 75
4.8. Gaaffiiwwan bu'uraa deebitoota godaansaa fi deebisanii dhaabuu ..................... 78

***DUUKA DEEMTUU 1...................... 79***

BARRUULEE...................... 79
Barruulee 1 - Qajeelfama Godaansa Ofeeggannoo Qabu ...................... 79
Barruulee 2 - Qajeelfama adeemsa gorsaaa ...................... 87
Barruulee 3 - Godaansa irratti Seerota biyya keessa fi addunyaa ...................... 90

***DUUKA DEEMTUU 2...................... 100***

Malootaa fi Moodaloota...................... 100
Moodala Karoora Bajataa waggaa 3 (sadii) hojiin giddugala Odeeffannoo Godaantotaa ittin hojjetamu ...... 100
Galmee to'annaa hojjettoota ...................... 102
Guca walharkaa fuudhiisaa/daddabarsa godaantotaa ...................... 103
Sanada waliigaltee Giddugala Odeeffannoo Godantootaa fi Ejensii daddabarsaa / walharkaa fuudhiinsaa gidduutti mallataa'ee ...................... 104
Fakkeenya kaardii maamilaa...................... 107
Moodala guca karoora hojii dirreef tajaajilu ...................... 110

***Madda Ragaalee...................... 112***

**Gabateewwan**

3.1. Sadarkaa qooda fudhannaa hawaasaa
3.2. Fakkeenya tarreeffama hojii hojjettoota Giddugala Odeeffannoo Godantoota.
3.3. Hojiiwwan ijoo daata beezii Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa
3.4. Agarsiiftuuwwan moodala yookiin fakkeenyaa Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa
3.5. Qaaccessa dhugaa irratti hundaa'ee, fakkeenya.
4.1. Baasiiwwan hojjechiisaan uwwifamuu fi godaantotaan uwwifamu

**Fakkiiwwan**

1.1. Giddugala Odeeffannoo Godaantoota, godaantootaa fi deebitoota godaansaaf tajaajila gaarii kennuun fakkeenyummaa qaban.
1.2. Hundeeffama giddugaleessa odeeffannoo godantootaa irratti dhimmoota ijoo xiyyeeffanaa barbaadan
3.1. Yaada bu'uraa bulchiinsaa fi hojii Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa
3.2. Caaseffama hojii Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa yaadame

**Saanduqoota**

2.1. Sadarkaa jahan simannaa gaarii fi kenniisa tajajila
2.2. Labsii Bobba'insa Hoji Biyya Alaa Itoophiyaa lakk. 923/2008

2.3. Waliigaltee qacarrii hojii
2.4. Waliigaltee qacarrii hojii mirkaneeffachuu
2.5. Paakeejii deebisanii dhaabuu Itoophiyaa ILO, Fi Ministeera Dhimma Hojjetaa Fi Hawaasummaa
3.1. Tajaajila Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa hunda kan haammateefi qooda fudhattoota hundaaf qaqqabama taasisuu
3.2. Maree hawaasaa
3.3. Adeemsa karoora bajataa Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa
3.4. Hiika to'annoo fi madaallii/hordoffii /
3.5. Karoora, deggersa fi hordoffii giddugala odeeffannoo godaantotaa

## Kontooffattootaa fi Gabaajee

| | |
|---|---|
| BDH Ho fiHa | Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa |
| RB | Ragaa barnootaa |
| SHI | Standaardii Hojii Itoophiyaa |
| QE | Qarshii Itoophiyaa |
| GDDK | Gaaffii deedeebi'anii Ka'an |
| MFDI | Mootummaa Feederaala Itoophiyaa |
| BGG | Biyyoota Gamtaa Galffi |
| DHHIA | Dhaabbata Hojjettoota Idila Addunyaa (ILO) |
| DHGIA | Dhaabbata Godaantota Idila Addunyaa |
| TO | Taknolojii Odeeffannoo |
| MSA | Mootummaa Saa'ud Arabiyaa |
| XDYS | Xiinxala Daangaa Yaada Sirrii |
| HM | Hordoffii fi Madaallii |
| GOG | Giddu gala Odeeffannoo Godaantotaa |
| MDHH fi Ha | Ministeera Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa |
| SW | Sanada waliigaltee |
| DHMM | Dhaabbata Miti mootummaa |
| AKM | Agarsiiftota Kaayyolee Mirkanaa'an |
| EDHBH | Ejensii Dhuunfaa Bobba'insa Hojii |
| DKJF | Daldaala Kee Jalqabii Fooyyessi |
| NSSUK | Naannoo Sabaa fi Sab-lammootaa fi Ummattoota Kibbaa |
| BLTO | Barnoota Leenjii, Teekniikaa fi Ogummaa |
| GAI | Gamtaa Arab Imiretii |
| WWNMFICHBN | Waajjira Wabii Nyaata magaalaa fi Carraa Hojii |
| MAGFBD | Mootummoota Addunyaa Gamtoomaniitti Fandii Balaa tasaa Daa'immanii |

# 1. Waa’ee Maanuwaalichaa

## *1.1. Seensa*

Addunyaa tokkoomte harraa keessatti dhimmi godaansa addunyaa dhimma eessattuu daangaa adunyaa mara tuqaa jiru dha. Waggoottan kurnan darbanitti, lakkoofsi godaantota addunyaa dabalaa dhufuun bara 2000ttii mil.173 kanture bara 2017 tti mil 258 akka gahe ragaan UN, 2017 niibsa. Sababa guddina ariifataa godaantotaa kanaan gaheen baayyina godaantoota baayyina hawasa jiraataa keesaa dhibbantaa %2.8 bara 2000 tti kan ture bara 2017 tti gara %3.4tti kan olguddate yeroo ta’u gama biraan guddinni godaantota addunyaa Afriikaa giddugalaan %3.0 bara baraan dabaleera. Akka ragaan UNICEF *Itoophiyaa bara 2015 ibsuttii godaantoota addunyaa keessaa lammiileen Itoophiyaa 662,444 bara 2000tti kan ture bara 2015tti gara* 1,072,949tii olguddateera.

Godaansaaf ka’umsa kan ta’an sababoonni hedduun nijiru. Hata’umalee sababoonni irra darbuun hindanda’amne keessaa sabaabooti kan akka hojiif, maatii yookiin qorannoo fi barumsaa yeroo ta’u, kaan isaanii immoo biyaa fi mana isaanii dhiisanii akka godaanan sababa dirqisiisu keessaa walitti bu’iinsa, gidiraa fi balaan adda addaa ka’umsa akka tan niibsama.

Godaansi imaamata sirriin yoo deggerame, guddina diinagdee hunda galeessa ta’ee fi itti fufiinsa qabu fiduu keessatti biyya hojjettoota erguufis ta’ee biyya ofittii fudhatuuf gahee guddaa niqabaata (IOM, 2017a).Hata’u malee haala godaansaa amma jiruun, godaansi al-idilawaan rakkoo walxaxaa addunyaa ta’ee jira.Addunyaa mara irratti haalli godaansa al-idilawaan bal’inni isaa fi ulfaatinni isaa ol dabalaa jira.Afriikaa keessatti, keessaa iyyuu biyyoota Sahaaraa gadii irratti saaxilamuumman isaa baayyee hamaa kan ta’ee fi lakkoofsi godaantootaa baayeenis karaa seeraan alaa kan calalaman naanoo dhuma kanaati. (UNODC, 2016).Haallii qabatamaan Itoophiyaas dhugaa dhuma kana ibsa.Haala Itoophiyaan godaantota al-idilawaa galamaa’ee sirritti beekamuu baatus,ragaaleen tokko tokko akka ibsanitti godaantoti gara giddugala baha Eshiyaatti karaa al-idilawaan bahanus haluma kanaan akka bahan ibsa.Fakkenyaaf bara 2013 , Sadasa irraa hanga bara 2014 Bitootessatti tilmaaman Itoophiyaanota 168,000 mootummaan Saawud Arabiyaa biyya ishee irraa baasuun gara biyyaatti akka deebi’an goote keessaa harki sadii afuraffaan godaantoota al-idlawaa akka ta’ani fi %60 kan ta’an immoo karaa al-idilawaan biyaa isaanii irraa kan bahan dha.(IOM,2017b)

Godaantooti Itoophiyaa karaa al-idilawaa deeman salphumatti namoota namootan daldaalanii fi namoota karaa seeraan alaa namoota naanneessanii fi daangaa ceesisaniif saaxilamuu fi balaa qaamaa, fi balaa saalqunnamtii fedhii alaa, akkasumas saamicha sadarkaa hundatti raawwatamu kan yeroo filannoo, qacarrii, imala irratti, bakka gahanitti, iddoo hojii fi deebii isaanii irratti isaan quunnama (ILO, 2017). Yeroo baayyee godaantonni karaa al-idilawaa deeman kan filataman yookiin fo’ataman faddaalota seeraan alaa ganda keessaatiin, karaa namoota godaansaa debi’anii fi firoota fi hiriyootan kan raawwatamu dha. Haala kanaan godantonni yeroo baayyee waada sobaa qooda fudhatoota kanaan mo’atamu. Sababa kanaan, godaantonni osoo biyyaa hinba’in carraa odeeffannoo gahaa fi carraa haala waliigaltee fi haala hojii isaanii fuula duraa hojjechiisaa isaanii wajjin mari’achuu osoo hinargatin biyyaa godaanuu. Qorannoo bara 2017 ILOn namoota godaantoota fi godaansaa deebi’an 1,450 irratti gaggeessen %30 ol kan ta’an yeroo biyya bahan tasuma odeeffannoo waa’ee hojii isaanii akka hinqabnee fi naannoon %50 immoo hojjechiisaa

isaanii akka hinbeekne ibsa. Dabalataanis godaantonni al-idilawaan adeemsa isaanii kessatti yakkii fi gidiraan irratti raawwatus hedduu dha. (Human Rights Watch, 2015)

Akka ragaan mul'isutti godaantotis ta'ee saaxilamtooti godaansa hubannoo waa'ee mirga adeemsa isaaniis ta'ee, adeemsa godaansa seera qabeessas ta'ee, haala itti hojii argatan, haala itti biyya deemanitti madaqan, haala itti tajaajila qaamota mootummaa biyya deeman irraa itti argatan hinbeekan.

Saaxilamtooti godaansa al-idilawaa odeeffannoo kan argatan midiyaalee hawasaa, hiriyaa fi saaphana odeeffannoo hawaasaa irraa yeroo ta'u, innumtuu kan amaansiiaa hintaanee fi kan yeroon itti darbe dha.Kun immoo faddaalotaseeraan ala fi ejensiiwwan hojiitti qaxarsiisan jedhanii walin dhahan kara seeraan alaa yookiin al-idilawaan akka godaanaan, saamichaa fi gidiraa adda addaaf isaan saaxilee jira.Dhimmii ijoon barbaadamu godaantotis ta'ee saaxilamtooti godaansaa odeefannoo gahaa argachuun odeeffannoo sobaa faddaalonniamanomoo hinta'in fi ejensiiwwan hojii qaxarsiisna jechuun soban irraa ofqolachuun qaxarrii hojii seera qabeessa irraa fayyadamoo akka ta'an taasisuu dha.

Karaa kanaan, dhimmi ijoo fi murteessaan Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa dandeettii godaantonni fi saaxilamtooni godaansaa dhimma godaansaa irratti odeeffannoo gahaa qabaatanii murtoo akka fudhatan tasisuu dha[1]. Dabalataanis odeeffanoo sirrii fi qabatmaa hinta'in fi rakkoowwan yeroo biyya ormaa gahan isaan quunnamuu danda'uu hambisuuf gargaara.Godaantoota sadarkaa imala duraa irratti hubannoo waa'ee madaquu fi deebisanii dhaabuu akka qabaatan dandeessisuun biyya deemanitti akka madaqanuu fi akka turan isaan gargaara.Dabalataanis ,Giddugalli Odeeffannoo Godaantotaa akka giddu gala daddabarsaa fi walharkaa fuuchaa godaantota godaansaa debi'aniitti taajaajilun debitooti odeeffannoo madaqiinsa diinagdee fi hawaasumaa akka argatan nigargaara[2].

Carraqii ILOn bulchiinsa godaansa humnaa hojii fooyyessuuf godheen ,yeroo ammaa kanatti walta'iinsa Ministeera Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa fi Biiroo dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaatiin naannoolee afur keessatti ,Oromiyaa, Naannoo Sabaa fi Sablammootaa fi Ummattoota kibbaatti, Naannoo Amahaaraa, fi Naannoo Tigraayitti Giddugalli Odeeffannoo Godaantotaa akka hundaa'uu ta'eera.Hata'uu malee waanti qabatamaan hubatamuu qabu tajaajila barbaadamu sirrii fi gahumsaan kennuuf deggersi barbaachisaan Giddugala Odeeffannoo Godaantootaaf kennamuu qaba.

Walumaa galatti maanuwaaliin kun kan qophaa'eef, Giddu gala Odeeffannoo hundeessuuf, hojii irra oolchuuf, haala gaarii fi itti fufiinsa qabuun hojicha gaggeessuun bu'aa maamiltooti irraa argatan olguddisuuf jedhameeti.

---

[1] Giddugala Leecaaloo Godaantotaas nijedhama, Giddugala Tajaajila Godaantotaa, Giddugala Deggersa Godaantotaa, Giddugala gorsa godaantotaa, Giddugala hojjetoota godaantotaa. Barreefama kana guutuu isaa keessattii gecha waliigalaa kan ta'e Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa fayyadamna.

[2] Deebisanii dhaabuun yeroo hiikamu "deebisanii walitti makuu yookiin garee namootaatti yookiin adeemsatti dabaluu, fakkeenyaaf, godaantoota gara haawasa biyya isaatti yookiin iddoo jireenya isaa beekamaattii dabaluu. Kanaafuu deebisanii dhaabuun adeemsa deebitoota godaansaa deebisuun haala isaan hawaasummaa, aadaa, diinagdee fi jireenya siyaasaa biyya isaa yookiin ishee keessatti hirmaatu taasisuu dha

## *1.2. Giddugalli Odeeffannoo Godaantootaa maalii?*

Giddugallii Odeeffannoo Godaantootaa dhaabbata tajaajila hunda galeessa moodala ta'e iddoo tokkotti afaan godaantoti hubachuu danda'aniin kennu dha. Tajaajilli Giddugala Odeeffennoo Godaantotaa sadarkaa godaansaa baayyeetti tajaajila kan kennuu dha (ILO, 2014a). Giddugallii Odeeffannoo Godaantotaa kan hundeeffamu biyaa ka'umsa godaantotaa ta'ee kan xiyyeeffatus odeeffannoo gahaa godaantotaa kennuun eegumsi barbaachisaan akka isaanii godhamuu fi bu'aan gama kanaan argamus akka ol guddatuuf nigargaara.Maamiltoonni sadarkaa godaansaa hundatti odeeffannoo barbaachiisaa argachuu fi wantoota barbaachisoo adeemsa godaansaa keessatti keessa darbamu kan akka leenjii imala duraa, yeroo ka'umsaa, yeroo gahumsaa fi yeroo tajaajilaa yookiin hojii keessatti waan isaan barbaachisu hunda nihubatu.Tajaajilli kunis kan kennamu karaa tajaajila giddugala keessa fi karaa dirreetti bobba'uun baka godaantoti yookiin saaxilamtooti argamanitti fi akkasumas godaansaa kan deebi'anii fi maatii godaantotaaf illee nikennama.

Giddugalli Odeeffannoo Godaantotaa, tajaajilli odeeffannoo fi gorsaa gaha kan kennu ta'uun, godaantonni odeeffannoo waa'ee godaansa ofeeggannoo qabu yookiin waa'ee godaansa idilawaa odeeffannoo argachuun akka murtee sirrii fudhatanuu, akkasumas haala qacarrii fi hojii barbaadannaa naamusa qabuu fi baasii jireenyaa fi haala aadaa fi wantoota biroo biyya hojiif deemanii sirritti akka hubatan gargaara (ILO, 2013).

Dabalataanis, Giddugalli Odeeffannoo Godaantotaa kanneen godaansaa deebi'an iddoo itti odeefannoo sirrii fi gorsa gahaa haala itti deebi'anii dhaabbatanii fi bayyanatan kan karaa qooda fudhattootaa fi karaa walharkaa fuudhiinsa godaantoota raawwatu kan itti argatanu dha.

## *1.3. Kaayyoo Maanuwaalii kanaa*

Kaayyoon maanuwaalii kanaa inni guddaan, giddugalli odeefannoo godaantotaa sirna tajaajila sirrii ta'ee dhimma godaansaan walqabatu irratti haala fedhii godaantotaan, godaansa deebitoota fi maatii isaaniif odeeffannoo akka kennuu danda'uuf ta'ee, keessa iyyuu dhimmoota armaan gadii irratti xiyyeeffata.

- Hojjettoota Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa gahee fi hojii Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa, bobba'insa hojii, haala itti tajaajila kennanuu fi haala bulchiisa bu'a qabeessa giddugaleessichaa irratti leenjii kennuu fi akka madda qajeelfama leenjiitti nigargaara.
- Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa hundeessuu fi hojii irra oolchuuf akka safartuutti nitajaajila.
- Hojii bulchiisa Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa guyya guyyaatti hojetamu mijeessuu fi to'annaa fi hordoffii gaggeessuuf akka meeshaa fi tooftaatti tajaajila.
- Odeeffannoo qabatamaa fi yeroo eeggate kennuu fi ragaalee irratti hundaa'uun fayyadamtootaa fi qooda fudhattootaaf gorsa kennuuf nigargaara.

- Hojeettoota godaananuu fi maatii isaaniif odeeffannoo waa’ee godaansa kennuun adeemsa kanaan faayidaa godaansi balaa irraa bilisa ta’e qabu olguddisuu dha.

## 1.4. Maanuwaaliin kun haala kamiin qophaa’ee?

Maanuwaaliin Giddugala Odeeffannoo Itoophiyaa kun kan qophaa’ee, muuxannoo guddaa ILOn Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa sarara godaantoti heddumminaan bahaa turan irratiit hundeessuu fi qindeessuun qabu irratti hundaa’uun kan qophaa’e dha. Kana raawwachuufs odeeffannoo duraa kan sassaabame, saaxilamtoota godaansaa, deebitoota godaansaa fi madda odeeffannoo ijookan ta’an Mootummaa Naannoo Oromiyaa fi Mootummaa Naannoo Tigraayii irraa sassaabamera. Ragaa argaman cimsuuf, ragaaleen biroos kan akka qajjelfamooti raawwii hojichaa, muuxannoowwan gaariin, barreeffamoonnni qorannoo, imaamattoota godantotaa fi seeronni adda addaa sirritti ilaalamaniiru. Adeemsa maanuwaalicha haalaa wajjin walsimsiisuuf yookiin madaqsuuf malloonni armaan gadii hojii iraa oolaniiru;

- Itoophiyaa fi biyyoota kan biro irraa muuxannooowwan Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa sassaabameera;
- Haalli diinagde fi aadaa hawasaa fi carraalee tajaajila Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa olguddisuu danda’an hunda sakkataa’uuf yaalameera;
- Giddu galli Odeeffannoo Godaantotaa Sadarkaa olaanaan akka tajaajiluuf, beekumsa bu’uraa hawaasaa fi haala leecaloo olguddisuu fi qindeessuu hawaasa adda baasuuf yaalameera

Adeeemsi qophii Maanuwaalii kanaa kan ittiin qajeelfamaa ture yaada rimeewwan dhimmoota walfakaataniif kan fayyadaa turanii fi maloota fedhii fayyadamtootaa fi qooda fudhatoota giddugaleessa godhateeni dha.

Haaluma armaan gaditti gabatee 1.1, keessatti ibsameen, qabxiiwwan daangaa yaada rimeewwanii keessatti tarreeffaman kun haala gaariin godaantotaa, saaxilamtootaa fi deebitoota godaansa fi maatiiisaanii fi hojii fi tajaajila gaarii kennuu nidanda’a jedhamee kan yaadame dha.

**Gabatee 1.1. Moodela haala kenniisa tajaajila gaarii GOG tti saaxilamtootaa fi deebitoota godaansa sseraan alaaf kennuuf tajaajilu**




## 1.5. *Caasefama maanuwalicha*

**Kutaa 1: Waa'ee Maanuwaalichaa.** Kutaan kun kan ibsu waa'ee seenaa dudda duuba hundeefama Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa, moodala yaada-rimee hundeeffama isaa, faayidaa fi haala maanuwalichi itti qindaa'ee ibsa.

**Kutaa 2: Tajaajila Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa.** Kutaan kun kan inni itti xiyyeeffatu tajaajila Giddugalli Odeeffannoo Godaantotaa, godaantootaaf, saaxilamtootaaf, deebitoota godaansaaf yookiin ijoollee yookiin maatii isaaniif kennu irratti xiyyeeffata. Dabalataanis, tooftaa Giddugalli Odeeffannoo Godaantootaa tajaajila itti kennu ibsa. Kun immoo kan dabalatu gorsa fuulaa fi fuulaa, tajaajila odeeffannoo Giddugala Odeeffannoo godaantotaa,odeeffannoo weebsaayitti fi barreeffamaa, tajaajila dirree, tajaajila moobaayilii, leenjii fi duula hubannoo uumuuti.

**Kutaa 3: Haala sirna bulchiisa Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa.** Kutaan kun kan ilaalatu baayyee murteessaa kan ta'e, sirna bulchiisa gaarii hojii Giddugala Odeeffannoo Godaantootaati.

Kunis kan dabalatu, haala gaariin walta'insa qooda fudhatootaa hundeessuu, walqunnamsiisuu fi walharkaa fuudhinsa tajaajilaa fi dhaabbilee adda addaa, daata maamiltootaa irratti hundaa'uun, maamiltootaaf sirna odeeffannoo qulqullina qabu kennuu fi deggarsaa fi hordoffii fi daataa beezii barbaachisoo hundeessuun duub deebii maamilaa fi bu'aa tajaajila giddugala odeeffanoo godaantoota hundeessuu dabalata.

**Kutaa 4: Gaaffiilee deddebi'anii ka'an.** Kuttaan kun dhimma godaansa hojiif godhamu irratti gaaffiilee deddeebi'anii ka'aniif deebii kenna.Hojjettootaa Giddugala Odeeffano Godaantootaaf odeeffannoo dabalataa kennuun dogoggorrii fi hubannoo dhabuun dhimma bobba'iinsa hojiis ta'ee,adeemsa naamusaa irratti akka hinuumamne godha.

Duuka deemtuun1 fi 2, irratti dookmentoonni deggersaa fi maddi ragaalee qorannoochaa dhiyaateera, dabalataanis eddatoowwaan seeraa boba'iinsa hojiif tajaajilanuu fi malootii fi moodaloonni hojii Giddugala Odeeffannoo Godantootaa raawwachiisuuf tajaajilan hundi ibsamaniiruu.

## *1.6. Haala Hundeeffama Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa*

Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa hundeessuun dura, karoora qinda'aa fi hirmaachisa ta'en akka raawwatamuu fi akka qajeelchu gochuu fi akkasumas kaayyoo dhaabbateef akka galmaan gahuuf adeemsii fi tarkaanffiiwwan murteessoon fudhatamaniiru.

Dhaabbaticha qaamaan hundeessuun alatti, dhimmi xiyyeeffannaa walqixa barbaadu shaakallii karooraa tajaajila walqixaa fi qulqullina qabu mirkaneessuu, sirnaa fi adeemsa kenniisa tajaajila giddugaleessichaa hiika qabeessa taasisuu dha. Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa hundeessuu keessatti dhimmi ijoon itti xiyyeeffatamuu qabuu gabatee 1.2.keessatti ibsameera.

**Gabatee1.2. Hundeeffama Giddugala Odeeffannoo godaantotaa keessatti dhimmoota ijoo xiyyeeffannnaa barbaadu**

| | |
|---|---|
| **Fayyadamtootaa fi Qooda fudhattootaa adda baasuu** | • Fayyadamtoota kallattii adda baafachuu ( Qindoomina koorniyaa yaada keessa galchuu) fky.saaxilamtoota godaansaa, godaansa irraa kan deebi'an, maatii, dhiira, dubara, kkf.<br>• Walta'insa fuula duraatif dhimmamtootaa fi qooda fudhattoota adda baafachuu fi xiinxaaluu (deggertoota, dhaabbilee walharkaa fuudhiinsaa, tola ooltota , kkf.) |
| **Gosa tajaajilaafi tooftaa tajaajilli itti kennamu adda baasuu** | • Fayyadamtoota kallattii wajjin fedhii adda baasuu.<br>• Duraa duuba dhimmootaa adda baasuu, fedhii fi dhimmoota qaawwaa fi gufuu tajaajilaaa ta'uu danda'an hunda adda baasuu .Daandii kenna tajaajila gaarii adda baasuu (fedhii adda bahe irratti hundaa'uun). |
| **Haala bulchiisaa fi faayinaansii qopheeffadhu** | • Itti fufiinsa tajaajilichaatif madda maallaqaa itti fufiinsa qabu barbaaduu<br>• Giddugala odeeffannoo godaantotaa sanaf bajata ramaduu, meeshaalee guutuu, mindaa hojjettootaa fi hojii adeemsistuu dabalatee.<br>• Caaseffama bulchiisaa cimaa wixineessuu, karoora humna namaa qopheessuu, bulchiisa daataa hundeessuu, haala deggersaa fi hordoffii kaa'uu. |
| **Iddoo adda baasuu** | • Qaqqabamummaa yaada keessa galchuu(kallattii fageenyaan, yeroofi geejiba hawaasaaf qaqabamaa ta'uu isaa).<br>• Maamiltootaf haala simannaa mijawaa fi amanamaa ta'e uumuu |
| **Hundeeffama dhaabbata** | • Giddugalli Odeeffannoo godaantoota yoo xiqqatee kutaa lama qabaachuu isaa mirkaneeffachuu(akutaa tajaajila gorsaa fi iddoo aara galfii/iddoo hubannoo/leenjii).<br>• Odeeffannoo godaantotichaa qaamaa midhamaaf mijawaa ta'uu isaa mirkaneeffachuu<br>• Seensa dhaabbatichaa irratti mallattoon dhaabaticha ibsuu ifatti jiraachuu isaa nirkaneeffachuu,qulqulluu fi hawwataas ta'uu qaba. |

Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa hundeessuuf qaama seera qabeessa irraa eeyyama seera qabeessa argachuun tarkaanfii duraa ta'uu qaba. Dhaabbatichi meshaalee hojiif barbaachisoo ta'an hundaan haga danda'ameetti guutamee argamuu qaba. Fakkeenyaaf, meeshaalee suur-sagalee, haga humni danda'etti, koompiitara, laaptooppii, proojekteera LCD, kaameeraa,TV, sarara interneetii, meshaalee barreessaa, hojjettoota waajjiraaf teessoo, saanduqa faayilaa, haammatuu faayilaa, barreeffamoota madda ta'an/madden barreeffamoota godaansa bobba'insa hojiin guutamuu qaba.

Giddugalli odeeffannoo Godaantoota ogeessota gahumsa qaban ciccimoo fi tajaajila achi keessaa qofa kennanuun guutamuu qaba.

Giddugalli Odeeffannoo gaariin, hundeffama isaa irraa kaasee kan deggartootaa fi qooda fudhattoota sadarkaa adda addaatti hirmaachisuun keniinsa tajaajila gaarii giddugaleessichaa kan mirkaneesse dha. Qooda fudhattoota sirritti qiyyaasuun yookiin qaaccessuun walitti hidhamiisa walharkaa fuudhiinsaa dhaabbilee adda aaddaa fi tajaajila fooyya'aan akka walharkaa fudhatanuuf baayyee gargaara. Banamuu Giddugala Odeeffannoo Godaantoota hawaasa naannoof karaa caasaa hawaasaa fi mala fooyya'aa ta'e kamittuu fayyadamuun beeksisuun baayee barbaachisaa dha (karoora hojii dirree, sagantaa mana–manaa, TV, baaneroota, kkf.) tti fayyadamuun nibarbaachisa.

# 2. Tajaajila Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa

## 2.1. Maamiltoota Simachuu

Faayidaan Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa inni guddaan maamila**f** tajaajila odeeffannoo gaarii fi qulqulluu kennuu dha. Adeemsi tajaajilichaa kan jalqabu saaxilamtoota godaansaa, deebitoota godaansaa, maamiltoota kanneen biroo odeeffannoo waa'ee godaansaa barbaadan simachuu irraa eegala. Simannan maamiltoota kan eegalu namoota gara giddugala Odeeffannoo Godaantotaa dhufu kaamiinuu dubbiisuun , maamila galmeessuun, dafanii fedhii adda baasuu fi murteessuun akkataa fedhii isaatti tajaajila barbaadanu kennuu dha.

Simannaan gaariin kan inni ofkeessatti qabatu, baga nagaan dhuftanii ho'aa fi bifa kabaja qabuun tajaajila maalii akka barbaadu gaafachuu, gaaffii inni gaafatu deebisuu, galmeewwan ragaa sakatta'uu, gaaffii qomaa (fuulaa fi fuulaa) fi gorsa hojii mijeessuu, gucaalee adda addaa guutuun gargaaruu,ibsa imala duraaf qopheessuu yookiin sagantaa qabuu fi leenjiif kakaasuu yookiin gara tajaajila deggarsa deebisanii dhaabuutti dabarsuu dha. Bilbila kaasuunis tajaajila simannaa keessaa tokko dha. Hojjettoonni Giddu Gala Odeeffannoo Godaantotaa kan isaan hubachuu qaban keessaa miirri maamilli yeroo jalqabaaf Giddugala Odeeffanoo Godaantota kanaatti itti dhaga'ame hiriyoota isaanitti yookiin namoota baayyee murteessoo ta'an arganii itti ibsachuu danda'u waanta'eef yeroo hunda ofeegganoo barbaada.

**Saanduqa 2.1. Sadarkaalee tajaajilaa fi simannaa gaarii jahan**

1. Fuula ifaa!
2. Maamiltootaan baga gara Giddu Gala Odeeffannoo Godaantota keenyaaatti nagaan dhuftan jechuu, Jechoota idilawwaa yeroo hunda dubbatamu fayyadamuu,
3. Maal sigargaaru? Jechuun gaafachuu. Ykn ibsa gabaaba tajaajila giddugalli odeeffannoo godaantotaa kennu ibsuufiin jalqabu. Yoo maamilli salphaatti yaada isaa ibsuu kan hindandeenye ta'e, Obsa qabeessaa fi nama isa hubatu ta'uu
4. Yoo maamiltoonni nama biraa kophaatti dubbisuu barbaadanis jiraatan ifatti gaafachuunii fi namnii dhiiras ta'ee dubartiin biro isaan tajaajilan akka jiranu ibsuu fii dha.
5. Kana booda gara tajaajila giddugalli odeeffannoo godaantoota kennutti fedhii isaanii irratti hundaa'uun dabarsuu dha. dha.
6. Maamilli tajaajila fudhachuuf qophaa'aa ta'uu isaa erga mirkaneeffatamee booda mamilicha galmeessuun tajaajila itti fufuun nidanda'ama

*Maddi: ILO, 2014a. Irraa kan fudhatame*

Yeroo abbaan ta’e gara Giddugala Odeeffannoo Godaantoota dhufu, karaa walqixa ta’een tajaajila argachuu qabu, garaagarummaa qaamaa, bu’ura hawaasummaa, amantaa, walitti dhufeenya siyaasaa, korniyaa, ilaalcha saalaa yookiin sababa biroon osoo adda hinbasiin waliqixa keessumeessuun nibarbaachisa.

Giddugalli Odeeffannoo Godaantotaa kan hundaa’eef, saaxilamtoota godaansaa, debitoota godaansaa, yookiin qaama hawaasa kamiifuu odeeffannoo waa’ee waliigala godaansaa yookiin waa’ee bobba’insa hojii, waa’ee carraa hojii biyya alaa, tajaajila deggersaa yookiin haala walharkaa fuudhiinsa godaantoota deggaruuf waan ta’eef, karaa fedhenuu miseensi mana hojichaa fedhii maamila tajaajila argachuuf dhufuu daangessuu hinqabu.

Gaaffiin gadheen ykn dadhabaan akkahinjirre hubadhu! Maamiltooti gara Giddugala odeeffannoo Godaantotaa dhufan akka carraa tasuma waa’ee godaansa kan hinbeeknee fi seera isaas hanga hojjettoonni dhabbatichaa beekan kan hinbeekne ta’uu danda’u. Kanaafuu, gaaffichi deddeebi’ee kan deebiee yoo ta’e illee, obsaan dhaggeeffachuun bu’a qabeessa dha.

Namooti gosa adda addaa gara Giddugala Odeeffannoo godaantoota dhufan jiraachuu malu. Kanneen keessas:

- Saaxilamtota godaansaa bobba’insa hojii barbaachaa (warra godaanuuf yaadaa jiranuu fi warra godaanuuf murteessan);
- Hojjetoota godaansaa deebi’an;
- Maatii, hiriyaa fi miseensota maatii godaantotaa;
- Qaama hawaasaa, gandaa fi anga’oota gandaa dabalatee;
- Barsiisota;
- Barattoota;
- Qaamolee dhaabbilee hawaasa siiviikii;
- Gaggeesitoota waldaalee hojjettootaa;
- Anga’oota mootummaa;
- Hojjettoota ejensiiwwan bobba’insa hojii.

Tokkoon tokkoon fedhii maamilaa adda baasuun beekuu fi deebisuu:

- Maamilli kun qondaala gandaatii? Odeeffannoo jiraattota gandaaf dabarsuuf barbaada? Yoo ta’ee, koopii paanpileetotaa baayee kenniifii akka rabsu qajeelchiin.
- Maamilii kun saaxilamaa godaansaati? Yoo ta’ee dhugaa waa’ee bobba’ins hoji biyya alaa jiru itti himi. Lachuu gama gaarii isaas gama yaraa isaa isaas itti himi. Isa booda godaansi sirii dha yookin immoo haala kamiin akka deemuu qaban odeeffannoo irratti hundaa’anii nimurteeffatu.
- Yoo maamilli godaanuuf murteeffate, haala inni itti karaa ofeegganoo qabuu fi idilawaa ta’een akka godaanuu qabu, haala adeemsa godaansaa keessattii fi biyya gahanittis mirga

isaa akkamitti akka kabachiifachuu yookiin eeggachuu qabu itti himuu. Kutaan 4ffaan maanuwaalii kanaa yeroo baayee deddeebi'amee kan gaafatamu dha. Waa'ee odeeffannoo bobba'insa hojii biyya alaa baayyinaan kan qabate dha. Yoo maamiltootaf hojiin garii fi dhugaan dhiyaateef akka isaan waa'ee hojjechiisaa isaanii gaafatanuuf ofegganoo irratti gaaffii akka baayyinaan gaafatanu jajjabeessi. Dabalataanis, ulaagaaleen bobba'insa hojii biyya alaa inni xiqqaan maal akka ta'e, haala itti karaa seera qabeessa yookiin idilawaan deemamu, teessoo ejensii seera qabeessa hojii biyya alaatti walquunnamsiisuuf galmaa'ee itti himuu.

Yeroo tokko tokkoo, baayyina hojiitin kan ka'ee, maamiltoonni gara Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa dhufan dabaree eeggachuuf turuu danda'u. Kanaafuu teessoon gahaan, bishaan dhugaatii, barreeffamooti adda addaa waa'ee bobba'insa hojii biyya alaa dubbatan kan dubbiffaman haala gahaan jiraachuu isa mirkaneeffachuu dha. Gabateewwan odeeffannoo waa'ee Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa fi tajaajilan walqbatani bakka aara galfii maamilootaatti fannifamuu isaa mirkaneeffachuu. Wantooti iddoo aara galffii maamilaatti maxxanfaman odeefannoo armaan gadii qabaachuu qabu.

- Iddoo hojii/gita/hojii banaa dhiyootti mirkanaa'anii ejeensiwan seera qabeesssa eeyyema qabaniin (biyya keessaa fi alaaf) ibsamaa jiran;
- Bobbii hojii biyya alaaf tarreeffama dookimantiiwwan barbaachisanii;
- Liistii/tarreeffama maqaa/ejensiwwan eeyyama qabaatanii naannoo sanatti hojjetanuu;
- Tarreeffama dhaabbilee godaansa irratti hojetanu gahee hojii isaanii wajjin;
- Ofegganoo gidiraawwan yeroo qacarrii keessatti godhamuu danda'anuu';
- Mirgoota hojjetoota biyya alaattis ta'ee biyya keessatti;
- Leenjiiwwan dandeettii fi ogummaa jiranu;
- Barbaachisummaa bajataa fi qabiinsa maallaqaa;
- Kallattiiagarsiiftuu yaa'iinsa hojii adeemsa godaansaa agarsiisan.

Iddoon turtii yookiin aara galfii maamiltootaa yeroo hunda qulqulluu, hawwataa fi kan nama hincinqine ta'uu qaba. Yoo battala sanatti nama addatti maamila kanaaf tajaajila kennu hinjirre akka baarcuma qabatee taa'uu itti himi. Naminni sunis maaliif amma akka hinjirree fi hagam akka isa eeguu danda'us itti himi. Kun baayee turuuf akka hinsodaannee fi abdi hinkutan isa gargaara waan ta'eef.

Namooti kanaan dura maatiin isaanii gara biyya alaatti jalaa godaanan gara Giddugala Odeeffannoo Godaantoota dhufuu danda'u. Kanneen keessaas waa'ee maatii isaanii biyya alaatti hojjetaa jiranuu dhiphachuu danda'u. Nama miira keessa galee sitti dubbatu kamiinuu tasgabbeessuuf yaali. Tasgabbii fi obsaan itti dubbachuu, teessoo fi bishaan dhugaatii afeeruu, haga inni ofgadhiisee hojjetootatti haasa'uu danda'utti gargaaruu.

## 2.2. Maamiloota Galmeessuu

Maamiltoota galmeessuun baayee faayida qabeessa. Giddugalli Odeeffannoo Godaantotaa tajaajila akkamii fi eenyuuf tajaajila akka kennan galmeessanii qabachuun dirqama dha. Eenyu akka Giddugala Odeeffannoo Godaantootaatti fayyadame galmeessuu fi attamitti akka gargaaraman galmeessuun; barbaachisummaa giddugaleessichaa beekuuf, fedhii godaantoota beekuun imaamata baaftoti naanoo kam irratti xiyyeeffachuu akka qaban hubachiisuu fi keessaa iyyuu taajaajila giddugaleesichaaf kenname fooyeessuuf walii galaanis tajaajila godaantotaaf kennamu fooyyessuuf gargaara. Dabalataanis, galmee ragaalee qabachuun barnoota irraa argame qabachuuf, muuxannoo argamee fi rakkoo quunname beekuun iddoo biratti itti fayyadamuuf gargaara.

Hojjettoonni Giddugala Odeffannoo Godaantoota yeroo hunda galmeewwan ragaa ilaaluun Giddugalli Odeeffannoo Godaantoota kun galama isaa akka gahaa jiru mirkaneeffachuu qabu. Maamiltoonni kaardii maamilaa yookiin galmee addaa qophaa'ee irratti galmaa'uu nidanda'u. Guca salphaa maamila kamiifuu guutuun danda'amu dha (duuka deemtuu 2 ilaali).Hojjetaa sana booda ragicha gara koompiteraa yookiin sooftii weerii isaaf qophaa'etti galchuun haala salphaan xiinxalamuu danda'a.

Guyyaa jalqabaa galmeessa maqaa maamilan eegali. Galmee kanas kaardii maamilaa waliin walitti qabsiisuun yeroo barbaadamettis si'a tokkon arguun nidanda'ama. Yoo maamilli waa'een isaa icciitiin akka qabamu yookiin maqaan isaas akka hingalmoofne barbaade yaadachuun siirraa eegama. Yoo isaan maqaan isanii akka hindhahamnee kan barbaadan ta'an dursa itti himuun nibarbaachisa. Yookiin maqaa moggoo fayyadamuun galmee guutuun nidanda'ama.

## 2.3. Waa'ee Godaantotaa Odeeffannoo Tamsaasuu

**Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa beeksisuu**

Dhimmamtooti kallattiin jiraachuu Giddugala Odeeffannoo godaantootaa fi odeeffannoo fi tajaajila barbaachisa akka isaaniif kennu beekuu qabu. Iddoo giddugalichi jiruu fi tajaajila akkamiis akka kennu beekuunis baayyee barbaachisaa dha.Karaa biraatin, hojjetoonni Giddugala Odeeffannoo Godaantoota naanoo jireenya isaaniitti waa'ee Giddugala Odeeffanoo Godaantotaa beeksisuu fi falmuufii qabu.Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa beeksiisuuf kallattiiwwan adda addaatu jira. Kanneen salphaa ta'anis:

- Giddugallii Odeeffannoo Godaantotaa mallattoon isaa sirritti ka'amuu fi namoon haala salphaan yeroo karaa darban arguu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu
- Waa'ee tajaajila Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa beeksisuuf walgahii ummataatti fayyadamuu

- Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa beksisuuf, poosteroota, miinii–midiyaa manneen barnootaa, haasaa afaaniin, biroosherootaan, raadiyoo fi TVn, baanerootaan, maloota argaman kamiinuu fayyadamuun Giddugalii Odeeffannoo Godaantoota tajaajila isaaniif kennuuf akka qophaa'ee beksisuu.
- Hasaan afaanii Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa beeksiisuuf baayyee gaarii ta'uun isaa hubatameera. Guyyaa tajaajila gaarii itti argatte yookiin nyaata gaarii itti nyaatte niyaadattaa? Waa'ee isaa namootatti nihimtaa? Akka tajaajilaman nigorsita? Hojjettoonni Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa waanti hubachuu qaban gochi afaanii giddugala odeeffannoo godaantotaa beeksiisuuf idoo guddaa akka qabuu fi gatii tokko illee akka isaan hinkaffalchiisne beekuu qabu. Maqaa gaarii gabbiffachuuf maamiltoonnis akka itti tajaajilaman gochuuf tajaajila gaarii kennuu qabu.
- Namoota jijjiiramaa beksisuun baayyee barbachisaa dha. Nammooti jijjiiramaa namoota naannoo isaanii irratti dafanii jijjirama fiduu danda'ani dha. Isaan kun jijjiirama hawaasaaf warra adda duree ta'anii fi yaada jijjiiramas warra qabani dha. Haala qabatamaa keenyaan jijjiirama kan fidan namoota beekamoo warren akka abbootii amantaa, maanguddoota beekamoo, garee dargaggootaa, yookiin qaamoolee hawaasaa fa'a.
- Hojjettoonni Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa saaphana daddabarsaa fi maloota idilawaa fi al-idilawaa daddabarsa odeeffannoo adda addaa fayyadamuun odeeffannoo tamsaasuun hawaasa gandaa bira gahuu nidanda'u. Maqaa namootaa yookiin dhaabbilee naanoo Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa jiran galma fi duudhaa walfakaataa qaban adda baafachuun galmeessuun idilleen yookiin walgahii idilleen yookiin barreffama adda addaa kennuunif walqunnamuu. Namoota tajaajila biyya alaatti godaantootaf kennanis adda baafachuun quunnamtii uumuu.

**Waa'ee godaansaa Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa keessatti dubbachuu**

Giddu Gala Odeeffannoo Godaantotaaf odeeffannoo waa'ee godaansa hojii kennuun hojii isaa isa guddaa dha. Namoota tokko tokkoof yeroo jalqaba kan dhufaan yookiin immoo namoota baayyeef al tokkotii yeroo leenjii fudhatan tamsaasuu dandeessa.Tamsaasi odeeffannoo mala baayyeen ta'uu danda'a. Namoonni tokko tokko achuma Giddugala Odeeffannoo Godaantoota gahanii asi fi achi ilaaluu, yookiin immoo waa'ee bobba'insa hojii biyya alaa bal'inaan gaafachuu fi mari'achuu barbaadu ta'a. Kaan isaanii immoo odeeffannoo fudhatanii ganda isaanii keessatti tamsaasuu barbaadu ta'a.

Karaan tamsaasa odeeffannoo heddduun nijira. Karaan tokkichi kana qofatu sirrii dha jedhamu hinjiru! Eenyummaan kee achi keessatti akka ifu godhi, garuu immoo tajaajila Giddugala Odeeffannoo Godaantootaatti xiyyeeffadhuu, wanti dubbatu dhugaa ta'uu isaa mirkaneeffadhu. Kutaan 4ffaan waa'ee gaaffilee deddeebi'anii ka'anii ,maddoota ragaa dabalataa duuka deemtuu kanatti hidhamanii jiran , gaaffiiwwan hedduu mudachuu danda'an deebisuuf gargaara.

Maamiltoonni gara Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa dhufan odeeefannoo argatan akka amanan yaadadhu, kanaafuu itigaafatamummaa qabda. Hundaa ol immoo yoo deebii waan gaafatamtuu

hinbeekne fuula ofbeeksiisuuf jecha tilmaamaan hindeebisin. Akka hinbeekne amaniitii miseensa hojjetaa kaan wajjinn irratti mari'adhu, maddoota ragaalee adda adda ilaaluu, barruulee odeeffannoo ilaaluu, yookiin immoo ogeessa bobba'insa hojii biyya alaa Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa gaafadhu.

Lakkofsa bilbilaa maamilichaa fudhachuun deebii isaa bilbiluufii yookiin immoo deebiin battalatti kan hinargamnen yoo ta'e deebi'ee akka dhufu beellama kennufii. Nami kamu deebii waan hundaa hinbeekuu wan ta'eef, akka deebii isaa hinbeekne ibsuu keetti fi nama naannoo keetii gaafachuu keetif akka nama homaa hinbeekneetti hinqaana'in. Namni gara Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa dhufu kamu waan ta'e argatee akka bahu mirkaneeffachuu, yoo xiqqaate paampileetii waa'ee godaansa seera qabeessaa fudhatee akka bahuu fi namni gara giddugala Odeeffannoo Godaantotaa dhufe kamu kan harka duwwaa hinbaane ta'uu isaa qajeeltoo taasifachuu.

Karoora walgahii maamilaa wajjin yoo qabaatte yeroon isaa kabajamuu qaba. Galmee giddugala Odeeffannoo Godaantotaa irratti galmeessuun waraqaa xiqqaa irratti guyyaa fi yeroo isaa barreessuun kennuufiin barbaachisa dha. Kun maamiltoota deddeebi'anuufis ta'ee, maamiltoota gara biraatti tajaajila biraaf dabarfamanuufs muuxannoo gaarii dha.

Odeeffannoon qabatamaan baayee murteessaa dha. Kanaafuu, maamiltoonni, saaxilamtooti godaansaa fi gaggeessitooti jijjiiramaa odeeffannoo waa'ee godaansaa irratti hinburjaaja'an. Qulqullina Tjaajila Giddugala Odeeffanoo Godaantoota irrattis amantaa qabaatu. Yaadi dhugaan namni hundi iddoo sana jiraatu dubbatu, karaa dhugaa ta'een nama hunda bira gaha, keessumaayyuu ergaawwan ijoon haalli itti ibsamu kutaa maanuwaalii kana itti aanuu keessatti ibsama.

Odeeffannoon Giddugala Odeeffannoo Godaantootaattin kenname sirrii ta'uu isaa mirkaneeffadhu. Gorsa kallattii maamila yookiin godaantota hojiif kennamu kamuu yaada hindanda'amuu ta'uu hinqabu. Odeeffanoo fudhatama qabuu fi gorsa kee fudhacuu isaaf galateeffadhu. Fakkeenyaaf, imala idalawaan deemuun carraan ati kaffaltii humnaa irratti dogoggortu baayyee xiqqeessa.

## *2.4. Ergaawwaan ijoo/qulffii*

Maamiloonni gara giddugaleessaa dhufan hundi ergaawwan ijoo hubachuu isaanii mirkaneeffachuun murteessaa dha. Ergaan ijoo fi barbaachisaan Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa gama lamman gaarii fi yaraa godaansi sababa hojii qabu ibsuu dha. Ergaan ijoion kan biraan imalli idilawaan yookiin seera qabeessii hunda caalaa filatamaa ta'uu isaati.

Ergaawwan ijoo keessaa haala qabatamaa keetiin kan irra caalaa fayyadu filachuu ykn ergaawwan kan biraa irra caalaa hawaasaf barbaachisaa ta'an dabaluu yookiin kan mataa keetii dabaluu. Ergaawwan ijoon Giddugala Odeeffannoo Godaantotaaaf fayyadan akka armaan gadiiti gabaabbatanii dhiyaataniiru:

**a. Kana hubadhu**

- ITTI YAADI: Yeroo hojiif biyya alaa baatu qarshii gaarii argachuu dandeessa garuu immoo akkuma sana rakkoon simudachuu danda'a.
- ITTI YAADI: Yeroo tokko tokko sa'aa hojii dheeraan simudachuu danda'a.
- ITTI YAADI: Maatii kee dhabuu fi bakka aadaa fi afaan hinbeeknetti kophummaan sitti dhaga'amuu danda'a.
- ITTI YAADI: Biyya deemanitt hojjettoonni tokko tokko haalli rakkisaan jara mudachuu fi haalli hojii fi iddoon hojii mijataan kanhintaaneef jiraachuu malu.
- ITTI YAADI: Muuxannoo namoota kaanii gaafadhu. (deemuuf murteessuu dura haga danda'ametti namoota baayyee wajjin dubbadhu)
- ITTI YAADI: Mindaa gaarii argattu illee biyya deemtutti jireenyaaf qarshii guddaa baafta. Qarshii guddaa qusachuu hindandeessuu.
- ITTI YAADI: Biyya gadidhiisanii bahuun dura haala hojii fi seera hojjetaa fi hojjechiisa biyya sana irratti odeeffannoo akka argatan gochuu.

**b. Faayidaa imalli idilaawaan qabu**

- BEEKI: Imaltooti hundi mirga qabu
- BEEKI: Imaltoonni seera qabeessi yookiin idilawaan eegumsa seeraa qabu
- BEEKI: Imaltoonni seera qabeessi yookiin idilawaanodeeffannoo waa'ee godaansaa murteessuuf niqabu.
- BEEKI: Godaansi /imalli seera qabeessii haga isa ali-dilawaa baasiin isaa guddaa miti.

**c. Ulaagaalee godaansa karaa idilawaa ta'ee**

- BEEKI: Bobba'insa hojii biyya alaafumuriin xiqqaan waggaa 18
- BEEKI: Bobba'insa hojii biyya alaaf barnoota kutaa 8ffaa xumuruun barbaachisaa dha.
- BEEKI: Akka Labsiin bobba'insa hojii biyya alaa lakk. 923/2008 (keewwati 7) cimsee akka ibsutti nami bobbii hojii biyya alaaf bahuu tokko hojii deemee hojjetuuf raga ogummaa fi dandeetti madaallii gahumsa ogummaa qaama gahumsa madaalu irraa fudhate qabaachuu qaba.
- BEEKI: Leenjii imala duraa fi ibsa bobba'insa hojii duraa qabaachuun dirqama dha.
- BEEKI: Biyya itoophiyaan waliigaltee garlamee hinmallateessin hojiif deemuun hindanda'amu.

**d. Baasii qacarrii fi qabatamaa isaa**

- IBSIIF: Hojjechiisaan biyya gahumsaa jiru baasiiwwan uwwisuu qabu; baasii viizaa biyya gahumsaa seenuu, baasii geejibaa dhaqaa fi galaa, baasii eeyyama hojii, baasii eeyyama jireenyaa, baasii uwwisa inshuransii, baasii viizaan walqabatu fi baasii mirkaneessaa ragaalee adda addaa eembaasiif kaffalamu fi baasii waliigalteee mirkaneessaa hojii ti.
- IBSIIF: Baasiiwwan hojetaa hojiif biyya alaatti bobba'uun baasiiwwan uwwifamu; baasii paasportii fudhachuuf bahu, baasii waliigaltee hojii mirkaneessuuf bahu fi baasii qorannoo fayyaa, baasii talaallii, baasii raga dhalootaa fi baasii ragaa ogummaati.

- IBSIIF: Yoo hojjetaan sabaaba dhuunfaa isaa hintaneen edda baasii baasee booda ejensiin otoo hojiitti hinbobbaasiniin hafe, ejensichii baasii hojjetichi baase hunda nikaffalaaf.
- IBSIIF: Hojjetichi sababa quubsaa hinta'iniin edda waliigalteen hojii fi wantooti barbaachisoon hundi xumaramee booda yoo hojiitti hinbobba'in hojjechiisaan baasii baasee hunda hojjetaan akka bakka buusuuf gaafachuu nidanda'a.

**e. Godaansa seera qabeessa /Imala idilawaa**

- Ragaalee barbaachisoo qabaachuun imalaa idilawaa kan imalu ta'i
- Karaa daangaa ce'umsaa seera qabeessa fi sakata'aimmigraashinii keessa darbuun fayyadamuun imalaa seera qabeesaa/idilawaan kan imalu ta'i

**f. Dhimmoota akka tasaa uumamaniif qophaa'oo ta'i**

- DUBBADHU: Quunnamtii sideggeruu danda'uu ijaaradhu.
- DUBBADHU: Tajaajila deggersa biyya keessatti ta'ee alatti sideggeru hubadhu.
- DUBBADHU: Karoora quunnamtii dhuunfaa qabaadhu.
- DUBBADHU: Ragaaleen kee barbaachisaa waan ta'aniif iddoo gaarii keewwadhu.

**g. Ejensoota bobbii hojii ofeeggannoon filachuu**

- RAAWWADHU: Ejeensoota eeyyama qaban filadhu.
- RAAWWADHU: Ejensoota amanamoo fayyadami.
- MIRKANEEFFADHU: Ejensiin dhuunfaa hojii fi hojjetaaa walquunnamsiisan eeyyama kan qaban ta'uu mirkaneeffadhu.

**h. Waliigaltee hojii kee hubadhu.,**

- BEEKI: Waliigaltee hojii mallatteessuu fi kooppii isaa afaan hubachuu dandeessuun qabaachuu.
- BEEKI: Dirqamoota waliigaltee hubachuu
- BEEKI: Safartuu waliigaltee hojii inni xiqqaan nijira.

**i. Godaansa irraa fayyadamuuf qarshii kee sirriitti qabadhu.**

- HERREGI: Baasii godaansaa beeki
- HERREGI: Bajata ramadi
- HERREGI: Karoorabdeggersa maatiif ergamuu fi qusannoof karoorsi

**j. Biyyatti deebi'uuf Qophaa'uu**

- KAROORA: Yeroo biyyatti deebitu haala tajaajila deggersaa hubannoo qabaadhu.
- KAROORA: Dandeettii kee haaraa yeroo biyyatti deebitu fayyadamuu
- KAROORA: Yeroo biyyatti debitu maal hojjechuu akka qabdu galama qabaadu, galmicha bira gahuufs hojjedhu.

Ergaawwan labsii bobba’insa hojii biyya alaa lakk. 923/2008 (keessa ta’an ilaaluun gabatee 2.2, fi 2.3 ilaaluun, qaajelfama, duuka deemtuu 1) akkasumas safartuu standaardii addunyaa fi kanneen biro ilaaluu fi xiinxxaluu dha.

**Saanduqa 2.2 labsii bobbii hojii biyya alaa 923/2008**

**KUTAA 4: TAJAAJILA BOBBII HOJII KARAA EJENSIIN GODHAMU**
**…**
**KUTAA 3: TAJAAJILA BOBBII HOJII**

**Beeksisa bobbii hojii biyya alaaf godhamu (Keewwata 35)**

1. Ejensiin kam iyyuu beeksiisa iddoo hojii duwwaa biyya alaa baasuun dura akka barbaachisummaa isaatti ministeeraa fi yookiin qaama aangoo qabu kanbiraf dhiyeessee galmeessuun mirkaneessuu qaba.
2. Beeksisi iddoo hojii duwwaa mala walquunnamtii kamiinuu yeroo bahuu kanneen armaan gadii ofkeessatti qabachuu qaba.
   a) Maqaa ejensichaa, teessoo isaa, lakkoofsa eeyyemaa ministeerichaan kennameef, biyya itti hojjetaa erguuf eeyyeamameef;
   b) Gita hojii banaa argamee fi baayyina isaa, hanga mindaa, dandeettii barbaachisaa, hanga turtii qacarrii hojichaa, biyya itti hojichi argame, iddoo addaa fi kanneen biroo
   c) Ibsa waa'ee tajaajila kennuuf kaffaltii kamiin illee hojjetaakan hinkaffalchiisne ta'uu isaa ibsuu.

**Fo'annaa hojjetootaa (Keewwata 36)**

1. Ejensiin kam iyyuu hojjetaa kan fo'achuu danda'u waajjira banate keessatti qofa.
2. Kan keewwata tokko jalatti tumamame akkuma jirutti ta'ee, fo'annoon hojjettoota gaggeeffamu kan hojjettoota baayyee barbaaadu yoo ta'e, iddoo fo'annaan yeroo itti gaggeeffamu ministeerichi ykn qaamni aangoo qabu eeyyama kennuu nidanda'a. Haalli raawwatiinsa isaa qajeelfama ministeerichi baasuun kan raawwatu ta'a.

**Waliigaltee hojii mirkaneessuu (Keewwata 37)**

1. Ejensiin kami iyyu, qabiyyee waliigaltee hojii moodala ta'e, kan minsteerichaan qophaa'ee irratti hundaa'uun, waliigaltee hojjetaan, hojjechiisaa fi ejeensiin irratti mallatteessani fi ulaagaalee kanneen biroo ministeerichi baasu guutuun akka mirkanaa'uuf ministeerichaaf dhiyeessuu qabu.
2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti waliigalteen hojii xuqame mallattoon hojjechiisaa fi ragaaleen barbaachisoon kan biroo sirrii ta'uun isaanii misi'ona Itoophiyaa fi Ministeera Hajaa Alaa Itoophiiyaan mirkanaa'uu qaba.
3. Ministeerichi haalonni keewwata xiqqaa (1) fi (2) jalatti keewwaman guutamuu isaa edda mirkaneeffatee booda haala qajeelfamaan guyyaa taa'ee keesssatti mirkaneessuun nigalmeessa.

**Hojjetaa hojiitti bobbaasuu fi beeksisuu (Keewwata38)**

Ejensiin kam iyyuu:

1. Waliigalteen hojii edda mirkaanee ji'a tokko keessatti hojiitti bobbaasuu qaba.
2. Hojjetaa gara biyya alaatti hojiif erge biyya erge keessa imbaasi Itoophiyaa yookiin qontsilaa Itoophiyaatti guyyaa 15 gidduutti beeksisuun galmeessisuu, eeyyama jireenyaa fi eeyyama hojii argachuu isaa mirkaneeffachuu fi ragaa kanaa wajjin walqabatu guutee ministeerichaaf dhiyeessuu qaba.

**Waliigaltee hojii Haquu (Keewwata 39)**

Waliigalteen eddee mirkaanaa'ee ji'a tokko keessatti ejensichi hojjetoota gara hojiitti yoo bobbaasuu dadhabe sababa isaa wajjin akka waliigaltechi haqamuuf ministeerichaaf dhiyeessuu qaba.

## 2.5. Gorsa hojii

Tajaajilli gorsaa Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa keessatti kennamu, fedhii maamila giddugaleessa godhate irratti hundaa'a. Kana jechuun wanti ta'u hundi yookiin odeeffannoon maamilaaf kennamu hundi gaaffi maamilaa irratti hunda'a. Odeeffannoon waa'ee maamila tokkoo nama biraaf dabarsamee kan ibsamu yoo maamilli sun barreeffamaan fedhii isaa ibse qofa dha. Tajaajilli baayyee murteessaan maamila dhaggeeffachuu dha Hojjeettoonni Giddugala Odeeffannoo Godaantoota haga danda'ametti deggersa barbaachisaa maamilli galma isaa bira itti gahu kennuu dha. Barruun 2 ffaan duuka deemtuun 1ffaan odeeffannoo waa'ee waliigala gorsaa niibsa; kana keessatti kan ilaallu hojjeettoonni Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa maal saaxilamtoota godaansaa fi deebitoota godaansaa maal akka gorsan ilaalla. (Odeeffannoo fi adeemsa gorsaa hordofamuu qabu) (yeroo leenjii imala duraa, fi deggersa deebisanii dhaabuu kutaa 2.7 fi 2.8 asii gadi ilaali).

**Saaxilamtoota godaansaa**

Yeroo baayyee, Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa kan dhufanu godaantota bobba'insa hojiis ta'e, ejensiiwwan bobba'insa hojii biyya alaa walquunnamsiisan waa'ee carraa hojii biyya alaa beekuu dhiisuu danda'u. Haala kanaan hojjettoonni Giddugala Odeeffannoo Godaantoota beekumsa isaan hojii biyya alaa irratti qaban sakatta'uun akka isaan hubannoo bobba'insa hojii biyya alaa argatan gargaaruu dha. Hojjeettoon tartiiba armaan gadii hordofuun godaantota gorsuu danda'uu qabu.

a. **Galmee**

- Odeeffannoo bu'uraa (maqa, umuri, teessoo, barnoota, ogummaa barbaachisaafimuuxannoo hojii kanaan duraa).
- Galmmeessuu booda, waa'ee bobba'insa hojii biyya alaa itti haasa'uun ammam yaadi isaa gara bobba'insa hojii biyya alaatti akka duufee jiru mirkaneeffachuu. Isa booda odeeffannoo kennuufiin gargaaruun akka hojii biyya alaaf bobba'auu yookiin biyya keessa turuuf murteeffatan gargaaaruu
- Dhimmoota armaan gadii kaasiifiti akka inni bu'aa isaa yaadu ilaali. Osoo bobba'insa hojii biyya alaaf godaanuu hinmurteessin dura.
  - Sababa godaansaf sikaase hubadhu galmakee bira gahuu, Kan akka maallaqaa fi haala jireenyaa.
  - Karoora baajataa qabaachuu fi tilmaama hagam akka argachuu dandeessuu ykn hagam akka qusattu beekuu.
  - Namoota wajjin yaada godaansaa kee haala ifa ta'een mari'adhu. Firummaan isaanii maalu siif hata'anuuti.

    - Waa’ee gaarii fi yaraa godaansa hojiif biyya alaatti godhamuu yaadi.
- Murtee maamilaf torbee tokko keenniif, dhimmicha irratti torbee tokko booda irratti mari’adhu.

**b. Calaluu fi sakatta’uu**

- Altokko hojjetaan bobba’insa hojii biyya alaaf eddee murteessee booda, ulaagalee barbaachisoo bobba’insa hojii biyya alaa labsiilakk. 923/2008 keessatti taa’ee guutuu isaanii mirkaneeffachuuf haala murteessummaa isaanii irratti hundaa’uun walgahii yeroo yerootti jaraa wajjin gaggeessuu dha. Hojjetaan ulaagaalee armaan gadii guutuu isaanii mirkaneeffachuu:
    - Yoo xiqqaate umurii waggaa 18
    - Barnoota kutaa 8ffaa xumuruu
    - Hojii irratti bobba’uuf raga madaallii gahumsa ogummaa giddugala madaallii gahumsa ogummaa irraa fudhachuu isaa mirkaneeffachuu

**c. Adda baasuu**

- Eddee hojetaan ulaagaalee barbaachisoo guute, cimina isaanii fi dadhabina isaanii, akkasumas dandeettii, gahumsa, fi kaka’umsa cheekliistii ofiin ofmadaaluu fayyadamuun adda baasuu. Ragaalee gahumsa isaanii ibsu qindeessuu fi adda baasuun yookiin idoo leenjiin gahumsaa itti xumuramutti hojiii barbaadicha buufata leenjii teekniikaa fi ogummaatti erguu.

**d. Murtoo**

- Qophaa’ummaa hojjeetaa adda baasi, godaansa maaliif akka filatan sakata’uu fi gargaarsaa fi odeeffannoo barbaachisaa kennuufii dha. Dabalataans, yoo barbaachisaa dha ta’e, haala ejensiiwwan adda addaa fi filannoowwan godaansaa adda addaa odeeffannoo addaa fi gorsa kennuu, haala ulaagaa qaxarrii irraatti muuxannoo jiruu fi gahee fi ittigaafatamummaa ejensiiwwan adda addaa adeemsa qaxarrii keessatti qaban odeeffannoo kennuu.
- Dabalataanis, maqaawwan ejensiiwwan seera qabeesa ta’anii galma’anii naannoo sanatti hojjetanuu ibsuufii dha. Odeeffannoon kennamuufii qabu kan dabalatu,kutaa qophaa’ummaa afaanii, hawaasummaa, naannoo ogummaa biyya simatuu, fi haala waliigaltee qaxarrii kaampaanii wajjin haala mijeessuu itti fufuun filannoo hojjetootaa dorgommiin,calallii fi gaaffii qomaa fayyadamuun dhumaaf adda baasuu.

**e. Biyya alaa (biyya gahumsaa) deemuuf qophaa’uu**

- Godaantota akka leenjii afaanii fi leenjii ogummaa hordofan gochuu dirqamas taasisuu. Kunis kan dabalatu, leenjii imala duraa, (odeeffanoo biyya ga’umsaa dabaluun, aadaa biyya gahumsaa, haala qabiinsa dookmentoota barbaachisoo, mirgaa fi dirqama hojjettootaa, odeeffanoo waa’ee viizaa, waa’ee qorannoo fayyaa fi kkf.) akka leenji’an gochuu. Odeeffannoo haala hojii fi haala jireenya hawaasummaa biyya gahumsaa sadarkaa isaa bifa eeggatee fi barbaachisaa ta’een kennuu. Kun qajeelfamaa,barsiifataa fi aadaa biyya sanatti akka haalaan madaqanuf godaantotaaf baayyee gargaara.

- Odeefffannoo birooshara dhaabbata idila addunyaa ILO fi dhaabbilee kan biroo godaansa irrattti hojjetan fayyadamuun yookiin Ministeera Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaawajjin ta'uun qopheessuu. Ejensiiwwan bobba'insa hojii biyya alaas biroosharaan odeeffannoo tamsaasuu danda'utu irra jiraata. Odeeffannoo yeroon itti darbee tamsaasuu irraa baayyee ofqusachuu, yeroo hunda maddoota odeefannoo qabatamaa kanneen ta'aniinn mari'achuun biroosheroota haaromsaa demuun murteessaa dha. Odeeffannoon kun namaaota yeroo jalqabaa deemuuf dhiyaataniif murteessaa dha. Waliigalteen istandaardii yookiin sadrkaa isaa eeggate biyya deemaniitti waliigaltee ittiin bulan ta'a. Hoajjeettoonni Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa dhimma kana irratti gahee mirgaafi dirqama achi keessa taa'ee sirriitti hubachuu isaa mirkaneeffachuu qabu. (Saanduqa 2.3 f2.4) ilaali
- Odeeffannoo Godaantootaa dhimma kana irratti gahee mirgaafi dirqama achi keessa taa'ee sirriitti hubachuu isaa (saanduqa 2.3 f2.4) ilaali

**Saanduqa 2.3. Waliigaltee qacarrii**

Haalli hojii hojjettootaa, kan ittiin hoogganamu, labsiiwwan hojii biyya hojiif deemaniin hogganama. Kanaafuu istaandaardiin waliigaltee hojii gosti tokkichi hinjiru. Waliigalteen hojii hojeetan sirriitti hubachuu danda'u ta'ee dhimmoota kanneen armaan gadii ofkeessatti qabaachuu qaba:

- Eeenyummaa qaama waliigaltee lammanii; hojjechiisaa fi hojjetaa; wa;ee odeeffannoo lamman isaanii
- Faayidaa waliigaltechaa
- Hojjetichi maal akka hojjetu
- Guyyaa hojii fi ayyaanota
- Kaffaltii hojjetaa fi haala shallaggii jijjirraa maallaqa ittiin kaffalamu, haala fi yeroo kaffalttii yeroo hojii hojjetamee fi hojii yeroo boqonnaa hojjetamee fi hojii halkanii, ykn hojii haala addaa keessatti hojjetame ykn faayidaalee adda addaa
- Kaffalttii boqonnaa guyyaa ayaanaa, kaffaltii boqonnaa waggaa, kaffalttii biraa fi beenyaa fuula duratti seeraan tilmaamamu
- Kaffalttii baasiiwwan imala biyyaa gara biyya hojjiif deemamuu
- Kaaffalttii fe'isa haala hojii wajjin walqabatu.
- Inshuraansii fayyaa (turtii, eenyu akka kaffalu,fidaangaa biyya kamii irratti akka kaffalamu )
- Inshuraansii balaa, beenyaa midhaa fi midhaa sammuu sababa miidhaa hojii irraan dhufe, geejiba nama miidhamee ykn du'ee gara biyya dhalootatti geejibsiisuuf
- Haala dureewwan waliigaltee xumuruuf baasiiwwan barbaachisan

Labsiin lakk. 923/2008 akka ibsutti "Ministeerri Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa qajeelfama haala hojii bobbii hojii biyya alaa fi tajaajila hawaasummaa fi keewwata 17 jalattii moodala waliigaltee hojii keessatti dhimmooti armaan gadiii ibsamuu qaba jedha.

**a.** Sa'a hojii idilawaa haala sirrii ta'een, kaffalttii hojii sa'a hojii idilawaa fi kaffalttii sa'a hojii idilleen alaa, kafaltii sirrii kaffalttii ka'umsaa waliigaltee garlamee keessatti tuqame, ykn kaffalttii ka'umsa waliigaltee addunyaa keesatti tuqameef qaamonni laman mallatteessanii fi lachuu mirkaneessan keessaa isa gudda kan ta'e

**b.** Boqonnaa waggaa, boqonnaa torbanii fi boqonnaa biroo walfakaatan

**c.** Gara hojiitti kan ittiin dhaqamuu fi galamu geejiba bilisaa fi ykn kaffalttii walsimatu

**d.** Yaala bilisaa, nyaata bakka jireenyaa fi ykn kaffalttii isaan walgitu.

**e.** Uwisa inshuraansii qaamaa fi lubbuu

**f.** Waliigalteen hojii akka diigamuu yookiin addaan citu sabaaboota taasisanu

**Saanduqa 2.4. Waliigaltee hojii qulqulleeffachuu**

Hojjetoonni Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa waliigaltee hojii sirriitti ilaaluun rakkoo hojjetoota hojiif bobba'anuu xiqqeessuun irraa eegama. Gidiraan hojjetoota irratti yeroo baayyee raawwatamu:




Biyyoonni gahumsaa dhabbilee hojjii irra oolmaa seerota qunnamtii hojii ilaalatan hordofan niqabu. Hojjetoonni kana beekuun yoo rakkoon adda addaa irra gahe dhaabbilee kanatti iyyachuu qabu.

*Madda: ILO.*

**Deebitoota godaansaa**

Hojjettooti Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa, deebitoota godaansaaa deebian diinagdee fi hawaasummaan deebisanii dhabuuf gahee guddaa qabu. Haala gaariin akka gabaa humna namaan walquunnaman fi akka deebi'anii hingodaanne nitaasisu. Akka isaan tajaajila gorsa Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa keessatti argatan yookiin gara gorsa addaatti dabarsuu, leenjii akka

argatanuu fi haala addaatin immoo kanneen qaamaa fi xiinsammuun isaanii sababa gidiraa adda addaan midhaman gara gorsiitoota xin-sammuutti akka darban taasisuu.

Deebitoota godaansaa gama diinagdee fi hawaasummaan deebisanii dhaabuun haalli isaa walxaxaa fi dandeettii fi fedhii nama dhuunfaa irratti kan hundaa'uu, karaa biraan immoo, carraa fi tajaaila deggersa deebisanii dhaabuu jiru irratti kan hundaa'uu dha. Hojjettoonni Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa akka deebitoonni godaansaa gabaa humna namaa biyya keessaa seenan karaa arman gadiin nigargaaru;

**Hojii Barbaaduun**

- Tajaajila gorsa hojii, dandeettii fi muuxannoo isaan biyya alaatti horatan irratti hundaa'uun
- Gara tajajila leenjii hojiitti dabarsuun
- Carraa bobba'insa hojii olguddisuuf karoora raawwii hojii dhuunffaa baasuun gargaaruu
- Deebitoota godansa garee yookiin kilabii hojii keessatti qooda fudhachuun jijjiirama gaba humna namaa kessatti dhufu akka hubataanif, akkamitti ciivii isaanii akka qopheeffatan, iyyannoo akkamitti akka qopheffatan, nideggeramu.
- Deebitoota waltajjii qunnamtii hojii keessatti akka hirmaatan, iddoo isaan hojjechiisaa wajjin itti walquunnamanifi itti waliigalan uumuufii
- Carraa leenjii kallattii itti agarsiisuu (irra deebiin dandeettii fooyyeessuu fi ogummaa fooyyeffachuu). Haala barbachisaan dandeettii fi hojii walsimsiisuu.

**Carraa hojii dhuunffaa**

- Odeeffannoo carraa daldaalaa ibsuu, karoora daldaala qopheesuu, tajaajila misooma daldalaa, fi akkaataa liqii itti argatan mijeessuu
- Gara dhaabbata gorsaa addaa, gorsaa fi kalaqa hojiitti dabarsuu.

**Karoora hordoffii Tajaajilaaa**

Hordoffiin tajaajilaa, salphaa dhumatti maamila waamuu fi hagam tajaajila Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa irraa ykn gara ejensii tajaajila irraa fudhatanitti ergadeemee boda itti ittiqufiinsa mirkaneeffachuu dha. Bilbiilaan ykn qaamaan yeroo muraasa booda maamilicha quunnamuu fi galmee kuusuu (waraqaan ykn kompitaraan) hojii hordoffii godhame hunda kaardii maamila irratti galmeessuu, isa booda waa'ee maamilichaa odeeffannoo guutuu qabachuu.

Hojiin hordoffiibaay'ee barbaachisaan adeemsa godantoota galmeessuu, karaa bilbilaan walquunnamuu, maatiin walquunnamuu, odeeffannoo waa'ee biyya deemanii, karaa ejensii kamii akka deeman, ejensii biyya alaatti erge yeroo yerootti biyya itti ergetti haala isaanii hordofaa jirachuu fa'a hordofuu dha.

Hojiin hordoffii kallattiin tajaajila kennitootaa maamiloon itti dabarfamanii wajjin ta'uu danda'a. Fooyya'insa maamilaa irratti galmee fooyyessuu fi galmeessuu mirkaneeffachuu. Garuu immoo ammas dhimma icciitii irratti ofeegganoo gochuu. Eenyu akka fooyya'uu qabu, galmee maamilaa

irraa fedhii akka qabu sirriitti beekuu fi odeeffannoon haarome eenyuuf akka barbachisuu fi qoodamuu sirriitti itti yaaduu

## 2.6. Hojiiwwan dirree

Hojjetooti Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa iddoowwan godaansi itti baayyatutti hojiiwwan dirree qideessuun odeeffannnoo waa'ee godaansaa ni tamsaasuu. Namoonni baayyeen, sababa yeroon, fageenya iddoon ykn sababa biraan gara Giddugala Odeeffannii Godaantootaa dhufuu waan hindandeenyeef tajaajilli hojii dirree baayyee barbaachisaa dha.

Tajaajilli dirree idoo Gidugalli Odeeffannoo Godaantotaa itti argamutti ta'uu qaba. Sababiin isaas fedhiin hawaasa naannoo gargari dha. Hojiin tajaajila dirree hojjetoonni Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa hojjetan gosa baayyee dha. Isaanis:

- Yeroo hubannoo godaansa seera qabeessaa fi simannaa deebitoota godaansaa hawaasa yookiin ganda keessatti
- Waa'ee godaansa seera qabeessaa walgahii hawaasa fi manneen barnootaa keessatti dubbachuu
- Waltajjiiwwan hawaasaa yookiin ayyaanota hawaasa irratti odeeffannoo tamsaasuu.

Hojjettoonni Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa hojii dirree isaanii keessatti wanti isaan itti xiyyeeffachuu qaban dhimma godaansa al-idilawaa fi saaphana godaansa idilawaa jajjabeessuu dha.

Waajjira Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa aanaa wajjin ta'uun haala sagantaa hojii dirree naannoo sanaaf barbaachisuu fi karoora hojii dirree waggaa keessatti gaggeeffamu qopheessuu nidanda'u. Kun gabaasaaf bayyee barbachisaa waan ta'ef hojiiwwan dirree hunda fi mammiltoota tajaajila argatan galmeessuun qabachuun nibarbaachisa.

## 2.7. Leenjiii imala duraa godaantotaaf kennuu.

Hojjetoota gara biyya alaa bahan hundaaf leenjii imala duraa kennuun barbachisaa dha. Mootummaan Itoophiya namoonnii bobba'insa hojii biyya alaaf bobba'an leenji'anii gahomanii sartiifiikeeta akka qabaachuu qaban akka ulaagatti kaa'ee jira. Giddugalli Odeeffannoo Godaantotaa bakka leenjiin akkasii itti kennamu ta'ee nitajaajila.

Hojjettoonnii Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa, Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hawasummaa, Waajjira Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa godinaa, fi ogeessa dhimma bobba'insa hojii biyya alaa irratti hojjetuu wajjin ta'uun, leenjii mijeessuu fi hojjettooa Itoophiyaa gara biyyaa alaa

deemanf odeeffannoo sirrii fi qabatamaa kennuu fi hidhachiisuu qabu. Haala mijeessitoonni, hojjettootaaf gorsa sirrii dhimma hojii isaanii fi mirga isaaniin walqabatu kennuufii qabu.

Hojjeettoonni Giddugala Odeeffannoo godaantotaa hojjeettoota bobba'insa biyya alaaf deemuuf waliigalteen isaanii Ministeera Dhimma Hojjetaaf Hawaasummaan mirkanaa'ee, tarreeffama maqaa isaanii fudhachuu qaba. Itti aansuun leenjii imala duraa mijeessuu, keessaa iyyuu hubannoo haala deemsaa, mirga fi dirqam hojjetaa, akkasumas ofeeggannoo hojii irraa fi haala qabiinsa maallaqaa; hubannoo gaarii waa'ee hawaasummaaa, aadaa fi haala qabatamaa diinagdee hojjechiisaa fi namoota biyya gahumsaa fi waa'ee faayidaa godaansaa deebii irratti dursanii karoorsuu fi haala biyya isaaniitti yeroo deebi'an itti deebi'anii dhabbatan irratti hubannoo isaanii gabbisuu dha.

Odeeffannoon imala duraa kan irratti qaacceeffamuun ibsamu fi fedhii inni ammatti deebisuu qabu ykn irratti hundaa'uu qabu, sadarkaa barnootaa fi ogummaa, akkasumas muuxannoo hojii hojjeticha bobba'uu irratti dha. Haalli leenjiin itti kennamus, haala amala ga'eessota giddugaleessa godhatee fi leenjii fi barnoota bifa hirmaachisaa fi kan yaada isaanii keessatti ibsuun qooda fudhataniin ta'uu qaba. Ragaa bahummaa kan dabalatee fi adeemsa guyyaa guyyaatti godaantota biyya Itoophiyaattis ta'ee biyya alaatti isaan mudatu haala ofkeessatti qabateen ta'uu qaba. Leenjicha sadarkaa olaanaan qabatamaa gochuuf hojjettoota kanneen godaansaa deebi'an hirmaachisuun akka humna cimaatti nifayyadu.

Leenjiin imala duraa kan kennamu waliigalaan sa'aa 12f ta'ee guyyaa waliitti aanaan lamaaf imaluuf torbeen tokko yookiin torbeen lama yeroo isaan hafu kennama. Giddugalli Odeeffannoo Godaantootaa kanneen leenjii imala duraa fudhatan kanaf ragaa kennuufiin biiroo dhimma hojjetaa fi hawaasummaa beeksisuu qaba.

Leenjiin imala duraa leenjiiwwan ogummaa addaa bakka hinbu'u. Irra caalaa leenjiiwwan ogummaa fi dandeettii afaanii sagantaa leenjii addaatin hordofuun hojjettoonni deemuu isaanii dura akka guuttatan isaan taasisa.Qabatamaan, haala waliigalaan leenjiin imala duraa qophaa'ummaa xiin-sammuu hojjettoota bobba'anuu nidabala, haala dorggommiii isaanii nifooyyessa, wantoota ammayyaa'aa ta'anitti nimadaqu, biyya hojii isaaniitti akkamitti gama hundaan waliigaluu akka danda'an gorsa nimijeessaf.

## *2.8. Deebitoota Godaansaa carraaqqii isaan deebi'anii dhabbachuuf godhan irratti deggeruu*

Godaantota hojiif bobba'anf odeeffannoo fi ogummaa barbaachisaa yookiin murteessoo ta'an cinatti dabalataan Giddugalli Odeeffannoo Godaantotaa tajaajila deggarsaa ballaa deebitoota godaansaf haala qaaccessa 2.5 irratti ibsameen nikenna. Kutaa kana keessatti kan nuti ilaallus tajaajila deebitoota godaansaaf kennamu dha.

Giddugalli Odeeffannoo Godaantootaa tajaajila deebisanii dhaabuuf akka giddugala tajaajila iddoo tokkootti nigargaara. Waajjira misooma intarprayizii fi Industrri fi Waajjira Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa waliin ta'uun, Hojjetoonni Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa iddoo galmee godaantotaa ta'uun, idoo fedhiin isaanii itti adda bahu ta'uun, iddoo tajaajilli gorsa bobba'insa hojii itti kannamu ta'uun fi iddoo tajaajila daddabarsa (walharkaa fudhiinsi) ejensii tajaajila kennuu wajjin itti raawwatamu ta'ee nitajaajila.Giddugala Odeeffannoo Godaantotaatti tajaajila inni guddaa ta'ee fi gaheen hojjettoota Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa tajaajila si'ataa fi deebitoota adda addaa fedhii isanii irratti haala xiyyeeffateen tajaajila kennuu dha.

Hojjettoonni Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa, qaamolee mootummaa fi miti mootummaa naannoo sanatti tajaajila deebisanii dhaabuu kennan sirritti adda baasuun fi karaa sirna daddabarsa deebitootaa cimaa ta'een walquunnamuu qabu. Tarreeffami yookiin liistiin dhaabbilee walharkaa fuudhiinsa deebitootaa naannoo sanatti hojjetangosa tajaajila isaanii wajjin beekamuu qabu. Giddugalli Odeeffannoo Godaantotaa dhaabbilee kana hundaa wajjin quunnamtii gochuu fi yeroo walharkaa fuudhiinsi godhamu tajaajila kennuuf fedhii qabaachuu isaanii mirkaneeffachuun barbaachisa. Sanada waligaltee hojiis dhabbilee yeroo hunda deebitoota godaansa irratti hojjetan gidduutti waliigaluun mallatteessunis itti yaadamuu waan qabu dha. Hojjetooti Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa haalli walharkaa fuuchaa debitoota godaansaa, haali bulchiisa saaphana isaa fi adeemsa isaa Biroon Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummas haala hundeeffama quunnammtichaa irratti walii galuu qaba.

Saaphana waldeggarsaa irratti hundaa'uun, hojjettoonni Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa deebitoota gara tajaajila mijataa adda addaatti paakeejii deebisanii dhaabuu fi Qajeelfama Ministeera Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa/ILO irratti hundaa'uun daddabarsuu qabu (Saanduqa2.5) ilaali. Tajaajilli deggarsa daddabarsaa kan raawwatamu fedhii tajaajilamaa qofa irratti hundaa'ee ta'a.  Tajaajila nammi fudhatu sun keessattuu amma illee sadarkaa midhamaa irra jira yoo ta'ee, dhimma iccitii irratti ofeeggannon godhamuu qaba,

Tajaajila daddabarsaa irratti tajaajilamtoonni fedhii qabaachuu isaanii dursa gaafachuu akka hinhirranfanne dagatamuu hinqabu.

- ❖ Odeeffannoo fi teessoo qaamolee irra caalaa isaan deggeranu kennuufii.
- ❖ Ofiiisaanii dhuunfaan quunnamuu barbaaduu yoo ta'e ykn karaa waliif daddabarsa Giddugala Odeeffannoo Godaantootaaan akka quunnamuu barbaadan ta'uu isaanii adda baafadhu.

**Saanduqa 2.5 Paakeejii Deebisanii dhaabuu ILO/ Ministeera Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa**

*Paakeejii Deebisanii dhaabuu Itoophiyaa*[1] tajaajila deebisanii dhaabuu bakka ijoo lamatti adda baasa: innis deebisanii dhaabuu fi idilleen deebisanii dhaabuu.

Haromsuuu

Deebisanii dhaabuun  deebitoota jeequmsa sammuu qabatamaan irra gahef namoota miidhamiqaama irra gaheef namoota hordoffii wal iorraa hincinne yookiin kunuunsa cimaa jireenya isaaniif  biyyattii keessatti barbaachisuuf godhama, tajaajilli deebisanii dhaabuu kan kennamu karaa dhaabbilee miti mootummaa (DH.M.M ) fi karaa rawwatoota miti mootummaa kanneen biro taúu dandaá.Kana irraa kaúun ,deebisanii dhaabuun Itoophiyaa keessatti haala gaariin kan raawwataa jiru karaa walharkaa fuudhiisaa fi qindoomina qaamolee adda addaatin raawwataa jira. Siá tokko feebitoonni godaansaa deebiánii dhaabbatanii jennaan, sagantaa idillee deebisanii dhaabuu keessa seenu.Sagantaa deebisaniidhaabuu adda taé hundeessuuns fedhii deebitootaa guutuun nidandaáma.

Debisanii dhaabuu

Malooti deebisanii dhaabuu  ,Debisanii dhaabuu diinagdee, hawaas-aadaa fi xiinsammuu/fayyaa ilaalata.

*a. Mala diinagdeen deebisanii dhaabuu*

*Malli diinagdeen deebisanii dhaabuu kan haammatu leenjii hubannoo fi ogummaa kaeaa leenjiin fi qaxarrii hojii ykn hojii dhuunfaatti bobbaúu hunda ofkeessatti haammata***.**

*Leenjii hubannoo fi ogummaa* **(***Soft and hard skills training)*

Leenjii hubannoo (*soft skill training*): Sadarkaa jalqabaatti, deebitooti godaansaa hundi leenjii hubannoo fudhatuu qabu. Leenjiin kunis kan haammatu leenjii dandeettii jireenyaa, leenjii kaka’umsaa, leenjii qabiinsa maallaqaa, dandeettii bu’uraa, leenjii dandeettii hojii uummachuu, fi aangomsa dubartootati,

Leenjii ogummaa (*hard skill training*): Deebitoota godaansaf leenjiin ogummaaa adda adddaa kan kennamu karaa sirna walharkaa fuudhiinsaan ta’ee BLTOn kennama.

*Deebitootaf bobba’insa hojii mijataa uumuu (Decent employment for returnees)*

Karaa warra bobba’insa hojii mootummaa mijeessanuutin carraa hojiitti qaxaramuu mijeessuufii yookiin   akka isaan hojii dhuunfaa isaanii uummatan deggaruu.

Tajaajila bobb’ainsa hojii mootummaa (*Public employment service*): Deebitoot godaansaa erga leenjii ogummaa xumuranii booda, bobb’ainsi hojii kan mijaa’uuf qindoomina BLTO, Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa, qaamolee dhuunfaa fi qooda fudhattoota adda addaatin ta’a

Deggersa misooma Interprizii (*Enterprise development support*): Deebitooti godaansaa, mala daldaala kee jalqabi, fooyyessi jedhuun akka daldaala mataa isaanii jalqaban jajjabeessuun, leenjisuun, misooma interprizii irratti hordofuun, haala itti maallaqa argatan fi wantoota daldala jalqabuuf barbaachisan hunda mijeessuufii dha.

***b. Yeroo barbaachisaa ta'etti jaarsummaa hawaasatti xiyyeeffachuu***

Haala deebitoota baayyee yeroo ilaalamu hawaasa naannoo fi deebitoota gidduutti walitti bu'insi niuumama.

Waldhabdeen kun maatii gidduutti yookiin lafa irratti yookiin waldhabdee hawaasa keessaa ta'uu nidanda'a. Waldhabdeen akkasis karaa jaarsota leenjii qabaniin, gaggeessitoota amantaa yookiin gaggeessitoota hawaasaa qacaraman yookiin gaaffii Giddugala Odeeffannoo Godaantotaan yookiin gaaffii miseensa hawaasa keessa dhiyaatuun rakkoo hawaasichaa nihiku jedhamanii kan yaadaman ta'uu nidanda'u.

***c. Ka'umsa deebisanii dhaabuu xiin-hawaasummaa fi fayyaa***

deebitoota tajaajila deggersa xiin-hawaasummaa fi fayyaa barbaadaniif karaa qunnamtii fi tajaajila daddabarsa deebitootaan akka deggeraman gochuu.

--------------------------

[1]Kuschminder fi Ricard Guay, 2018.

# 3. Haala sirna Bulchiisa Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa

## *3.1. Qajeeltoowwanbulchiisaa fi hojimaata Giddugala Odeeffannoo Godantotaa*

Mootorri Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa Sirna bulchiisa isaati. Qaacceffama bulchiisaa sirritti adda bahe qaba. Sirna bu'a qabeessa ta'ee fi adeemsa raawwii isaa kan ittiin gaggeessu qaba. Kunis ergama sirritti galmaa'ee fi kaayyoo fi gahee sirriitti ibsame fi itti gaafatamuummaa hojjettootaa, adeemsa qunnamtii ifa ta'e fi adeemsa hojii imaamata fi seera mootummaa wajjin walsimu niqaba. Giddugalli Odeeffannoo Godaantotaa gahumsaa fi bu'aa qabeessummaan yoo hojjete, bulchiisi isaa dhimmoota dabalataa armaan gadii irratti yeroo hojii isaa hojjetu xiyyeeffachuu qaba (gabate 3.1)

- Kutannoo fi qindoomina
- Hirmaannaa hawaasaa
- Hunda galeessummaa fi kenniisa tajaajilaa naamusa qabu
- Tajaajila itti fufiinsa qab

**Gabate 3.1. Yaada bu'uraa (Qajeeltoowwan) bulchiinsaa fi Hojii Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa**




**Kutannoo:** Godaansi bobba'insa hojii adeemsa walxaxaa kan qabuu fi haala wal irratti tuulamaa adda addaa kan ofkeessatti haamate ta'uun isaa kan raggaasifame dha. Sochiin rakkisaan akkasii kan inni gaafatu amanamummaa fi kutannoo cimaa mootumaa fi xaarii cimaa fi qindoomina qooda fudhatoota dhimmichi ilaalatuu hundaa barbaada. Sadarkaan kutannoo barbaachisummaa Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa irraa kaasee hanga fandiin projekticha deegaru fi tajaajila ofitti fudhatanii kennuutti nigaha.Yeroo tajaajilli qoqqodamu,yookiin yeroo sararrii walharkaa fuudhiinsa qooda fudhattoota gidduutti hundeeffamu, Giddugalli Odeeffannoo Godaantotaa irratti waliigaluu sanada waliigaltee walii mallatteessuu qaba.Sanada waliigaltichaas waadaa fi itti gaafatamummaa tokkon tokkoo dhaabbilee,mala walquunnamtii, tajaajila kennamu, humna namaa fi leecaloo barbaacisoo ofkeessatti qabachuu qaba.

**Sirna Tajaajila Hundagaleessaa:** Kun kan ilaalatu fayyadamummaa tajaajila walqixaa Giddugala Odeeffann Godantotaan kennamu, qaqabamummaa inni saxilamtoota godaansaa hundaaf qabu, gargar qoodiinsa saalaa, haala maatii, sabummaa, qaama midhamummaa, ykn (seenaa duubee godaansa isaaniif malee tajaajila argachuu qabu. (pillinger, 2015). Tajaajilli dhiibbaa tokko malee kanneen adda bahan hundaaf kennamuu qaba. Akkasumas saffina kanqabuu fi fedhii fayyadamtoota giddugaleessa kan godhate ta'uu qaba (Sanduqa3.1). Dabalataan Giddugalli Odeeffannoo Godantotaa karaa naamusa qabeessaan tajaajila kennuu isaa mirkaneeffachuun barbaachisaa dha.

**Saanduqa 3.1. Tajaajiiala Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa fayyadamtoota hunda kan hammatee fi qaqqabamaa taasisuu**

- Haalli daddabarsa odeeffannoo hundi isaa korniyaa, afaan, sadarkaa barnootaa, aadaa, fi haala qaama miidhamummaa hirmaattotaa (dhiiraa fi dubara, qaama miidhamtoota, kan baratee fi hinbaranne, jaarsaa fi dargaggoo, deebitoota godaansaa fi saaxilamtoota kkf.) Giddugaleessa godhachuu isaa mirkaneeffachuu.
- Maamilli hundi walqixaa fi dhibbaa tokko malee keessummeeffamuu
- Bulchiisi Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa fi hojjettoonni isaa fedhii addaa mammilootaa sirriitti hubachuun haala sanaanis debisuu qabu (fakkeenyaaf, fedhii qaama miidhamaa deebisuuf carraqqii addaa barbaada waan ta'ef).
- Karoorri humna namaa qacarrii gorsaa fi  saala lammanii yaada keessa galchuu qaba
- Waa'een dhuunfaa fi icciitiin namootaa eegamuu qaba. Odeeffannoon waa'ee midhamaa icciitiin qabamuu qaba (fedhii midhamtichaan ala qaama odeeffannocha argachuuf aangoo hinqabnetti ibsamuu hinqabu)
- Haalli taa'umsaa fi qaqqabamummaa Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa qama midhamtootaaf mijataa ta'uu qaba.

**Hirmaannaa hawaasaa:** Hirmaannaan hawaasaa adeemsa garlamee, bifa addaan garee hawaasa keessaa adda bahee carraa murtee kennuu keessatti yaada gabbisuu fi adeemsa murtee dhimma fedhii maamila irratti kennuu hunda irratti karooran hawaasa keessaa adda bahanii kanneen qooda irratti fudhatani dha. Adeemsi kun wal-amntaa hawaasaa fi tajaajila kennitoota gidduu jiru hawaasi carraa argachuun sagalee fi yaadi isanii akka iddooargatu taasisuun nicimsa. Dhimma jireenya isaanii ta'e irratti odeeffannoo fi keessatti hirmaachuun gahee guddaa qaba.l (Hume City Council, n.d).

Kanaafuu, Giddugalli Odeeffannoo Godaantotaa, dhabbatichi tajaajila bu'a qabeessa ta'e akka kennuuf mala hirmaannaa hawaasa adda addaa fayyadamuun barbaachisaa dha. Mala hirmaannaa bu'a qabeessa uumuuf mala tokkotu isa tokko caala kan jedhu hinjiru.  Irracaalaa bu'a qabeessa ta'uuf, maloota adda addaa walitti makuun fayyadamuun barbaachisaa dha. Maloonni kan akka maapiihawaasa (community mapping), maree hawaasaa, garee yaalii, Garee marii, fooramii (waltajjii idilee hawaasaa fi abbootii amantaa) mala dubdeebii, maloota hirmaanna hawaasa ittin fayyadamuun tajaajila bu'a qabeessa taasisuu dandeenyu dha. Sadarkaa hirmaannaa hawaasaa bakka sadiitti qooduun  haala gabatee 3.1 jalatti ibsameen ilaaluun nidanda'ama.

**Gabatee 3.1. Sadrkaa Hirmaannaa Hawaasaa**

| Kaayyoo | Ibsa | Maloota adda bahan |
|---|---|---|
| **Beeksiisu** | Hawaasaaf odeeffannoo waa'ee kaayyoo bobbii hojii ofeeggannoo qabuu yookiin seera qabeessaa ibsuufii | Duula tamsaasa odeeffannoo, barreeffama, ibsa gagabaaba ykn birosharii) weebsayitii, waltajjii hawaasa, raadiyoo hawaasaa kkf |
| **Gorsuu** | Hawaasa beeksisuu, dhaggeeffachhuu fi gahee jaraatiif beekamtii kennuu fi yaadni isaanii murtee kennamu irratti hagam dhiibbaa akka uume duub deebii kennuufii | marii garee, mare hawaasaa, leenjii, sakkatta'insa, saanduqa yaadaa, yaada sarara irratti kkf |
| **Hirmaannaa/qooda fudhannaa ho'aa** | qooda fudhattooto garee hawaasaa murtee kennuu keessatti gahee qabanuu fi fala biro adda baasuu | Koree gorsitootaa hundeessuu, (koree farra namaan daldaaluu fi daangaa ceesisuu, garee hawaasaa kkf. hundeessuu |

## Saanduqa 3.2. Maree hawaasaa

"Maree hawaasaa" jechuun qaama hawaasaa adda addaa walitti fiduun yaadaa fi beekumsa isaanii fi qabeenya walitti fiduun rakkoo hawaasa isaan quunnameef haala itti furmaata kennanu dha.

Iddoo mareen hawaasaa itti gaggeeffamu mijataa fi jeequmsa adda addaa irra bilisa ta'e filachuu. Kunis kan ta'uu danda'au, manneen barnootaa keessatti, ykn manatti, ykn iddoo hawaasi aadaan walittigahuttti, gamoowwan keessatti ykn alatti, giddugala hawaasaatti, ykn mana dubbisa kitaabaatti, ykn iddoo amantaatti kkf gaggeessuun nidanda'ama.

Gaggeessa marii yookiin haala mijeessaa fi nama yaadannoo qabu adda baasuu. Gaheen haala mijeessa inni guddaan marii qajeelchuu dha. Kan yaadannoo yookiin barruu qabaan yaada galmeessuu fi mareen karaa irra akka bu'u gochuu dha.

Yeroo mare akka mareen hirmaattota muraasa qofaan hindhuunfatamne ofeeggannoo gochuu.

Gaaffiiwwan kanneen akka armaan gadii kan mareef ta'an qopheesssuun gaafachuu.

- *Dhimmi guddaan hawwasa keenya qunnamaa jiiru maali jettee yaadda?*
- *Jijjiirama guddaa fiduuf wanti hawaasi keenya waliin ta'eeirrat hojjechuu qabu maali?*
- *Ka'umsi dhimma kanaa maali jettee yaadda?*
- *Hawaasi naannoo keenyaa dhimma kana jijjiiruuf maal gochuu qaba?*

Mareen hawaasa kan guduunfamuu qabu bifa qaacceffamee fi dhimma ka'e irratti haala raawwiif toluun guduunfaa kennuun ta'uu qaba.

Kanaafuu, karoorri qophaa'uu duraa duuba fedhii hawaasa kan giddugaleessa godhatee fi qabeenya jiruun kan dhugoomuu danda'au ta'uu qaba.

**Carraan mareen gara qabatamaatti jijjiiruu amma ati hawaasa gosa adda addaa mare keessatti hirmaachifteen cima.

Kanaafuu kaayyoon waliigala qacceffama hirmaana hawaasaa Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa, kanneen armaan gadii of keessattui qabata.

- waa'ee bobbii hojii biyya alaa fi miidhaa godaansa al-idilawaa hubannoo olguddisuu
- Tajaajila Giddugala Odeeffannoo Godaantoota Olguddisuu
- Hawaasa barsiisuu fi hubachiisuun murtee kennamu keessatti qooda akka fudhatan taasisuu
- Jijjiirama amalaa dhufe jajjabeessuu
- Hawaasi rakkooo akka adda baasanii fi fala akka kennan aangessuu

**Ittifufiinsa:** Itti fufiinsa faayinaansii fi dhabbataa, Bulchiisa Giddugala Odeeffannoo Godaantootaf baayyee murteessaa fi jalqaba irraa kaasee dhimma sirriitti adda bahuu fi qaacceffamuu qabu dha. Tooftaan bulchiinsa itti fufiinsa qabuu, Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa yeroo dheeraaf karaa itti fufiinsa qabuu fi bu'a qabeessa ta'een tajaajila akka kennu nigargaara. Yeroo baayyee, bulchiisa proojektootaa keessatti dhimmi itti fufiinsaa qormaata dha. Keessa iyyu yeroo fandiin yeroo murtaa'eef ta'u nihammata.Garuu immoo karaa kamiinuu itti fufiinsa Giddugala Odeeffannoo Godaantoota mirkaneessuuf bulchiisi dhaabbatichaa dhimma armaan gadii mirkaneeffachuu qaba.

- Tajaajilichi caaseffama mootummaa keessatti qindaa'uu fi karoora hojii fi bajata mootummaa yeroo dheeraa keessatti qabamuu qaba.
- Qindoominni gaariin fi walta'insi qooda fudhattootaa, dhaabbilee, fi qaamolee mootummaa jiraachuu qaba.
- Tajaajila Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa ofitti fudhachuuf gama qooda fudhattootaan kutannoon cimaa jiraachuu fi giddugalli Odeeffannoo Godaantotaa akka itti fufiinsaan hojjechuu danda'uuf jalqaba bocuu
- Karoorri itti fufiinsaa jalqabuma irraa kaasee kan karoorfamuu qabu, suuta suuta qaamoleen gargaaarsa kan akka ILO yookiin kan fandii kennan biroo ijaarsa dandeettii bulchiisa Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa gochuun adeemsa keessa harka mootummaatti kennanii keessa bahuun karoorfamuu qaba.

## *3.2. Caaseffama Bulchiisa Giddugala Odeeffannoo Godaantootaaa*

Barbaachisummaan Giddugaloota Odeeffannoo Godantotaa karaa itti fufiinsa qabuun hundeessuu (akkuma muuxannoon biyyoota galii gadi anaa qabanibsutti) kan isaan hordofan karaa bu'a qabeessa ta'een guutuu isaa yookiin gartokkee isaa qaama mootummaa gara gadii jirutti walitti hidhamuutiin kan hojjetani dha. Muuxannoon achi irraa argame kan mul'isu sirni walitti hidhuu Giddugalli Odeeffannoo Godaantoota haala bu'a qabeesssa ta'ee fi haala itti fufiinsa qabuun akka hojjetu agarsiisa. Haala walfakkaatuun, sakkata'insi ariifataan maanuwalii kana qopheessuuf godhameen bu'aan agarsiisuus, qacceffama akkasii hordofuun bu'a qabeessa akka ta'ee dha. Giddugalli Odeeffannoo Godaantotaa Itoophiyaatti hundeeffamu hojii isaanii kan isaan irratti xiyyeeffachuu qaban haala qaamoleen mootummaa deggeraniin ta'ee keessa iyyuu biiroon dhimma

hojjetaa fi hawaasummaa dhimmi bobba'insi hojii biyya alaa kan isa ilaalatu waanta'eef yaada isaa irratti hundaa'uu qaba. Kana yaada keessa galchuun Itoophiyaafqaaccefama bu'a qabeessa ta'e haala kana gadiin gabate 3.2 irratti dhiyaateera

**Gabate 3.2. Caaseffama Bulchiisa Giddugala Odeeffannoo Godaantootaaa tilmaamame**




Caaseffamni kun kan agarsiisu waliigalatti bulchiisi giddugala Odeeffannoo Godaantotaa caasa Dhimma Hojjetaa fi hawaasummaa, bulchiisa fi faayinaansii fi adeemsa bulchiisa humna namaa isaa wajjin kan walitti hidhate dha. Giddugalli Odeeffannoo Godaantoota hojii bu'a qabeessa hojjechuuf, waajjirri iddoo hundeeffama wiirtuutti walta'insaa fi walharkaa fuudhiinsa cimaa uumuuf koree qindoomina adda addaa hundeessuu qaba. Kun qabeenya waliin fayyadamuu fi qindoomin qooda fudhattoota nimijeessa. Hojii gaggeessan ittigaafatamummaan isaa waajjira Dhimma hojjetaa fi ta'ee hojii gurguddaa lama hojjeta (waajjira keessa fi hojii dirree) fi hojjettoota Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa nigargaara. Garee lamman kan haammatu,hojjetoota proojektichaa sadi kan qabu ta'ee, (dhiira lama fi dubartii tokko )lama ogeessa dhimma hojjetaa yeroo ta'an tokko ogeessa addaa  IT ti. Ogeessi addaa IT, bulchiisa odeeffannootin daataa galmeessuu, fi hojiiwwan teknoolojii wajjin walqabatan hundaaf itti gaafatamummaa qaba. Ogeesoti dhimma hojjetaa immoo hojii waajjiraa fi dirree hojjetu, itti waamamnni isaaniis hojii gaggeessaaf dha. Kun Giddugalli Odeeffannoo Godaantootaa akka hojii jalqabuuf humna namaa isa

xiqqaa ta'ee haala ballina hawaasa itti fayyadamuu fi turtii proojiktichaa irratti hundaa'uun jijjiiramuu nidanda'a.

## 3.3. Karoora humna namaa

Bulchiisi Giddugala Odeeffanno Godaantotaa kan isaan hordofuu qaban adeemsa humna namaa kan seera dhimma hojjetaa fi imaamata humna namaan kan walsime ta'ee, adeemsa ifaa fi qulqulluu ta'e hordofuu qaba. Haalli adeemsa hundeeffama human namaa sirritti kan galmaa'ee qabamee ta'ee hojjetaa hunda biratti kan beekamu ta'uu qaba. Haala waliigalaan karoora humna namaa qopheessuuf, bulchiisi Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa dhimmoota ijoo armaan gadiitif xiyyeeffannoo guddaa kennuu qaba.

1. Haalli qacarrii hojjettootaa namoota hundaaf carraa walqixa kennamuu qaba. Dhiiraa fi dubara waliin makuun qacaruun bu'aa guddaa qaba. Kun kan baayyee fayyaduuf maamiltoonni tokko tokko saala adda baasuun filachuu waan danda'aniif.
2. Imaammati gurmii hojjetaa, kallattii imaamata mootummaa dhimma qacarrii, waliigaltee qacarrii, walqixxummaa fayyummaa fi nagummaa, boqonnaa wajjin waan walqabatan, eegumsa hawaasummaa, fi kkf wajjin walsimuu qaba
3. Haalli hundeefama humna namaa baayyee kan xiyyeeffatuu qabu barbaachisummaa giddu gala odeeffannoo godaantotaa ta'ee haala itti qindoominaan dameelee mootummaa, Ejeensiiwwan, fi dhaabbilee miti mootummaa wajjin walitti dhiyeenyaan hojjetu irratti ta'uu qaba. Haalli kun gidugalli odeeffannoo godaantotaa haala baayyee bu'a qabeessaa fi tajaajila barbaachisaa kophaa kan kennu calaa gatii xiqqaan akka raawwatu isa taasisa.
4. Karoorri humna namaa Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa walmakiinsa ogummaa fi beekumsa fedhii maamilaa guutuu danda'u qaaccessuu qaba. Gabateen haala ibsa hojii fi hojiiwwan ijoo ibsan haala kanaa gadiin gabatee 3.2 jalatti tarreeffamaniiruu
5. Jalqaba irra kaasuun Giddugala Odeeffannoo Godaantotaatti sadrkaa humna namaa akkamiitu barbaachisa kan jedhu adda baasuun baayyee barbaachisaa dha. Kunis kan irratti hundaa'uu, bajata waliigala irratti ta'ee, garuu immoo fedhii adda bahe, qooda fudhatoota tajaajilicha kennan fi haga humni namaa hojicha utubuu danda'u irratti hundaa'a.
6. Karoorri humna namaa qabeenya humna namaa Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa kan guddisuu ta'uun human namaa ogummaa fi gahumsa qabu iddoo sirriitti qacaruu, leenjii haromsaa hojii irraa akka odeefannoo bobbii biyya alaa biyya ka'umsaas ta'ee kan gahumsaa wajjin madaquuf kennuufiin nibarbaachisa.
7. Leenjiin hojjettoota kan inni haammachuu qabu, leenjii jalqabaa yookiin ka'umsaa, kan dirqama ofkeessatti qabachuu qabu seeraa fi mirga godaantotaa, adeemsa fi viizaa argachuun karaa seera qabeensaan deemuu, haala qacarrii naamusa qabeessa, ittigaafatamummaa ejensiiwwanii humna namaa qacaranii, haala standaardii addunyaa fi tooftaa godaansa mirga irratti hundaa'ee, fi odeeffanoo tajaajila deggersa biyya hojiif deemaniis ta'ee biyya dhalootaa isanii argachuu qabu. Hojjettoonni haala itti odeeffannoo kan daddabarsan irrattis leenjii argachuu qabu. Dandeettiin addaa gorsaa fi odeefannoo sirrii fi qaqqabamaa ta'e kennuuf

nibarbaachisa. Tajaajilli sadarkaa qulqullina qabuun kennuuf matadureewwan leenjii armaan gadii hojettoota jalqabaafis ta'ee itti fufiinsaan kennuufiin baayyee barbaachisaa dha.

- ☞ Madda odeeffannoo, odeeffannoo wayitawaa fi qabatamaa qabaachuuf interneetii fayyadamuu;
- ☞ Seera godaansaa, odeeffannoo fi jechoota hubachuu;
- ☞ Godaansaa fi haala muuxannoo qacarrii biyya ga'umsaa;
- ☞ Sadarkaa dhuunfaattis ta'ee sadarkaa gareetti odeeffannoo argachuu fi dabarsuu;
- ☞ Seerota godaansaa kan biyyaa fi addunyaa irratti gorsa kennuu;
- ☞ Namootaan daldaaluu fi eegumsa midhamtoota godaansaa irratti;
- ☞ dandeettii qacaramuu (CV, gaaffiiwwan hojiifi kkf.) bobba'insa hojii biyya keessatti deggeruu;
- ☞ Haala itti walta'insaan tajaajilli kennamu irratti, fakkeenyaaf, waliigaltee tajaajilaa qooddachuu hundeeffachuuu fi kallattiiwwan walharkaafuudhiinsaa keewwachuu

**Gabatee3.2. Hojii hojjetoota Giddugala odeeffannoo Godaantootaan hojjetamu keessaa muraasa akka fakkeenyaatti**

| Gahee hojii | Hojiiwwan gurguddaa fi ittigaafatamumaa | Ulaagaa barbaachisoo |
|---|---|---|
| 1. Hojii gaggeessaa Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa | • Hojiiwwan guyya guyyaa Giddugala Odeeffannoo Godaantoota raawwachuu fiHordofuu<br>• Hojiiwwan idilee niqindeessa, baajata qopheessee dhiyeessuun nimirkaneessisa.<br>• Karaa gahumsaa fi seeraa fi ittigaafatamummaa qabuun baasiiwwan hojii irra oluu isaanii nimirkaneessa.<br>• Hojjettoota qajeelchuu, hordofuu, waltajjiiwwan idillee gaggeessuu, rawwii hojii fi kenniisa tajaajilaa madaaluu.<br>• Qindoomina qooda fudhattoota dhabbatichaa hogganuu<br>• Gabaasa idillee fooyya'iinsa Giddugala Odeeffannoo Godaantootan walqabtee jiru qopheessuu<br>• Hojiiwwan, walgahiiwwan, leenjiiwwani fi dhimmoota biroo barbaachisaa ta'an irratti Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa bakka bu'un hirmaachuu | Saayinsii hawaasan kan eebbifame, manajimentii, fi barnoota barbaachisoo kan biro filannoo addaan digrii mastersii fi beekumsaa fi muuxannoo haala godaansa Itoophiyaa irratti kan qabu<br><br>Afaan naannoo fi Afaan Ingiliffaa irratti dandeettii kan qabu. |
| 2. Ogeessota dhimma hojjetaa (qindeessaa | • Idilawaaan odeeffannoo waa'ee bobbii hojii | Yoo xiqqaate saayinsii Hawaasan digrii |

| | | |
|---|---|---|
| proojektii) | godaantootaaf kennuu<br>• Tajaajila xiin-hawaasummaa kennuu fi deggersa kennuu (gorsafi deggersa adda addaa) godaantotaa fi maatii isaaniif kennuu<br>• Gara dhaabbilee deggersaatti daddabarsuu fi hordofuu<br>• Godaantotaaf bobbii hojii seera qabeessa ykn idilawaa irratti leenjii kennuu<br>• Sagantaa hubannoo hawaasaf uumuun hawwaasaaf odeeffannoo waa'ee bobbii hojii seera qabeessa hubachiisuu | jalqabaan kan eebbifame<br><br>Hirmaannaa hawaasa fi qindeessummaa irratti muuxannoo kan qabu<br><br>Afaan naannoo fi Afaan Ingiliffaa irratti dandeettii kan qabu |
| 3. Ogeessa IT | • Hojii guyya guyyaa giddugalaa keessatti deggersa ogummaa IT nikenna.<br>• Qabiinsa galmeewwaniif daatabeezii ittiin hordofamu i niqopheessa<br>• Ragaa staatiksii niqopheessa<br>• Odeeffannoo waa'ee godaansa idilawaa irratti hogeessa dhimma hojjetaa nideggera | . Yoo xiqqaate digirii jalqabaa quunnamtii odeeffannootin ykn koompitaraan<br><br>Afaan naannoo fi Afaan Ingiliffaa irratti dandeettii kan qabu |
| 4. Hojjetaa deggersa | • Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa qulqulleessu fi hojii qulqullina walii galaa hojjechuu<br>• Akka ergamaatti tajaajiluun hojii gaggeessaa deggeruu | |
| 5. Waardiyoota | • Hojii nageenya guyya guyyaa dhabbatichaa mirkaneessuu | |

Haala bajataa fi humna namaa irratti hundaa'uun, haalli qaxarrii hojjettoota Giddugala odeeffannoo godaantotaa qaxarrii kallattin hojii yeroo hundaa yookiin dabalataan (ergisaan) ta'uu nidanda'a. Yoo Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa irraa haala ergiffannaan ta'ee irra caalaa baasii nisalphisa

**Raawwii hojii hordofuu**

Bulchiisi fi hojjettoonn Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa adeemsa ifa kan ittiin duub-deebii fuulaa fi fuulatti waa'ee hojii isaanii mari'atan formaatii sadarkaa isaa eeggate qabaachuu qabu. Fkn. (Galmee deggersaa haala duuka deemtuu 2ffaatin) haala idilawwaa ta'een, torbaniin, kudhaharfaniin, yookiin ji'an. Haalli kun hojjetooti akka hojii isaanii madaalamuu fi ciminaa fi fuula duratti bakka fooyya'uu qabu adda baafachuuf isaan gargaara.

**Sadarkaa Hordoffii raawwii hojjettootaa**

- Tokkoon tokkoon hojjetaa waa’ee ofii isaa kaardii hordoffii hojjetaa irratti guuttatee to’ataa isaa dhiyootti dhiyeeffata
- Duub-deebii to’ataa isaa irraa nikennamaaf
- Mareen hojjetootaa fi to’ataa gidduutti nigaggeeffama (ceephoo niqulqulleessa waldhabdee nihiika).
- Guci madaallii xumuraa mallatteeffamee faayila hojjetaatti hidhamee mana galmee ta’aa.

Dabalataan, Haallii madaallii raawwii hojii hojjettootaa fi Giddugalli Odeeffannoo Godaantootaa bifa idillee fi maloota adda addaa fayyadamuun duub deebii mamiltootaa (godaantootaa fi deebitoota godaansaa) irrattis nihunda’a. Formiin itti quufiinsa maamilaa kaayyoo kanaf nitaajaajila. Maamiloonni samuda fudhatamanii gaaffiiwwan gosa tajaajila barbaadanii fi argatan, haala itti dhimmi isaanii itti ilaalame fi bu’aa tajaajilicha irraa argatan fi iddoowwan tajaajilaa fooyya’uu qaban guutuun nideebisu. Guca itti quufinsa maamilaatti dabaluun, bulchiisi Giddugala Odeeffannoo Godantotaa saanduqa yaadaa fi galmee yadaa maamiltoota irraa duub deebii guuruun fayyadamuu nidanda’a.

## *3.4. Karoora Bajataa fi faayinaansii Giddugala Odeeffannoo Godaantotaatif barbachisu*

Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa hojii irra oolchuuf bajata barbaachisaa ramaduu nibarbaachisa. Dhaabbati akka Giddugalli Odeeffannoo Godaantotaa hojii irra oolu itti gaafatamummaa fudhate bajatni waggaaf hojicha akka gaggeessuuf ramadamuufii isaa mirkaneeffachuu qaba. Sanduqa 3.3 ilaali. Jalqaba irraa kaasee bajata Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa ulaagaalee armaan gadii guutuu qaba. Waajjira dhaabbatichaa, kutaalee tajaajila addaa ddaa itti kenuu dandeessisu qabaachuu qaba.(Fkn. Kutaa Leenjii, walgahii, kutaa gorsaa kkf.)

1. Waajjiraa fi meeshaalee waajjiraa (deeskii, teessoo, maashina footokooppii, hammatuu faayilaa, vantileetera kkf).
2. Dhiyeessii waajjiraa fi meeshaalee waajjira (teessoo, baarcuma, maashinii footokooppii, haammattuu faayilaa, qabbaneessituu qilleensaa fi ayeer kondishinera).
3. Meeshaa IT fi qunnamtii (koompitera, printera fi LCD projectera, mooba’ilii fisarara Internetii kkf.).
4. Humna namaa barbaachisaa (Hojjetaa Dhaabbataa fi kan yeroo, hojjetoota suphaa, wardiyyoota, gorsitoota, kkf.)
5. Baasii tajaajilaa (bishaan, elektriikii, kkf.).
6. Baasii hojii ji’aaf (geejibat, nyaata, kkf.).
7. Leenjii fi ijaarsa dandeetti
8. Baasii atattamaaf (baasii miidhaa godaantotaaf kanneen haala hintaane keessa jiranuf kan akka baasii qorichaa, nyaataa, geejiba, iddoo boqonnaa yeroof yoo iddoon boqonnaa Giddugala keessa hinjirre ta’e).
9. Qophii fi tamsaasa meeshaalee waa’ee Odeeffannoo Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa, Birosharoota, sagantaalee adda addaa, tajaajila fi hojii adda addaaf kan oolu

**Saanduqa 3.3. Haala adeemsa qophii karoora bajataa Giddugala Odeeffannoo**

☞ Baasiin bu'a qabeessa akka ta'uuf qooda fudhatoota wajiin tooftaa baasii qoddannaa hordofuun nibarbaachisa.

☞ Haala hojjettoota ergeisaan deggertoota irraa itti fudhatamu, tolaooltota hirmaachisuu, leecaloo naannoo fayyadamuu kkf.

☞ Haalli bulchiisa faayinaansii isaa haala bulchiisa faayinaansii mootummaan walitti hidhuu fkn. Ministeera Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa wajjin

☞ Karoori faayinaansii, dhimma deggersaa fi hordoffii dabalachuun ooditii fi raawwiin faayinansii hojiiwwan projektichaan rawwatamaniin wajjin walbira qabamee ilaalamuu qaba.

## *3.5. Bulchiisa Ragaa (odeeffannoo)*

Bulchiisi daataa tajaajila barbaachisaa Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa keessa tokko dha. Bulchiisa daataan sirrii ta'een ala tajaajila Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa kennuun guutuu hinta'u. Bulchiisi daataa Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa kan ofkeessatti qabatu, daataa sassaabuu, kuusuu fi galmeessuu fi gabaasuu fa'i. Hojjettoonni Giddugala Odeeffannoo Godantootaa malaan data sassabuu, kuusuu fi qulqullinaa fi baayina tajaajilaa, fayinaansii fi leecaaloo barbaachisu fi kan itti fayyadaman fi yeroo murtaa'ee keessatti tajaajila gurguddaa karoorfamee fi raawwatame adda baasuun sassabuu fi kuusuu qabu. Qooda fudhattoonni Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa haala itti daataa (ragaan) giddugala keessatti qabame ilaaluun hojii giddugalichaa madaaluu danda'u. Kanaafuu, Akkuma tajaajila qulqullinan kennuu sana hojjetoonni Giddugala Odeeffannoo Godantootaa bulchiisa data sirrii ta'eefs ulfaatina kennuu qabu. Dabalataanis, bulchiisi data yookiin ragaa sirrii ta'e, hojjetoota giddugala odeeffannoo godaantotaa akka isaan karoora tajaajilaa sirrii qopheeffatan, akka isaan sirriitti bulchan, fi kaayyoofi galma isaanii irraa akka adda hinbaane akka to'ataniif nigargaara. Hojjetoota giddugala odeeffannoo godaantotaa dabalataan kan inni gargaaru, deggersa ragaa irratti hundaa'ee, haala godaansaa, mirgoota godantootaf falmuu, qunnamtii sirrii ta'e deggertoota fandii qaamolee mootummaaawajjin gochuuf nigargara.

Bulchiisi Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa, ragaa qabatamaa sassaabuu fi ragaa xinxalamaan kanneen armaan gadiif nibarbaachisa. (Pillinger, 2015)

- Baayyina dhimmaa fi tajaajila Giddugala Odeeffannoo Godaantota hordofuuf
- Hordoffii fi garee maamilota adda bahaniif tajaajila isaanii karaa irra buusuu fi maamila dhuunfaaf tajaajila kennuu

- Odeeffannoo maamilaa, yaadannoo dhimmamtootaa, kaayyoo maamilaa fi bu'aa isaa galmeessuu
- daataa cuunfuun proojektichaaf gabaasuu

**Raga sassaabuu**

Giddugalli Odeeffannoo Godaantotaa tajaajiloota gurguddaa wajjin kan walqabatan daataa nisassabuu. Kunis kan dabalatu:

- Bobba'insa hojii ofeeggannoo qabu irratti gorsa kennuu, mirga hojjettoota hojii irratti bobba'anii fi deebisanii dhabuu irratti hojii hojjetame
- Odeeffannoo kennuu, barnootaa fi leenjii iddoo giddugaleessatti fi yeroo hojii dirreetti kennuu
- Daddabarsaa fi walitti hidhamiisa tajaajilati.

Agarsiiftuu qabxiilee raawwii tajaajila gurguddaa irratti hundaa'uun, hojjettoonni giddugala odeeffannoo godaantotaa, mala ittiin daataa odeeffannoo guuran kan sadrkaa isaa eeggate hundessuu nidanda'uu.Ragaa sassaabuun giddugala odeeffannoo godaantotaa kessattis ta'ee yeroo bobba'insa dirrees ta'uu nidanda'a.Ragaa hojii Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa keessatti raawwataman sassaabuuf, kaardii maamilaaa odeeffannoo waa'ee maamilaa fi tajaajila maamilli barbaadee fi maamilaf kenname hunda waan qabatuuf hojjettoonni ragaa sassabuuf itti fayyadamuu nidanda'u. Kaardiin maamilaa maanuwalii kanatti hidhamee waanjiruuf duuka deemtuu .2 ilaali. Hojjetoonni Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa kaardii maamilaa qorachuun itti tajaajilamuun dura fooyyessuu barbaaduu isaa mirkaneeffachuu dha.Altokko eddee fooyya'ee booda, Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa keessatti dhimma maamilichaaf akka ragaatti gargaara.

Hojjetoonni Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa ragaa hojii dirreee fi tajaajila achitti kennan kan ittiin sassaaban guca qopheeffachuun, baayyina aanaalee daawwatanii, tajaajila kennuuf maloota itti fayyadaman, miira hawaasa fi duubdeebii hawaasi tajaajilicha irrat qabu itti sassaabu.

**Ragaa kuusuu, Galmeessuu fi Eeguu**

Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa keessatti haala raga kuusuu fi galmeessuu gosa lamatu jira; waraqaa (faayilatti) kuusuu fi bulchiisa daataa beezii fayyadamuutu jira. Akka filannootti hojjetoonni giddugalichaa maloota lammanuu fayyadamuu nidanda'u.Waraqaan ragaalee galmeessuu fi kuusuu guca galmee maamilaa fayyadamuun, kaardii maamilaa, kuusaa ragaa maamilaa (kooppii maamilli godaansaaf walqabsiisee dhiyeesse) fayyadamuun nidanda'ama. Baasiin isaa xiqqaa ta'u illee, ragaa waraqaan kuusuun yeroo ragaan baayyee ta'uutti qabiinsaaf baayee rakkisa. Yeroo ragaa dabarsuu fi xiinxaaluuf barbaadamettis baayyee rakkisaa dha. Kanaafuu, malli filatamaan, mala daataa beezziitti fayyadamuu dha. Yoo danda'ame, mala bulchiisa weeb-saayitii irratti hundaa'ee fayyadamuun ragaalee gurguddaa fi yeroo dheeraf kufamaniif mala bu'a qabeessa dha. Hojjetttoonni Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa haala mala weeb-saayitii fayyadamuun daataa beezii bulchuun danda'amu irratti leenjii argachuu qabu. Maloonni akkasiis qunnamttii sarara interneetii gaarii barbaadu. Filannoon kan biraa immoo, maakroosoftii 'Excel'

onlayniin fayyadamuun odeeffannoo guutuu waa'ee maamilaa fi sochii tajaajila Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa argachuun nidanda'ama. Kanaafuu hojjetoonni giddugalichaa beekumsa bu'uraa kompiteraa qabaachuu qabu.

Ragaan daataa beezii irratti guutamu kan sassaabamu, guca galmee maamilaa, kaardii maamilaa fi kuusaa ragaa maamilaa irraati. Maamilli karaa bilbilaa yookiin ima'iliin qunnamame hundi daataa beezii keessa galuu qaba. Akkasumas tajaajilli walharkaa fudhiinsaa fi bu'aan mammilli argates galmaa'uu qaba.

Daataa beeziin Giiddugala Odeeffannoo Godaantootaa proofaayilii godaantotaa (kan akka maqaa, guyyaa dhalootaa, saala, haala gaailaa, haala qacarrii fi odeeffannoo qunnamtii) fi tajaajila keenamu (gasa tajaajila, idoo tajaajila, guyyaa itti faayilli baname, daddabarsa, fi kkf.) Yoo daataan haala salphaan saalaan, umuriin, gosa tajaajila kennameen fi kkfn yoo adda bahee baayyee gaarii dha. Daataa beeziin guyyaa gorsaa fi guyyaa gorsa itti aanuu fi maqaa hojjettoota Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa isaan deggeree qabaachuu qaba.Kallattiin daataa beezii giddugala odeeffannoo godaantoota keessatti fayyadu kan ILO (2014) fi Pillinig (2015) irraa madaqfame gabatee 3.3 asiin gadii keessatti ibsameera.

**Gabate3.3. Haala itti daataa beeziin Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa keessatti itti fayyadamamu**

| Mataduree Odeeffannoo | Qabiyyee |
|---|---|
| Quunnamtii Odeeffannoo | - Haala quunnamtii maamila gadifageenyaan<br>- Yeroo balaa tasattii teessoo miseensota maatii |
| Odeefannoo haala maatii maamilaa | - Umurii fi koorniyaa<br>- Haala gaa'ilaa, haaala maatii fi baayina namoota maxxananii jiraatanu<br>- Biyya ka'umsaa (Giddugala odeeffannoo godaantotaa waa'ee biyya ga'umsaa irratti hojjetuuf)<br>- Magaala ammaa/naanoo maamilli jiraatu<br>- Sadrkaa barnoota olaanaa inni irra gahe |
| Odeefannoo haala qacarrii /godaansa | - Amma godaansichi si'a meeqafaaf<br>- Haala qacarri<br>- Seektera itti qacarame (gosa hojii)<br>- Muuxannoo ogummaa<br>- Afaan jalqabaa fi lammaffaa inni haasa'uu danda'u<br>- Seenaa godaansa isaa duraa, gosa godaansaa dabalatee fi |

| | |
|---|---|
| | biyya deeme<br>- Saaxilamummaa (fakkeenya., fayyaa, miidhaa namoota namootaan daldaalanuun irra ga'e)<br>- Karoora yeroo biyya deemuu gahu qabuu fi karoora yeroo biyyatti deebi'u qabu.<br>- Sababa godaansaa |
| Tajaajila barbaadamuu fi kenname | - Gosa tajaajila barbaadamuu<br>- Tajaajila kenname (gorsa fuula fi fuulaa, leenjii imala duraa, tajaajila seeraa)<br>- Mala Giddugala Odeeffann Godaantotaa wajjin itti quunnaman (gara giddugalaa dhufuun, bilbilaan, ime'iliin, weebsaayitiin).<br>- Daddabarsa yookiin walharkaa fuudhinsa tajaajila biraaf godhame (fkn. qacarrii mootummaa yookiin tajaajila leenjii, Tajaajila miti mootummaa kan biraa)<br>- Namoota biraa tajaajila giddugala odeeffannoo godaantotaa irra tajaajila barbaachaaf dhufan firoota dabalatee<br>- Maamiloota giddugala odeeffannoo godaantotaa irraa offi isaaniif tajaajila barbaacha dhufan<br>- Namoota kanaan dura muuxannoo godaansa addunyaa qabaniin tajaajila giddugala odeeffannoo godaantootaa irraa barbadame |
| Bu'aa argame | - Buaa tajaajila booda argame: lakkoofsa namoota godaananii, (karaa idilawaan, karaa al idilaawaan, yeroo qorannaa, maatiin deebisanii walitti makuu fi kkf)<br>- Bu'aa tajajila boodaa: kan hingodaanin (barnoota isaanii kan itti fufan fi leenjii fudhatan fi qaccarrii biyya keessa argatanii fi kkf.) |

**Gabaasa**

Gabaasi bulchiisa Giddugala Odeeffannoo Godantotaa isa barbaachissaa dha. Gabaasi kan irratti hundaa'uu xiinxala faayila waraqataa fi galmee daataa beeziin galmaa'aa ture irratti hundaa'ee qopha'a. Odeeffannoon Giddugala Odeeffannoo Godaantotaatti galma'aa ture hundi faayidaa bal'aa qaba; innis:

- Rakkoo maamiltoonni odeeffannoo fi gorsa irratti barbaadan maal akka ta'e beekuuf nugargaara.
- Muuxannoo gaarii akka adda baafnuu fi godaansa keessatti wantoota haaraa mudatan

beekuuf nugargaara.
- Imaamata fi sirnaa fi seerota fooyyessuuf akka gorsaatti tajaajila.
- Ka'umsa fandii barbaachaa ta'uun bu'a qabeessummaa kenniisa tajaajilaa fi faayidaa mallaqaa agarsiisuuf nigargaara.

Hojjettoonnii Giddugala odeeffannoo Godaantotaa gabaasa gosa lama qamoolee mootummaa fi qaamolee qooda fudhatootaa fi mallaqaan kan deggeranuuf dhiyeessu. Gabaasi gosa jalqabaa hojiiwwan Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa yeroo ta'u, inni lammaffaa immoo gabaasa baajatan walqabatu ta'a. Gbaasi gosa lachuu kan qophaa'uu kurmaanaan yookiin waggaan haala waliigaltee Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa fi qaamolee mootummaa wajjin godhamen ta'a.

Yeroo gabaasi hojii Giddugala Odeeffannoo Godaantoota qophaa'uu dhimmoonni agarsiiftuu raawwii armaan gadii yaada keessa galuu qabu:

- Lakkofsa fi gosa maamila gara Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa dhufan
- Gosa tajaajila maamiloonni barbaadaniif argatan
- Baayyina maamiltoota quunnamtii fi walharkaa fudhiinsi godhame
- Baayyinaa fi gosa tajaajila dirree raawwataman
- Baayyina aanalee tajaajila hojii dirreen irra gahamee
- Bu'aa laka'amuu danda'uu fi qulqullinaan hojii hojjetameen argame (fakkeenyaaf, jijjiirama godaansa al-idilawa irratti dhufe, Qopha'ummaa jijjirama hawaasa irratti gama godaansa seera qabeessan dhufe ,qophaa'ummaa hawaasi deebitoota deebisanii dhaabuuf agarsiisan)

Gabaasi faayinaansii gama tokkoon tilmaama gabaasa fi gabaasa haga yeroo gabaasatti ittifayyadaman. Qaamoleen gargaarsa tokko tokko nagahee baasiiwwan kan barbadan yeroo ta'u, kaan gabaasa odiitii qofa barbaadu.

## *3.6. Naannoo Giddugalli Odeefannoo Godaantotaa jirutti walta'insaa fi haala walharkaa fuudhiinsa godaantotaa*

Walitti hidhamiisi, walta'insi fi daddabarsi godaantotaa qaama gahumsa fi bu'a qabeessummaa hojii Giddugaleessa Odeeffannoo Godaantotaati. Giddugallai odeeffannoo godaantootaa leecaloo walittiqabuu, ogeesssota qindeessuu, fi tajaajila qinda'aa fi itti fufiinsa qabu godaantotaa fi deebitoota godaansa fi maatii isaaniif karaa walquunnamtii sirritti hundaa'e fi mala walta'insa irratti hundaa'een nikennuu. Walta'insii fi sirni walharkaa fuudhiinsaa, beekamtii qabu, dandeettii, ittifufiinsa giddugalaa fi tokkon tokkoon qooda fudhattootaa tajaajilli fi qaqqabamummaan isaa akka fooyya'uuf nihojjetu.

Barbaachisummaan walta'insaa fi sararrii walharkaa fuudhinsaa yeroo hunda kan fuuldura dhufuuf Giddugalli Odeeffannoo Godaantotaa waan hunda kophaa hojjechuu waan hindandeenyeef dha.

Kun sababiin isaa, hanqina qabeenyaa fi humna namaa irraan kan ka'e fedhii maamilaa guutuuf jecha dha. Tajajila Giddugala Odeeffannoo godaantotaan kennamu quubsaa taasisuuf walta'insi fi deggersi qaamolee qooda fudhattootaa baayyee barbaachisaa dha.

Karaa walta'insaa fi sarara walharkaa fuudhiinsa godantotaan Giddugalli Odeeffannoo Godantotaa bu'aalee armaan gadii galmeessisuu nidanda'a.

- Waa'ee tajaajila Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa hubannoon qooda fudhattootaa akka dabaluu fi hirmaannan isaan walharkaa fuudhiinsa irratti qaban nijajjabeessa;
- Maamilooti tajaajila balla humnaa fi gahee giddugala odeeffannoo godaantotaan ala ta'e akka argataniif carraa nibanaaf;
- Qulqullina tajaajilaa fooyyessuu fi
- Maamilonni akka tajaajila iddoo tokkoo argatan gargaaruuf fayyada.

Gatii kanaatif, hojjettoonni Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa dhaabbilee, gaereewwan, fi namoota dhuunfaa fi maamila kamiin gara tajaajila addaa kamitti giddugalli akka ergu adda baafachuun isa barbaachisa. Tjaajilli addaa kan haammachuu danda'u kan akka tajaajila seeraa, qaxarrii hojii, leenjii daladaalaa, leenjii ogummaa, carraa barnoota alaa, eegumsa fayyaa, ogeessummaa, gorsa xiin-hawaasummaa, deggers maallaqaa fi meeshaa, carraa liqii fi fundii marmaartuu fi kkf dha.
Dhaabiileen armaan gadii, dhabbilee fi gareewwan murteessaa Giddugala Odeeffannoo Godaantotaatti haala qabatamaa naanoo irratti hundaa'uun, hojjetoonni giddugala odeeffannoo godaantotaa, dhaabbilee fi qooda fudhattoota kan biroo wajjin tajaajilli isaanii gahumsa akka qabaatu taasisuu nidanda'u Fkn.

- Waajjira Dhimma Dubartii, Daa'immanii
- Waajjira Dargaggoo fi Ispoortii
- Tajaajila mana qopheessaa
- Misooma interprizii fi indastirii
- Waajjira haqaa fi nageenyaa
- Waajjira fayyaa
- Hospiitaalota
- Dhaabbilee barnoota Olaanoo (Yunivarsiitotaa fi koolleejjota)
- Dhaabbilee hawaasaa fi Dhaabbilee Miti Mootummaa
- Waldaalee hojjetoota fi Waldaalee Hojii gamtaa
- Dhaabbilee amantaa
- Waldalee deebitoota godaansaa (deebitoota dhuunfaan)
- Waajjira Poolisii
- Waajjira haqaa
- Mana murtii
- Dhaabbiklee Faayinaansii Xixiqqaa
- Dhaabbilee Barnootaa fi leenjii Ogumaa (BLTO)
- Ejensoota dhuunffaa bobbii hojii biyya alaa
- Ejensoota dhuunffaa bobbii hojii biyya keessaa

- Waldaalee hojii gamtaa
- Garee ofiin ofdanda'uu

Hojjetoonni giddugala odeeffannoo godaantootaa walta'iinsa fi walharkaa fuuchaa bu'a qabeessaa gochuuf dhimmoota armaan gadii xiyyeeffannaa keessa galchuu qabu.

- Irra deddeebiin tajaajilaa akka hinjiraanne gochuu
- Sirnni bulchiisa dhimma tajaajila maamiltootaa akka cimuuf Giddugalli Odeeffannoo Godaantotaatin tajaajilli dhaabbileen biroon kennanun walitti qindaa'ee adeemuu qaba. Haala gaariin walharkaa fuudhiinsaa qindaa'ee (fakkeenyi isaa duuka deemtuu 2 ilaali). Waa'ee odeeffannoo maamilichaa hunda kan akka maqaa, haala maatii, umurii saala, barnoota, teessoo qunnamtii, fedhii maamilaa daddabarsaf qabu, fedhii adda bahe, tajaajila inni giddugala irraa barbaadu fi maaliif akka dabarfame irratti fedhii qabaachuu isaa.
- Hojjettoonni giddugala odeeffannoo godaantotaa fi qaamoleen walharkaa fuudhiinsa keessatti qooda fudhatan gahee fi ittigaafatamummaa isaanii sirritti beekuu qabu, dabalataanis haala itti iccitiin maamilaa haala eegameen qaamolee walharkaa fudhaniif darbus beekuun barbaachisaa dha. Kun kan galma ga'uu danda'u giddugala odeeffannoo godaantoota fi qaamolee walharkaa fuudhan giddutti sanadi waliigaltee (MOU mallattaa'e dha. Kanaafis, duuka deemtuu 2 ilaali). Sanada waliigaltee keessatti, gahee fi itti gaafatamummaan qaamolee walharkaa fuudhanii, maloota walquunnamtii, maloota odeeffannoo waljijjiirraa fi giddugalaa waajjin haala itti odeeffannoo qoddatan fi adeemsa walharkaa fuudhinsaa fi haalii bu'aan itti madaalamu sirritti sanada waliigaltechaa (MOU) keessa taa'uu qaba.
- Tajaajila hordoffii fi bu'aa walharkaa fuudhiinsaa karaa irra buusuuf, hojjettoonni Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa qooda fudhattootaa wajjin hordofuu qabu. Kun kanmijeessu, barnnoota gosa tajaajila maamilaaf karaa walharkaa fudhiinsaa kennamuu, haala isaa fi bu'aa isaa fi dhiibbaa inni jireenya maamila irratti fide beekuuf gargaara.

## *3.7. Deggersa fi hordoffii Giddugala Odeeffannooo Godaantotaa*

Baayyee barbaachisaa kan ta'eefii qaama kenniisa tajaajilaa kan ta'e deggarsii fi hordoffiin baayyee murteessaa dha. Kun meeshaa bulchiisaa keessa tokko kan ta'ee fi bu'aa argame irraa barachuu fi gara fuula duratti odeeffannoo gahaa irratti hundaa'uun tajaajila godaantotaa fi deebitootaaf kennamu fooyyessuuf gargaara. Kanaafuu, kennitooti tajaajila Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa yeroo karoorsanu dhimma Deggersaa fi Hordoffii qaama adeemsa bulchiisa Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa ta'uun isaa hubatamuu qaba.

**Saanduqa 3.4. Hordoffii fi Madaallii: Hiikkaa**

**Hordoffii:** Haga proojektiin jirutti hojii itti fufu dha. Proojektiin hagam akka karoora isaa wajjin deeme murteessuun kan danda'amu karaa hordoffiitini dha. Proojektichi karaa isaa irra jiraachuu fi tooftaa isaa yookiin hojii isaa jijjiiruun bu'a qabeessa akka ta'uuf hordoffiin nigargaara.

**Gamaagama:** Gamaagami proojektichi ammam akka kaayyoo isaa galmaan gahe murteessuuf gargaara. Dabalataanis hojiin proojektichaa bu'aa maal akka fide sakata'uuf gargaara. Beekumsa yookiin jijjiirraa amaalaanis walfakaata. Gamaagami proojektii kan jalqabu sakata'insa bu'uraa irratti hundaa'uun odoo proojektiin hojii isaa hineegallin dura jalqaba. Gamaagami proojektii kan guduunfamu ragaa yeroo proojekktiin xumuramu sassabame ragaa yeroo projektiin jalqabame sassabamee walcina qabuun waliin dorgomsiisuun ta'a. Yeroo bajati eeyyemus yeroo tokko tokko walakkeessa proojektiitti gartokkeen isaa nigamaagamama.

*Madda: CORE Initiative, 2006.*

Karoorri bulchiisa projektii kami iyyu yoo haala hordoffii fi madaallii hinibsine guutuu ta'uu hindanda'u. Kaayyoon sagantaa giddugala odeeffannoo godaantotaa fi tarreeffami hojii edda qophaa'ee booda, gochi itti aanuu qabu karoora hordoffii fi gamaagamaati. Kunis sagantichi haala foyyee qabuun deemaa jiraachuu fi kaayyoo isaa galmaan gahaa jirachuu mirkaneeffachuuf gargaara. Giddugalli Odeeffannoo Godantootaa sagantaa hordoffii fi gamagamaa qooda fudhattootaa fi hawaasa naannoo wajjin mari'achuun baafachuu isaas mirkaneeffachuu qaba. Gucoonni karoorri hordoffii raawwii fi madaallii giddugala odeeffannoo godaantotaaf bu'ura dha. Si'a tokko bulchiisi waan proojektichi glmaan gahu edda beekee, waan hordfuu barbaadan adda baasuun foyya'insi hojichaa karaa irra jiraachuu fi raawwiin haala karooraan deemaa jiraachuu nimirkaneeffatu. (saanduqa 3.5 ilaali)

**Saanduqa 3.5. Karoora, Hordoffii fi Madaallii Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa**

- Hordoffiin yeroo yeroon kan gaggeeffamu yeroo ta'u, madaalliin garuu wallakkeessa ykn xumura proojektichaa irratti dha.
- Hordoffii fi Madaalliin qaamolee qooda fudhattoota waliin ta'uun gaggeeffama.
- Sirna hordoffii fi madaallii lafa qabsiisuuf ragaalee galmeessaa deemuun barbaachisaa dha. Sirna hordoffii fi madaallii yeroo hunda hojiiwwan ijoo fi agarsiiftota haaromsaa deemuu baannaan sirna hordoffii cimsuun hindanda'amu.
- Dursa haala gaariin karoorsuu, bajati isaa jiraachuu mirkaneeffachuu
- Wanti madaalamu qooda fudhattootaa wajjin karaa ifaa fi irratti waliigalameen ta'uu isaa mirkaneeffachuu

- Qorannaa bu’uraa gaggeessuun, irra deebiin qorachuun jijjirama ibsuun muuxannoo proojektiin agarssiiftuuwwan adda bahan irratti argame ibsuu
- Yeroo yerootti waldorgommsiisuun saala adda addaa gidduutti, umurii, iddoo fi tajaajila adda addaa gidduutti jiraachuu qaba.
- Bu’aalee galmeessuu fi baliinaan waliiqooduun barbaachisaa dha.
- Wanti beekamuu qabu madaalliin waa’ee bu’aaqabessummaa fi kufaatii murteessuu qofaaf odoo hinta’in kallatti ittin hojiin fooyee qabu hojjetamuu barbaaduu fi adeemsicha irraa barachuu dha.

**Agarsiiftoota (indikeeteroota) adda baasuu**

Hordoffii fi degersi Giddugala odeeffannoo godaantoota sadarkaa duraatti agarsiiftota (idikeeteroota) kaayyoolee adda baasuu qaba. Indikeeterooti bulchiisi giddugala odeffannoo godaantotaa akka inni sarara foyya’insaa irra akka deemuu fi akka fooyya’u gargaara.Haala itti bu’aan proojektii safaramuu niibsa,ka’umsa madaallii sadarkaa hundaa agarsiisa, bu’aa hojjettoota giddugala odeeffannoo godaantotaa , hawaasa fayyadamtootaa fi deggertootaa niagarsiisa. Indikeeteroonni yaada ballaa eessatti haala gaariin akka demaa jiruu fi eessatti foyyessuu akka barbaachisu agarsiisa.

Proojektoonni agarsiiftota (indikeeteroota) hedduu keewwachuu danda’u. Kanneen akka dhiibbaa, bu’aa ykn firii agarsiiftuu ta’uu danda’a.Indikeeteroonni gaariin ifaa dha, safaramuu danda’u, qaqqabamaa dha, barbaachisaa dha akkasumas yeroon kan daangeffame dha. Kanaafuu, yoo akka gaarii ta’u barbaadame kallattii fi maloota kaayyoo ibsanii wajjin walitti firoomuu qabu. Kana jechuun salphumatti, lakkofsaanis hata’uu, qulqullinaan yookiin galmaan taa’eetu sana bira gahamuu isaa kallattii taa’uu dha (ILO, 2014b). Gabatee 3.4 ilaali

**Gabatee 3.4. Fakkeenya Agarsiistota Giddugala odeeffannoo Godaantotaa**

| **Walitti hidhamiisa bu’aalee** | **Indikeeteroota (agarsiiftuu)** | **Karoora (xiyyeeffannaa)** | **Mala qulqulleeffannaa** |
|---|---|---|---|
| **Dhiibbaa** | • Mirgi hojjettoota godaantotaa nieegama | | gabaasa madaallii |
| **Bbu’aa** | • Lakkofsa namoota akka karaa al idilawaa hindeemne murteeffatanii<br>• Lakkofsa namoota godaansaa deebi’ani karaa itti fufiinsa qabuun deebi’anii dhabbatan. | Saaxilamtoota godaansaa 1000 (700 dubara fi 300 dhi)<br>500 deebitoota 500 (400 dubara fi 100 | Gabaasa hordoffii |

| | | | |
|---|---|---|---|
| | | dhiira) | |
| **Frii** | • Laakkofsa namoota leenjii irratti hirmaatanii (saaxilamoota godaantotaa hirmaatan)<br>• Lakkofsa ummata naanoo duula hubannoo uumuu irratti kan hirmaatan<br>• Lakkofsa maamiloota tajaajila gorsaa fudhatan<br>• Kakkofsa deebitoota gargaaramanii | 2,000 (50% dubara)<br><br>Hawaasa 15,000<br><br>Maamila 500<br><br>Deebitoota 300 | Galmee leenjii<br><br>Gabaasa hordoffii |
| **Hojiiwwan** | • Leenjii saaxilamtootaf qophaa'ee<br>• Duula hubannoo hawaasa cimsuuf godhame<br>• Gorsa garee fi dhuunfaan saaxilamtoota fi deebitootaf godhame<br>• Leenjii bulchiisa daldalaa kenname | Kutaa leenjiii sadiitti<br><br>Yeroo dulaa afur<br><br>Kutaa 100<br><br>Yeroo leenjii kutaa sadiin | Gabaasa foyya'insa hojii<br><br>Gabaasa faayinaansii |

**Sadarkaa agarsistoota gaariin itti adda bahan**

Karoorri Giddugala Odeefannoo Godaantotaa yeroo qophaa'uutti, agarsiistota filachuun hojii ofeeggannoo barbaadu dha agarsiiftonni gaariin bu'aa barbaadamu sirritti ibsu, jijjiirama barbaadamu sirritti agarsiisu, Sirrittis kanibsame dha, salphaatti kan hubatamu dha, salphaattu kan safaramu dha. Fakkeenyaaf Proojektii deebitoota godaansaa keessatti, kaayyoon deebitoota 500f leenjii dandeettii daldaalaa kennuu ta'a. Galma ga'insa kaayyoo kana safaruuf agarsiiftuun tokko, lakkofsa namoota deebitoota leenjii ogummaa daldaala fudhataniiti agarsiiftuun salphaa dha.Jalqaba hordoffii projektichaa irratti hiikkaa deebitootaa fi dandeettii daldaalaa irratti waliigaluun, kaayyoo projektichaaf barbaachisaa dha. Kun kan mirkaneessuu, hojjetoonni projektii fi miseensonni hawaasa naanoo projektichaa jiraatan raga sirrii ta'e nigalmeeffatu.

Qajeelfamoonni itti aanaan agarsiiftota filachuuf nigargaara (USAID)

1. Karoora hordoffii qopheessuun liistii indikeeteroota adda baasuu (lakkofsaaa fi qulqullinaan) hojjetootaa fi qooda fudhattoota hubachiisuun agarsiiftota isaan kamtu hordoffiif gargaara isa jedhu murteessuu.
2. Kaayyoo irratti ofegganon mari'adhu. Maal jechuu akka barbaade siirritti hubadhu. Kaayyoo baayyee diriiraa ta'een kaa'uu irra ofeeggadhu. Kaayyoon ballaan ifaa miti. Idikeeteroota hordoffii fi madaallii adda baafachuuf nama rakkisa.

3. Jijjiirami akkami akka barbaadamu sirritti hubadhu. Proojektichi maal jijjiiruu barbaada; beekumsa, ilaalcha, amala, haala, seera, imaamata, ykn haala hawasa? Giddugalli Odeeffannoo Hawaasummaa sadarkaa maaliitti jijjiirama fiduu barbaada? Sadarkaanama dhuunfaatti, sadarkaa maatiitti, sadarkaa gareetti, moo sadarkaa hawaasatti?
4. Agarsiiftonni kaayyoo gooree fi hojiiwwan giddugala Odeeffannoo Godaantotaa wajjin walsimuu isaa mirkaneeffachuu. Kun kan gargaaruuf yeroo namoonni adda addaa raga sassabanuu fi xiinxalanu nigargaara.
5. Agarsiiftuu salphaa kallattii tokkotti xiyyeeffatuu fi jijjirama tokko irratti kan xiyyeeffate ta'uu qaba. Akkuma indikeeterooti walxaxaa ta'aniin, sassabbiin daataa, xiinxalli daataaa fi daataa hiikuun walxaxaa ta'aa deema.
6. Altokko Agarsiiftonni adda baanan, akkaataa dataan itti sassabamu fi galmaa'uu murteessuun barbaachisaa dha. Indikeeteroota adda addaa irratti maddoota ragaa mirkaneeffachuu fi maloota sassabbii ragaa isa kamtu irra caalaa ta'af kan jedhu dursa mirkaneeffadhu.

**Xiinxala daangaa sirrii ta'e keessatti gaggeeffamu: Hordoffii fi Madaallii**

Tajaajilaa fi faayidaa Giddugala Odeeffannoo godaantotaa ilaalchiise malooti hordoffii fi madaallii baayyetu jiru. Kanneen keessaa beekamoon maatriksii Xiinxala daangaa sirrii ta'e keessatti gaggeeffamu (Logical Framework Analysis matrix) dha. Malli kun, mala beekama amala sagantaa fi hordoffii fooyya'insaa fi madaallii ti. Amaloonni isaa bekamoonis:

- Duraaduuba kaayyowwanii daanggessuun hubannoo ilaalchaa walfakkaataa guddisa.
- Agarsiiftonni bu'a qabeessa fi ulaagaa hordoffii fi madaallii hundeessa
- Yaada ka'umsaa sagantaan irratti hundaa'uuf ulaagaa niibsa
- Mala hojiin ittiin mirkanaa'uu nihundeessa

Moodalli yookiin maatrksiin irra gadee, bu'ura yaada malaa fi dhuma hariiraoo waliiti. Hiikkaan isaa, sagantaan hundi malaa fi dhuma niqabaata. Kana jechuun, yoo haala ta'e keesssatti bu'aa ta'e fidne, galma ta'e bira gahuuf yaadnutu jira jechuu dha.Kaayyoo yaadame bira gahuuf, hojiiwwan bu'aa buusuu fi gara bu'aa buusuutti fi kkf tti nama geessa. Karaa biraatiin, loojiikiin moodallii dalgee ta'e, kaayyoowwan ijoo indikeeteroota (agarsiiftuu) karaa odeeffannoo sassabamee fi mirkanaa'een fi yaadaan kaayyoowwan gadee sdarkaa hundaa ibsa. Amaloota yaadota lammaanii fakkeenyota maatriiksii gabatee 3.5 jalatti ibsameera.

**Gabatee 3.5. Fakkeenya Daangaa Matriksii Sirrii keessatti Gaggeeffamu**

| Cuunfaa ibsa waliigalaa | Agarsiiftota Kaayyoowwan mirkana'an | Mala ittiin mirkana'an | Yaadota ykn Bu'aa eegamuu |
|---|---|---|---|

| | | | |
|---|---|---|---|
| **Galama/Bu'aa fkn**. Mirga hojataa fi hojii guddina xiin-hawaasummaa godantootaa fi deebitoota eeguu<br>*Fakn.Miraga hojii fi xiin-hawaasummaa godaantootaa fi deebitoota eegame*<br><br>Godaansi alidilawwaa X galma qabame irraa gadi bu'ee | Lakkoofsa godaantotaa fi deebitoota tajaajila Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa irra fi godaansa idilawaa irraa fayyadaman<br><br>% Godaansa al idilawaan naannoo xiyyeeffannaan irratti hojjetame ieeatti bara XXXX gadi bu'e | data gabaasa madaallii fi raga godaansaa naannoo irraa | *Kutannoo sirrii fi dhugaa qooda fudhattoota fi waltaatota gidduuttii uumame* |
| **Outcome**<br>*Fakkeenya.*<br>Lakkoofsa godaantota odeeffannoo argachuun godaansa seera qabeessa deemuuf murteeffatanii<br><br>Lakkoofsa deebitoota bara – keessatti itti fufiinsaan hawaasa keessatti deebi'anii dhaabbatan XXXX | Lakkoofsa dhiiraa fi dubartoota waliigaltee hojii bobbii biyya alaa raawwatan.<br>Qacarrii karaa seera qbeesa ta'e gaggeeffame lakkoofsa deebitoota godaansaa deebi'anii godananii<br><br>Lakkoofsa deebitoota godaansa hojii mataa isaanii uummatanii ykn mindaan qacaramanii | Gabaasa hojii<br><br>Ragaa leenjiiwwanii<br><br>Galmee hordoffii, bilbila, fi raga deebitoota biraa argame<br><br>Gabaasa gamaagamaa | *Walta'iinsa fi Hirmaannaa hawaasaa hiika qabuu* |

| | | | |
|---|---|---|---|
| **Bu'aa (Outputs)**<br>*Fakkeenyaaf*<br>Saaxilamtoota godaansaa leenjii ykn ibsa fudhatan | Lakkofsa godaantotaa leenjii xumuranii | Hojiiwwan yeroo yerooti hojjetama, gabaasa faayinaansii | *Leenjistoota gahaa fi kanneen dandeetti qaban jiraachuu* |

| | | | |
|---|---|---|---|
| Deebitoota sagantaa gorsaa fi leenjii dandeettii bulchiisa daldaala xumuran<br><br>Qaama hawaasa duula hubannoo hordofan fi hirmaatan | Deebitoota sagantaa gorsaa fi leenjii dandeettii bulchiisa daldaala xumuran<br><br>Lakkoofsa hawaasa duula hubannoo uumuu hordofan | fi qaboo yaa'ii<br><br>Gabaasa madaallii<br><br>Liistii hirmaattotaa (leejeriir)<br><br>Guca ittiquufiinsa maamilaa | |
| **Hojiiwwan**<br><br>*Fakkeenyaaf*<br><br>Meeshaalee bitaman<br><br>Leenjii saaaxilamtoota godaansaaf kenname<br><br>Tajaajila gorsaa deebitootaf kenname<br><br>Duula hubannoo gaggeeffameconducted<br><br>Tajaajila daddabarsa deebitoota argatan | Baayyina bitame<br><br>Baayyina leenjitoota Yeroo itti gaggeeffame<br><br>Baayyina deebitoota tajaajila gorsa fudhatanii<br>Baayyina duula gaggeeffame deebitoota tajaajila walharkaa fuudhinsaa argatanii | Gabasa haaraa<br><br>Gabaasa Faayinaansii<br><br>Gabaasa Ooditii<br><br>Waliigaltee<br><br>Ajaja bittaa<br>Gabaasa baasii faayinaansii | *Hojii Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa gaggeessuuf bajata gahaatu jiraata.* |

**Hubachiisa: Agarsiiftuwwan kaayyoolee mirkana'anii (Objectively verifiable indicators)** kan lakka'aman, yaadaan kan ibsaman, fi yeroon kan daanggeffame ta'ee, hagam sadarkaa arfaniin walsimuu isaaniif ragaa ta'u. Sadarkaa kaayyoo hunda irratti milkaa'ina agarsiiftuu kaayyolee mirkana'an agarsiisu danda'u. Hordoffiif haala mijeessuu fi fala barbaadamu kaa'uuf gargaara.

**Mala Mirkaneeffannaa:** Maddoota tokkon tokkon haalli indikeeteroota yookiin agarsiiftuwwan ittin mirkana'an.

**Tilmaamaa**: Tilmaami fi sodaa haala to'annaa sagantaan ala dhufu dha. Galma gahinsa kaayyoolee kana irratti hundaa'uun tilmaami haga inni dhugaa fi sodaa uumamuu dannda'u tilmaame irratti hundaa'a.

# 4. Gaaffiilee Deddeebi'anii ka'an

Kutaan kun deebii gaaffiilee hojjettoonni Giddugala Odeeffannoo Godaantotaan ka'anuuf deebii ta'uu kan danda'an qabatee jira

## *4.1. Waa'ee Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa*

**Giddugalli Odeeffannoo Godaantotaa Maalii? Gara giddugalichaa dhufuu kootin maalan fayyadama?**

***Deebii kee kan ta'uu danda'u:***

Giddugalli Odeeffannoo Godaantotaa iddoo odeeffannoo waa'ee godaansa, bobba'insa hojii biyya alaa fi deebisanii dhaabuu itti argachuun danda'amu dha.

Namoonni biyya alaatti bobba'anii hojjechuu barbaadan keessa iyyuu biyyoota walta'insa Gamtaa Galfii fi deebitoota godaansaa gara Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa dhufuun baayee nifayyadamu. Hata'u malee Giddugalli Odeeffannoo Godaantotaa akka madda odeeffannotti maatii godaantotaas, ejensoota bobba'insa hojii fi qaamolee qooda fudhattoota kan biroo nifayyada.

Nuti kan gorsinu faayidaa bobba'insa hojii biyya alaa ykn godaansaa karaa idilawaa ta'een, ulaagaa bobbii hojii idilawaa, rakkoo fi miidhaa hojii bobbii biyya alaa keessatti mudachuu danda'u, fi gorsa aadaa hojii fi haala hojii wajjin walqabatu dha. Dbalataanis akkamitti ejensoota bobbii hojiif bobbasan kanneen eeyyama qabaniin walquunnamuun akka danda'anu irrattigorsa kennuu dha. Waa'ee mirgaa fi dirqamaa; mirgaa fi dirqama hojjechiisaa fi ejensoota bobba'insa hojii kennanuu, haala hojii fi seera dhimma hojjetaa biyya ga'umsa irratti odeeffannoo nikennina. Deebitootaa godaansaaf odeeffannoo barbaachisa haala bu'a qabeessa ta'een haala isaan hawaasa isaanii keessatti deebi'anii dhabbatanu irratis nikennina.

Yoo fedhii kee guutuu kan hindandeenye taane, qaamolee mootummaa yookiinMiti-mootummaa gosa tajaajila atibarbaaduu siif kennuu danda'uutti sidabarsina yookiin walsiquunnamsiifna. Kan akka deggers seeraa, kunuunsa fayyyaa, carraa qacarrii hojii, deggersa mallaqaa fi meeshaa kanneen kennuu danda'aniitti sidabarsina.

**Giddugalli Odeeffannoo Godaantotaa, Deggersa Maallaqaa yookiin carraa hojii dargaggootaaf kennuu nidanda'aa?**

***Deebii kee kan ta'uu danda'uu:***

Giddugalli Odeeffannoo Godantotaa kallattiin qarshii yookiin hojii kennuu hindanda'u.

Kaayyoon guddaan giddugala odeeffannoo saaxilamtoota godaansaaf carraa bobba'insai hojii biyya alaa olguddisuu fi deebitooti abjuu isaanii akka milkeeffataniif gorsa sirrii kennuufii dha. Giddugalli Odeeffannoo Godaantotaa kan irraa eegamu karaa daddabarsaa fi walharkaa fuudhiinsaan qooda fudhattoota wajjin gahee isaa bahuu dha. Walta'iinsa jabaa fi caasa deggarsaa sirrii qooda fudhattootaa wajjin uumuun akka isaan leecaloo fi carraa hojii argatan taasisuu dha.

Kanaafuu, gara Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa dhufuun, maamilli akkamittii fi eessaa tajaajila barbaachisaa madda biraa irra akka argatu nihubata.

**Odeeffannoo isin dhimma godaansa bobbii hojii biyya alaa irratti laattan kan hiryoonni keenya, faddaalonni fi deebitooti godaansa kennan irraa maaltu adda godha?**

***Deebii kan ta'uu danda'uu:***

Wa'ee bobba'insa hojii biyya alaa yookiin wa'ee godaansa hojiif godhamuu hiriyoota kee irraa, maatiikee irraa, faddaalonni yookiin deebitoota godaansaa irraa baayee dhageesseetta ta'a. Garuu dubbiin ijoon, qabatamummaa isaa, dhugummaa isaa fi odeeffanoo guutuu ta'uu isaa ti. Yeroo baayyee kan caaluu odeeffannoo dogoggoraa maddoota kana irraa argamanuu dha. Nuti akka hojjetaa dhimma kana irratti hojjetuutti, waa'ee godaansa hojiif godhamuu ykn bobba'insa hojii biyya alaa irratti leenjii baayyee karaa Ministeera Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaan, Karaa ILO fi karaa dhaabbilee adda addaa dhimma kana irratti hojjetanuun fudhannee jirra.

Kun haala fedhii godaantota fi muuxannoo deebitoota godaansaa biyyoota Walta'insa Gamtaa Galfi akka sirriitti beeknuuf carraa nuuf kennee jira. Dandeettii fi beekumsa godaansa hojii yookiin bobbii hojii biyya alaa irratti qabnu karaa leenjii fi seminaara adda addaan akka olguddatuuf leenjiin ijaarsa dandeettii hojii irraa argannee jira. Kanaa olittis, godaantota hojii deggeruun hojii keenya yeroo hundaati. Kanaafuu, odeeffannoo yeroo isaa egee fi wayitawaa ta'e kennuun eguumsa godaantotaaf gochuu fi mirga hojjetootaa eeguun itti gaafatamummaa keenya dha.

**Dhaabbannii biraan kan odeeffannoo waa'ee bobbii hojii kennuu danda'au kami?**

***Deebii kee ta'uu kan danda'u:***

Yeroo bobba'insa hojii biyya alaaf karoora ofeeggannoo qabu baaftuu, tarkaanfiin kee jalqabaa dura gara Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa yookiin gara Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaadeemuu dha. Yeroo hunda waa'ee odeeffannoo waldha'aa qaamolee beekamtii hinqabneen kennamuu kan akka faddaalonni deebitoota godaansaa fi kanneen seeraan ala nama qacarsiisanuun kennamuu shakkuu qabda. Waa'ee godaansaa murtee odeeffannoo sirrii irratti hundaa'een murteeffachuuf

madda odeeffannoowwanii kallattii adda addaan qulqulleeffachuu qabda. Odeeffannoon dogogoraa abdii sobaan guutamee karaa faddaalonni amanamoo hintaanee fi namoota namoota daddabarsanii guutee jira. Saaxilamtoonni godaansaa harka isaan kanaa jalatti kufan mirgaa seeran qaban nidhabu, akkasums faayidaa godaansaa irraa silaa argatanis nidhabu. Namoonni godaansa alidilawaa filachuun lubbuu isaanii balaa irra nibuusu. Garuu namooti gara Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa dhufan waa'ee dhimma bobba'insa hojii biyya alaa/godaansa hojiif taasifamu irratti odeeffannoo qabatamaa fi gahaa niargatu, mirgaa fi dirqama namoota hojiif bobba'ani biyya simattee, haala jireenyaa fi haala aad-hawaasummaa (socio-calturial) biyyoota Gamtaa Walta'insa Galffii fi carraa hojii, dandeettii barbaachisoo biyya gahumsatti barbaadamu fi akkamitti biyya gahumsaatti eegumsi seeraa akka godhamuuf irratti hubannoo niargatu.

## 4.2. Gaaffiiwwan bu'uraa godaansa hojii/bobbii hojii biyya alaa irrtti

**Godaansa al-idilawaa, godaansa idilawaa irraa akkamittan adda baasa?**

***Deebii kee ta'uu kan danda'u:***

Bobbii hojii seera qabeessa yookiin godaansa idilawwaa dha kan jedhamu nami kamuu ulaagaalee seera godaansa addunyaaf barbaachisaa, biyya qaxxaamuruu fi biyya gahumsaf barbaachisaan biyyaa isaatii ka'uun dura yoo guuttate argame qofa dha. Yeroo baayyee, seerummaan bobba'insa hojii kan murtaa'uu, waliigaltee gar-lamee biyya erguu fi simatu, haala adeemsa qacarrii fi galmeessa ragaalee barbaachisoo, qajeelfamoota biyyoota dhaloota fi biyyota ga'umsaan kan murttaa'u ta'a. Kanneen adeemsa seera biyya ofii fi biyyoottan simatanuu bira darbanii godaanan battalumatti akka godaantota karaa seeraan alaa yookiin al-idilawaan godaananiitti ilaalamuun mirga eegumsa argachuu, ofeeggannoo fi kabaja warri karaa idilawaan deman argatan hinargatan.

**Yoo ani karaa al-idilawaan fedhii kootiin (odoo nama kamiinuu hindhiibamiin ykn hinsodaachifamin) godaane midhaa qabaa?**

***Deebii kan ta'uu danda'u:***

Eeyyee! Kan imala kee al-idilawaa taasisuu fedhii kee yookiin waan dudda duubaa sidhiibu osoo hinta'in, haala sera qabeessummaa imala keetiiti. Yoo imalli kee kan humnaan yookiin sodaachisoo yookiin gowwomsaa ofkeessa qabu ta'e, dhumi kee saamicha humnaaf yookiin saal quunnamtii hinmalleef saaxilamuudha. Haala walfakkaatuun, yoo fedhii keetiin godaanuuf karoorfattee garuu immoo karaa seeraan alaa ta'e, harka saaphana warra namaan daldaaluu galuun adeemsa kee hunda keessatti balaa hedduun simudatuu danda'a. Dabalataanis, balaa lubbuu dhabamsiisuu fi hojii seeraan alaa eegumsa seeraa tokko hinqabnee irratti bobba'uu dandeessa. Karaa kamiinuu, fedhii keetini ta'es dirqamtee, yoo adeemsa seera qabeessa keessa hinba'in yeroo hunda balaan

simudachuu dand’a. Itti dabaluun, ji’oota hedduuf  yookiin waggoota hedduuf  haala rakkisaa keessatti hidhamuu fi dhuma irratti biyyatti akka deebitu ta’uun, saamicha humnaa adda addaa fi gidiraa adda addaatiif saaxilamuun (kan akka saal-quunnamtii, gidiraa xiin-sammuu fi qaamaaf) saaxilamuun nijira. Kana jechuun, namoonni hojiif gara biyyoota Gamtaa Walta’insa Galffii deeman haala gaariin hubannoo qabaachuu fi ulaagaa biyyaa yeroo ka’amuu, yeroo biyya qaxxaamuramuu fi biyya simatu ga’amuuf barbaachisu hunda guuttachuu qabu.

**Paaspoortii seera qabeessa qabaachuu fi daanddii xiyyaaran deemuun bobba’insa hojiif haala gahaa dhaa?**

***Deebii ta’uu kan danda’uu:***

Tasuma miti! Ragaa baayyeen akka ibsutti godaantonni waa’ee bobb’ainsa hojii/ godaansa hojii irratti haala dureewwan seeraa barbaachisaa ta’an irratti hubannoo gahaa akka hinqabne agarsiisa. Paaspoortii waajjira immigreeshiniiti bahee fi tikeetii xiyyaaraa qabaachuun barbaachisaa ta’us, bobba’insa hojii seera qabeessa hinjechisiisu. Yeroo tokko tokko, godaantoti viizaa imalaa maqaa qacarrii hojii kallattin jedhuu fi kan mootummaan beekamtii hinlaatinifin ejensiiwwan seeraan alaa irraa fudhatu. Yeroo kanatti godaantoonni carraa odeeffannoo gahaa waa’ee waliigaltee hojii isaanis ta’ee, waa’ee mirgaa fi dirqama biyya ga’anii argachuu hindanda’an, yookiin immoo baayyee xiqqaa dha. Xiyyaaran deemuun, paasportii fi viizaa argachuun godaansa eegumsa qabu dha jedhamee wabii hinta’u. Godaantonni haalli imala isaanii karaa ejensii seera qabeessan eeggannoon kan godhameef ta’uu fi haala ulaagaa labsii 923/2008n ta’uu isaa mirkaneeffachuu qabu.

**Akka seera Itoophiyaatti, namnni bobbii hojii biyya alaaf karaa seera qabeessaan ulaagaa guuteera jedhamu eenyu?**

***Deebii kan ta’uu danda’u:***

Haala labsii bobbii hojii biyya alaa lakk.923/2008 keessatti ibsameen, namnni ulaagalee armaan gadii guute karaa seera qabeessan bobba’insahojii biyya alaaf qophaa’aa dha jedhama:

- Yoo xiqqaate umurii waggaa 18
- Paaspoortii seera qabeessa kan qabu
- Barnoota kutaa 8ffaa kan xumure
- Nama madaallii gahumsa ogummaa dhabbata kennuu danda’u irraa hojii itti qaxaramuu deemuuf argatee ofharkaa qabu
- Waliigaltee qacarrii mirkanaa’ee
- Ulaagaalee kan biro hojjechiisaan taa’ee
- Viizaa seensaa seeera qabeessa kan biyya ga’umsaa kan qabu
- Biyya ga’umsaatti eeyyama hojii fi eeyyama jireenya kan qabu.

**Haalli godaansi seera qabeessi gara godaansa seeraan alaatti jijjiiramu jiraa?**

***Deebii ta'uu kan danda'uu:***

Eeyyee. Haalli itti godaantoti seera qabeessi battalummatti akka godaantota seeraan alaatti ilaalaman nijira. Waliiigaltee hojii sababa gahaa tokko malee cabsuun, gara hojjechiisaa biratti beekamtii fi mirakaneessummaa hojjechiisa isa duraa fi ejensii qacarsiisee fi eeyyama mootummaan alaa darbuu, eeyyama jireenyaa malee biyya ga'umsaa turuu, hojii seera biyya ga'umsaan yakka jedhame irratti bobbaa'anii argamuun nama karaa seera qabeesan godaane tokko kan akka seeraan ala godaanee dhimmoota taasisanfi akkasittis akka ilaalaman kanneen godhan keessaa ti.

## *4.3. Gaaffiilee bu'uraa waa'ee calallii fi qaxarrii*

**Ejensiiwwan dhuunffaa bobba'insa hojii maalii? Isaan quunnamuu yoon barbaade seera qabeessummaa isaanii akkamittan beeka?**

***Deebii kee ta'uu kan danda'uu:***

Akkaataa labsii bobba'insa hojii biyya alaa lakka, 923/2008 keewwata 2tin, ejensii dhuunffaa jechuun, 'namnni kami iyyuu qaama mootummaan ala hojjetaa bobbii hojii biyya alaaf hojjetaa wajjin waliigaltee mallatteessuun dhiyeessu jechuu dha. 'Ulaagaalee barbaachisoo labsii keessa taa'ee guuttachuun, ejensoonni Ministeera Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa irraa hojjetaa qaxaruuf eeyyama nifudhatu. Seera qabeessummaan ejensiiwwanii karaa ittiin adda bahu nijira. Tarreefamnni maqaa ejensiiwwan seera qabeessa ta'an Giddugala Odeeffannoo Godaantottaatti niargama.Kanaafuu giddugala quunnamuun deggarsa guddaa dha. Akka warra seeraan alaa osoo hinta'in ejensiiwwan eeyyama qaban kan isaan hojjetan bakka itti eeyyami isaanii idoo ifatti fannifamee mul'atu qofatti dha. Kanfedheefuu, ejensiiwwan kunis gara biyyoota mootummaan Itoophiyaa waliigaltee garlamee mallatteessse qofatti akka hojjetaa erguu qabanis mirkaneeffachuu qabda. Fakkeenyaaf, Ejensiin tokko eeyyama kan fudhate gara mootummaa Saawud Arabiyaatti yoo ta'ee gara biyya Libanonitti erguun seeran ala dha.

Ejensiiwwan bobbba'insa hojii gosa lamatu jira. Isanis ejensiiwwan bobba'insa hojii biyya keessa fi ejensiiwwan bobba'insa hojii biyya alaati. Lachuun isaanii eeyyama haqabaatanu malee itti gaafatamummaan isaanii fi daangaan itti hojjetan adda addaa dha. Ejensiiwwan bobba'insa hojii biyya keesssaa ittigaafatamummaan isaanii kan daangeffamu biyya Itoophiyaa fi mootummaa naannoo isanii biyya keessaf dha. Ejensiiwwan akkasi gara biyya alaatti hojjetaa akka ergan hineeyyamamuuf. Bobbii hojii biyya alaaf hojjetaa qaxaruun gahee ejensoota bobbii hojii biyya alaaf eeyyama qabanuuti.

**Abbaan fedhe Ejensii bobbii hojii hundeessuu nidanda'aa? Eenyutu Ejensii Bobba'insa Hojii hundeessuu danada'a?**

***Deebii kan ta'uu danda'uu:***

Hinta'u! Haala labsii bobba'insa hojii isa haaraan, Dhaabbata Mootummaa (ministeera Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa) fi qaxarrii kallattiin gaggeeffamu irraa kan hafa, qaxarrii fi bobba'insi hojii kan gaggeeffamu karaa ejensiiwwan eeyyama seera qabeessa qabanin qofa dha. Ejensiiwwan dhuunfaa bobba'insa hojii biyya alaa irratti bobba'an kanneen lammiilee biyya Itoophiyaa\qofaaf kan daanggeffame ta'ee, nama kaappitaala qarshii miliyoona tokko qabutu eeyyamicha argachuu danda'a. Ulagaalee ga'umsaa kanatti dabaluun, ejeensiin tokko wabii faayinaansiii doolara 100,000 yookiin birrii Itoophiyaa kan isaan walgitu baankiitti qabsiisuu qaba. Kanneen qacarrii kallattiin gaggeessan immoo wabii hojjechiisaa biyya alaa doolara 50 maqaa tokkon tokkoon hojjetaan baankiitti kuusuu qaba. Ejensiin bobba'insa hojii biyya alaa ragaa galmee daldalaa fi eeyama Ministeera Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa irraafudhate qabaachuu qaba. Haalli qacarrii hojjetoota biyya adda addaa kan ilaalatu yoo ta'ee biyyoota hojjetaa itti ergu hundaaf eeyyama adda adda qabaachuu qaba.

Labsiin bobba'insa hojii biyya alaa keewwata 23 jalatti akka ibsuutti namoonni sabab labsii 632/2001 darbuun ,yookiin sababa labsii biraan yookiin waajjiraalee adda bahan keessa hojjetan sababa waldhahuu fedhiin hojii kana irratti akka hinbobbaanef eeyyama nidhorka.Labsiib 632/2001 dhimoota akka seera cabsuutti lakka'aman haala kanaan kaa'eera; (i) ejensiin sababa mirgi sarbamuu,eggennoo dhabuu,kabaji fi mirgi hojjetaa eegamuu dhabuun komeen dhiyaatee yoo hinhiikin hafe; (ii) Ejensii yeroo sadiif eeyyami isaa jala ittifame; (iii) Eyyami jala dhorkamuuf beeeksisi dhorkaa kan itti kenname eeyyama hojii ejensii bobba'insa hojii biyya alaa hinargatu. Seerota biraa cabsuun walqabatee dhaabbilee ykn namoota namootaan daladaaluu fi namoota naaneessuu fi dadabarsuu fi godaantota daangaa ceesisuun himataman, yakka gurmaa'aa, shororkeessummaa, daddabarsa maallaqa seeraan alaan, himata irra kan jiran eeyyama hinargatan.

Labsii kun dabalataan abbootii qabeenyaa yookiin hojjechiistota daldaala kan akka ejensoota imala, tiketii kuttoota daandii qilleensaa, hojettoota traanziitii akka eeyyama argachuu hindandeenye tumeera.

**Ejensiiwwan dhuunfaa bobbii hojii biyya kami iyyuu hojjetoota qaxarsiisuu nidanda'uu?**

***Deebii ta'uu kandanda'u:***

Tasa hindanda'an! Akkaataa labsii bobba'insa hojii biyya alaa lakk.923/2008 keewwata 12n, bobba'insa hojii biyya alaa kan gaggeeffamu yookiin hojjetaan ergamu biyya Itoophiyaan waliigaltee garlamee hojjetaa walirraa fudhachuuf waliin mallatteesite qofatti ergama. Kun bobba'insa hojii seera qabeessa jajjabeessuun godaansa al-idilawaa dhorkuuf nigargaara jedhamee amanama. Ejensoonni bobba'insa hojii biyya alaa kanaafuu kan isaan hojjetaa erguu danda'an gara

biyyooya Walta’insa gamtaa Galffii qofa ta’ee kanneen Itoophiyaan waliigaltee garlamee waliin mallatteesse qofatti dha. Adoolessa 2010 irraa kaasee biyyoonni kanneen akka Joordaan, Qaatar, fi Mootummaa Saawud Arabiyaa kanneen waliigaltee garlamee mallatteessani dha.

**Waliigaltee Hojii garlamee jechuun maal jechuu dha?**

***Deebii ta'uu kan danda’u:***

Waliigaltee garlamee jechuun, waliigaltee biyyoonni lama, Biyyi Itoophiyaa fi biyyi hojjetaa fudhatu dhimma bobba’insa hojii biya alaa ilaalchisee waliigalan jechuu dha. Bobba’insi hojii biyya alaa kan bu’a qabeessa ta’u, yoo waliigalteen hojii garlamee biyya Itoophiyaa fi biyya hojjetaa fudhatu gidduutti mallataa’ee dha. Qabiyyeen waliigaltee kaffalttii mindaa sadarkaaka’umsaa, Haala hojii, ofeggannoo, fi eeggannoo hojjettoota Itoophiyaaf biyya hojjetaa fudhatutti godhamuf ofkeessaa qaba.

**Ejensiiwwani bobba’insa hojii biyya alaa hojiiwwan akkamiitif biyyoota Walta’insa Gamtaa Galffitti hojjettoota erguu danda’u?**

***Deebii ta’uu kandanda’u:***

Akkaataa labsii bobba’insa hojii biyya alaa lakk 923/2008 n ejensiin dhuunffaa bobba’insa hojii biyya alaa biyyoottan Giddugala Bhaatti hojjettoota kan erguu danda’u biyyoota Itoophiyaan waliigaltaa garlamee waliin mallatteessite qofatti dha. Waliigaltee garlameen jiraachuu jechuun ejensiin hojii kamiifuu biyya sanatti hojiif nierga jechuu miti. Ministeerri Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa fi Ministeerri Barnootaa gosa ogummaa sadii hojii manaaf adda baasaniiruu. Isaanis, hojii gargaarsa mana keessaa, kennisa kunuunsaa, fi hojii tajaajila mana keesaa ti. Hojiiwwan mana keessaa kun sadanu haalota walfakkeessan haqabattan malee ofdanda’anii akka ogummaatti giti qoodama ogummaa karaa madaallii ogummaa Itoophiyaan sirna BLTO irratti hundaa’ee qophaa’eera.

Hojiin deggarsa mana keessaa kanneen akka mana qulqulleessuu, tajaajila qophii nyaataa fi dhugaatii lallaafaa, qophii nyaata qabana’aa fi ho’aa, uffata miiccuu fi tokkosuu, beeyiladaa fi ijoolleef kunuunsa gochuu fa’i. Tajaajilli mana keessa immoo, tajaaajila deggarsa mana keessaa kanneen ta’an hunda kan haammatu ta’ee, kunuunsa beelladaa fi ijoollee hindabalatu. Tajaajilli kunuunsaa akkuma maqaan isaa ibsu, daa’immanii fi ijoolleef kunuunsaa fi eegumsa gochuu, daa’imman fedhii addaa qabanii fi maanguddoota kunuunsuu fa’i. Dabalatanis, mana qulqulleessuu, uffata miiccuu fi tokkosuu, nyaata ho’aa fi qabana’aa qopheessuun qaama hojii kunuunsa kennuuti.

Yeroo baayee hojiin mana keessaa hojii dubartootati. Godaantoti dhiirota ogummaa hinqabnes yeroo baayyee hojii qonna dhuunffaa (biqiltuu dhaabuu, horii eeguu, re'ee fi gaala eeguu) konkolaachisaa irratti bobba'uuf gara giddugala bahaatti nigodaanu. Akka tasa ta'ee, hojjiiwwan akkasii kanaaf sadrkaan ogummaas ta'ee leenjin gahumsa dhaabbata BLTOn hinqophoofneef. Itoophiyaa keessatti dhaabbileen BLTO adda bahan leenjii qoodama ogumma fi ragaa gahumsaa ogummaawwan kenniisa kunuunsaa, deggarsa mana keessaa fi tajaajila mana keessaaf akka kennan filatamaniiruu. Bu'ura labsii bobba'insa hojii biyya alaatin, bobbin hojiii gara Giddugala Bahaatti godhamu ragaa gahumsa ogummaa ogummaalee armaan olitti tuqaman keessa dhabbata BLTO irraa argachuu qaba. Ejensiiwwan bobba'insa hojii biyya alaas hojjetoota leenjii fudhatanii ragaa gahumsa ogummaa tajaajila kanaa olitti tuqamaaniin qaban qofa erguuf nidirqamu.

**Hojeettoonni manaa biyyota walta'insa Gamtaa Galffitti hojjetan hojii manaa hojjetaniif meeqatu kaffalamaaf?**

***Deebii ta'uu kan danda'u:***

Biyyoonni Giddugala Bahaa baayyeen, kaffaltii ka'umsaa isa xiqqaa hojjetoota manaaf ka'aanii jiru. Hata'u malee kaffaltiin kun biyya biyyatti adda adda dha. Kan beekuu qabdu garuu, kaffaltiin ka'umsa inni xiqqaan ka'umsa dha malee guddaa isa dhumaa miti. Kana jechuun haala ogummaa fi fedhii hojjechiisaa irratti hundaa'uun kaffaltiin hojjetoota manaa kaffalttii ka'umsaa ol ta'uu nidanda'a. Yeroo hunda kaffalttii ka'umsaa isa xiqaa niargatta jechuu miti. Hojjechiistonni tokko tokko edda hojjetoonni hojii eegalanii booda waliigalteen ala haala sanaa gadi itti kaffalan nimudata. Kanaafuu, kaffaltiin mindaa waliigltee hojii keessatti kaffaltii xiqaa ka'umsa mindaa biyya hojjetaa fudhatuu gadii akka hintaane mirkaneeffachuun barbaachisaa dha. Fakkeenya, Kaffalttiin hojjetoota manaa Saawud Arabiyatti Riyaalii 1000 (tilmaamaan doolara 260) dha. Kuweetitti immoo, Diinara kuweetii 52 (tilmaama doolara 170) jijjirran yookiin sharafi isaa jijjiiramuu waan danda'uuf yeroo yeroon haroomsuun barbaachisa dha. Kaffalttiin mindaa ka'umsaa inni xiqqaan biyyoonni kun hojjetoota Itoophiyaa biyya isaanii deemaniif kaffalan hojjetoota biyya biraa irraa kan akka hojjetoota Filiippinsii deemaniif kan kaffalanuu wajjin gargar ta'uu danda'a. Haala labsii bobba'insa hojii biyya alaa Itoophiyaa kaffalttiin ka'umsaa hojjetoota Itoophiyaa fi biyya fudhattu gidduutti kan murtaa'uu haala waliigaltee garlamee biyyooti lamman mallatteessaniin ta'a.

**Yeroo qacarri Waa'ee odeeffanoo ejensiiwwan bobba'insa hojii attamittan argachuu danda'a? Ragaaleeakkamiitan ejensoota biraa argachuu danda'a?**

***Deebii kee ta'uu kan danda'uu:***

Yeroo qunnamtii isaaniitti, ejensiiwwan odeeffannoo waa'ee qabiyyee waliigaltee, (gosa hojii,kaffalttii, sa'a hojii), seera fi waa'ee aadaa biyya ga'umsaa, yoo waliigalteen cabe haala itti komeen dhiyaatu, (maqaa qaama ilaalatuu fi teessoo isaanii), haala horrdoffii hojjetaan irra jiruu fi eegumsa mirga hojjetaa biyya gahumsaati fi biyyoota giddugala bahaatti dhimoota qaxarrii hojiin walqabatan kamiinuu irratti odeeffannoo gaafachuu nidanda'u. Dabalataan, teessoo guutuu ejensii fi kooppii waliigaltee hojii harkatti qabachuu yookiin fira kee bira keewwachuuf mirga guutuu qabda. Ragaalee deemsaa, fi biyya ga'umsaa seenuu fi hojjechuu fi jiraachuu ejensii gaafachuu fi argachuuf mirga qabda. Ragaaleen kunis kanneen armaan gadii dabalata**.**

- Eeyyama jireenyaa fi eeyyama hojii
- Waliigaltee hojii
- Tikeetii imalaa yookiin tikeetii xiyyaaraa

**Waliigalteen hojii maali? Waliigaltee hojii keessatti maaltu haammatamuu qaba? Afaan dubbadhuun waliigaltee qacarrii argachuu nandanda'aa?**

***Deebii ta'uu kan danda'u:***

Waliigalteen hojii haala walquunnamtii hojii isaanii irratti waliigaltee hojjetaa fi hojjechiisaan taasisani dha. Qabiyyeen waliigaltee hojii dhimmoota murteessoo armaan gadii ofkeessatti qabachuu qaba.

- Gosa hojii fi dirqama hojjetaan bahuu qabu.
- Mindaa hojjechiisan hojjetaaf kaffalu
- Haala kaffaltii
- Yeroo turttii yaalii
- Guyyaa ayyaanotaa fi guyyaa boqonnaa hojjetaa
- Mirga fi dirqama hojjetaa fi hojjechiisaa
- Turtii yeroo waliigaltee (Guyyaa itti jalqabuu fi dhumu)
- Mana jireenyaa, nyaata, uffata, yaalii fayyaa
- Baasii inshuraansii
- Geejiba bakka hojii dhaqaa fi galaa
- Baasii geejibaa dhaqaa fi gala biyya ka'umsaa

Odeeffannoo kun hundi sirrii fi ifa ta'uu qaba. Waan waliigaltee keesssa taa'ee hunda irratti waliigaluun dirqama miti. Akka fooyya'u, akka jijjiiramuu gochuufs ta'ee mallatteessuu diduuf mirga niqabda.

Waliigalteen qacarrii hojii afaan Amaaraan yookiin afaan naannoo hojjjetichi dubbatuun yookiin hubatuun barreeffamuu qaba. Afaan Ingiliffaa yookiin afaan biyya gahumsaa fi seerotaa fi qajeelfamoota biyya gahumsaa hojii irra jiranin walsimuu qaba.

Haala labsii bobba'insa hojii biyya alaa lakk. 923/2008**,** Waliigaltee hojii mirkaneessuuf haalota sadarkaa adda addaatu jiru. Jalqaba, ejensiin waliigaltee hojii hojjechiisaan, hojjetaa fi ejensiin mallataa'ee Ministeera Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaatti mirkaneessuuf dhiyeessuu qaba. Lammatatti, karaa misiyoona fi Ministeera Haajaa alaa Ministeerri Dhimmi Hojjetaa fi Hawaasummaa mallattoo hojjechiisaa fi ragaalee duuka demtuu adda addaa nimirkaneessa. Ministeerri Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa mallattoo fi ragaalee adda addaa eddee mirkaneeffatee booda waliigaltecha nigalmeessa.

Yeroo waliigaltee hojii kee fudhattu dhimmoota armaan gadii yaada keessa galchuu hinirranfattin.

- Waliigaltechi haala dura ittiin waliigalte irraa kan hinjijjiiramne ykn hingeeddaramne ta'uu isaa mirkaneeffachuu
- Walii galtechi qaamoolee itti gaafatamuummaa qaban kan akka Ministeera Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa, Ministeera haajaa alaa fi qaamolee biyya gahumsaatti ilaalatu kanneen aangoo qaban hundaan mirkanaa'uu isaa mirkaneeffachuu.

## *4.4. Bassii mallaqa godaansa idilawaan gara Giddu gala Bahaatti godhamuu*

**Namni baayyeen baasiin godaansa al-idilawaa baasii godaansa idlawaa caala jedhanii niyaaduu. Kun dhugaa dhaa?**

***Deebii ta'uu kan danda'uu:***

Tasuma miti! Namooti amanamoo hintaane mala ittiin saaxilamtoota godaansaa ittiin gowomsu fi namoota odeeffannoo sirrii hinqabne ittiin dogoggorsani dha. Akkataa labsii bobba'insa hojii biyya alaa lakk. 923/2008 tin baasiin baayyeen dhimma bobba'insa hojii biyya alaaf bahu kan uwwifamu ejensiiwwan seera qabeessa ta'anii ragaa qabanuun ta'ee, baasiin ejensiiwwan baasan baasii godaantoti baasaniinin yoo walbira qabamee ilaalamu baayyee kan caalu dha. Baasiin godaantoti karaa idilawaan yeroo deeman baasan baasii karaa al-idilawaan qaxarsiisota seeran alaa fi namoota namoota naannessaniif kaffalanii gadi xiqqaa dha. Odeeffannoo addaa waa'ee baasii qarshii ilaalatuuf, godaantooti baasii dhimma gahumsa ogummaa fi BLTO, baasii dhimma paasportii argachuuf immigirashinii, baasii dhimma qorannoo fayyaatif hospitaala yookiin buufata fayyaa (baasiin dhaabiilee fayyaa dhuunfaa kan dhaabbilee fayyaa mootummaaa kan caalu ta'us), baasii ragaa dhalootaaf Tajaajila mana qopheessaa gaafachuun nidanda'ama. Kana malee faddaalota fi namoota namootan daldaalanii fi namoota naanneessan gaafachuu fi amanuu hinqabdu.

**Gabatee 4.1. Baasii hojjechiisa fi namoota godaananuun uwwifamu**

| **Baasii hojjechiisan uwwifamu** | **Baasii nama deemuun uwwifamu** |
|---|---|
| • Baasii viizaa seensaa | • Baasii raga ga'umsa ogummaa |

| | |
|---|---|
| • Baasii mirkaneessaa ragaalee<br>• Baasii geejiba dhaqaa galaa<br>• Baasii mirkaneessaa waliigaltee hojii<br>• Baasii eeyyama hojii<br>• Baasii eeyyema jireenyaa<br>• Uwwisa inshuraansii | • Baasii paasportii<br>• Baasii qorannoo fayyaa<br>• Baasii Talaallii<br>• Baasii ragaa dhalootaa<br>• Baasii dhuunfaa kan biroo |

## *4.5. Sodaa godaansa idilawwa gara giddugala Bahaatti godhamuun walqabatu*

**Crraan qacarrii hojii ejensiiwwan bobba'insa hojii biyyota giddugala bahatti argaman seera qabeessa ta'uu isaa akkamittan beeka? Gara hojjechiisa waliigaltee anaa wajjin mallatteessee fi ejensichaatti ergamuu koo akkamittan mirkaneeffadha? Biyyi yookiin magaaalli ani itti hojjechuuf mallattesse fi biyyi ani itti ergamaa jiru tokko ta'uu isaa akkamittan beeka?**

***Deebii ta'uu kan danda'uu:***

Ragaaleen baayyeen akka agarsiisanutti, kanaan dura haala itti hojjettoonni Ittophiyaa gara giddugala Bahaa deeman gosa hojiii waliigaltee isaanii keessa taa'ee fi biyya deemanitti hojiin isaan qabatamaan hojjetaa turan haalli itti wal hinagarre nijira. Fakkeenyaaf, haala itti hojjetoonni dubartootaa hojii mana keessaaf qacaramanii sagaagaluummaa irratti akka bobba'an ta'e nijira. Yeroo baayees, hojjetoonni dhiiraa haalli isaan hojii beeyilada tikksuu kan akka re'ee fi gaala tikksuuf qacaramanii, haala itti isaan hojii dirqii fi daldaala qoricha sammuu adoochuu irratti bobbafaman nijira.

Yeroo itti hojjettoonni hojjechiisa waliigltee mallatteesseen ala nama biraaf dabarsamanii itti kennamanis nijira. Haala biraan immoo, hojjettoonni magaala yookiin iddoo biraa waliigltee keesaa fi alatti taa'een alattis akka hojjetan yeroon itti ta'u nijira. Fakknyaaf, fedhii hojjetaa malee fi beekumsa ejensii qaxarsiiseen ala haalli itti hojjetaa maatiif, hiriyaaf yookiin nama biraaf itti dabarrfamanii kennanis nijira. Hojjetaan magaala keessa hojjechuuf waliiglee, garuu immoo Yeroobaadiyyaa Keessa akka hojjetu itti ta'us nijira.

Rakkoon akkasii itti uumamuu kandanda'u yeroo waliigalteen mallattaa'uu yookiin yeroo ragaan fudhatamu dha. Kanaafuu, yeroo waliigalteen hojii mallataa'uu odeeffannoowwan kan akka teessoo guutuu hojjechiisaa, gosa hojii biyya gahumsaatti hojjettuu gadi fageenyaan ibsamuu isaa mirkaneeffachuun barbaachisaa dha. Waliigalteen afaan hojjetaan sirriitti hubachuu danda'uun barreeffamuu isaa mirkaneeffachuun nibarbaachisa. Waliigalteen hojii mallattaa'uu fi chaappaa

qaama mirkaneessuutin mirkanaa'uu isaa hubachuun barbaachisaa dha.Kun rakkoolee walfakkaataaf saxilamuu nixiqqeessa.

Gama fedheenuu, Hojii itti waliigaltee deemteen ala akka hojjettu yoo ta'ee, hojjechiisa waliigaltee mallatteessen ala akka hojjettuf yoo ta'e, iddoo waliigaltee keessatti tuqameen ala deemtee akka hojjettu yoo ta'e, mirgi kee sarbamaa akka jiru hubachuu fi saamicha humnaaf akka saaxilamuu dandeessu beeki. Kanaafuu, haga danda'ametti maatii keetti ibsuu, isaan immoo ejensii ergeef yookiin qaama mootummaa itti gaafatamuummaa qabuuf yookiin bilbila bilbiluun yookiin ime'ilii gochuun ejensii beeksisi. Yoo ejensichi fala kaa'uu hindandeenye yookiin dhimmicha cimsee hinilaalle, Embasii Itoophiyaa yookiin misi'onii biyya sana jiruu wajjin dubbachuu, yookiin Ministeera Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa Beeksisuun barbaachisaa dha.

**Bobbii hojii idilawaa gara Giddugala Bahaatti godhamu keessatti dhiibbaan mirga hojii yeroo baayyee gahuu danda'u maali?**

***Deebii kan ta'uu danda'uu***

Godaansi hojii al-idilawaan carraan dhiibbaa mirga hojii ballaa ta'us, bobba'insi hojii idilawaas darbee darbee rakkoon kun niquunnaman. Godaantota karaa idilawaa deemanis carraan dhiibbaan mirgaa armaan gadii isaan quunnamu nijiraata.

- Ragaalee adda addaa kan akka paaspoortii, eeyyama hojii fi jireenyaa, ragaalee barbaachisoo fi odeeffannoo barbaachisaa kan akka teessoo dhaabbilee mootummaa, ejensiiwwan, embasii fi kkf irraa fudhachuun jalaa dhoksuu
- Hojjetoota dubaraa irratti miidhaa saal-qunnamttii
- Saamicha humnaa yookiin hojii dirqii (sa'a dheeraa hojjechuu, sa'a idilleen ala yeroo dheeraaf hojjechuu, boqonnaa torbanii dhabuu fi boqonnaa guyyaa ayyaanaa dhabuu, haala waliigaltee keessa taa'een kaffalttii raawwachuu dhabuu, mindaa jalaa qabu, idaan qabuu, hojii irratti waliigalan ala akka hojjetan gochuu, kkf.)
- Haala hojii gaarii hintaane (iddoo jireenyaa gaarii ta'ee kennuu dhabuu, hanqina nyaataa, Hanqina nyaata madaalamaa kkf.)

Kanneen armaan olii keessaa tokko sirratti raawwataa jira yoo ta'e, sarbamuu mirga hojii jalatti kufaa jirta waan ta'eef dararaa caaluutti akka hinkufnne mirga kee dafii eegsiisi

**Bakka hojiin hojjetamutti dhiibbaa mirgaa akkamittan xiqqeessa?**

***Deebii kan ta'uu danda'au:***

Hunda dura wanti hubatamuu qabu, biyyoonni baayyeen Biyyoota Giddugala Bahaa dabalatee, Waliigaltee Mirga Iddoo Hojii Addunyaa Yookiin staandardii mallatteessaniiruu yookiin immoo mallatteessuuf eegaa jiru. Akka biyya isaanitti raggaasisuu baatanus, haga ta'e ammi raawwatiinsa isaa biyyaa biyyatti gargar hata'u malee, labsiin dhimma hojjetootaa biyyoota giddugala bahaa sarbamuu mirga hojii hojjettoota irraa niittisa.Labsiin bobba'insa hojii biyya alaa lakk.923/2008 akka ibsutti Ministeerri Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa fi Ministeerri Haajaa alaa Itophiyaa Embaasota fi Qontsiloota wajjin ta'uun mirga hojjettootaa biyya hojiif itti bobba'an keessa jiranu nieegsisu.Kanaaf immoo Leber Ataasheen akka hundeeffamu niibsa.Seeraa fi imaamati jiraachuu qofti akka mirgi lafa hojii keetii eegamuuf wabii guutuu hinta'u.Kanaafuu xuqamu mirga lafa hojii keetii hambisuuf gutummaan gutuutti fala kan kennu suma mataa keeti. Gama kanaan atumti mataa keetiin fala kennuun xuqamuu mirga lafa hojii xiqqeessuuf gahee kanaa gadi bahi:

- Hojii kee haga danda'ameetti hojjechuu fi bu'a qabeessa ta'uuf hojjedhu. (Yeroo kee sirriitti fayyadami, hojii kee guutummaan guutuutti raawwadhu, hojjechiisaa keetiif amanamaa ta'i).
- Aadaa fi duudhaa biyya ga'umsa kan akka aadaa uffannaa fi amala biyyicha kabajuu
- Amala dheekkamsaa xiqqeessuun haala garii fi tasgabbii qabuun waliigaluuf yaaduu
- Seearaa fi qajeelfama biyya ga'umsaa waliin madaquu
- Mana hojjechiisaatii badanii bahuun yoo halli jiru lubbuuf sodaachisaa hinta'in hinbarbaachisu. Yoo badanii bahuun barbaachisa ta'ee ragaalee barbaachisu hunda harkatti qabachuun qaamolee seera qabeessatti kan akka embaasii yookiin Poolisiitti gabaasuu
- Haga danda'ametti ragaalee seera qabeessa harkatti qabadhu. (Paaspoortii, eeyama hojii fi jireenyaa, teessoo maatii fi hiriyaa ejensii fi qaamolee mootummaa biroo).
- Haga danda'ametti afaan biyya ga'umsaa beekuuf yaali.
- Haala itti interneetii fayyadaman bari.(midiyaalee hawaasa kan akka fees bookie yookiin kan akka interneetii fayyadami) Kana booda haala jiru hunda hiriyoota keetiif qooduu dandeessa.
- Hariiroo midiyaa hawaasa kanneen hojii akka keetii irratti bobba'anii wajjin uummadhu. Namoota namootan daldalanii fi namoota naanneessan waliin hariiroo akka hinuumne irraa ofeeggadhu. Yaada jaraas hinamanin.
- Bakka gargaarsaa yookiin rakkoo sirra gahe itti himattu beeki

**Yoo dhiibaan mirga hojii kamiyyu narra gahe maaln godha?**

***Deebii ta'uu kan danda'uu:***

Dhiibbaa mirgaa bakka hojii sirra gahuu kamiifuu obsa hinqabaatin. Garuu immoo tarkaanffii seeraa fi yeroo balaa miliquu qofa offeegganoon fayyadami. Qaamoleen ittigaafatamummaa mirga kee eeguuf qaban hedduun kan akka Leber attaashee, Embaasii Itoophiyaa keessatti, Qontsilaa waliigalaa, Waldaa hojjettootaa, fi koominiitii Itoophiyaa fa'an nijiru. Yoo tajaajila bilbilaa argachuu dandeessee, maatii keetti haala dhiibbaa mirgaa siquunnamaa jiru itti himi. Ejensii keettis bilbiluun ejensichi hojjechiisaatti bilbiluun dhimmicha hiikuun mirgi kee akka eegamuu taasisuu

dha. Yoo ejensiin hiikuu dadhabe komee kee gara qaama angoo qabu biyya Itoophiyaatti yookiin biyya jirtutti dhiyeeffachuu dandeessa.

Haala labsii bobba'insa hojii biyya alaa lakk.923/2008 keewwata 43n haala dureewwan komeen yookiin iyyati keessa darbuu qabu haala kanaa gadiitin ibsameera.

1) Hojjetaan miidhaan irra gahee yookiin bakka bu'aan hojjetaa miidhaan irra gahee, jechaan yookiin barreeffamaan himata isaa Ministeera Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaatti yookiin qaama angoo qabu kamiifuu kan akka Embaasii, Qontsilaa waliigalaa yookiin Leber Attaasheef dhiyeessuu nidanda'a

2) Yoo himati yookiin komeen afaaniin dhiyaate, ogeesssi Ministeerichaa yookiin qaama aangoo qabuu waraqaa irratti barreessuun himatichi akka mallatteessuu gochuu dha.

3) Ministeerichi yookiin qaami ilaalatu kan biraa kaka'umsa mataa isaan iyyaannoo sarbamuu mirga labsii keessatti ta'ee irratti gabaasa dhiyaatu ilaaluun dhimmichi akka dhaga'muu gochuu nidanda'a.

Qabiyyeen himatichaa, haala keewwata 44tiin kanneen armaan gadii qabaachuu qaba.

- Maqaa fi teessoo nama himaticha dhiyeessee
- Maqaa fi teessoo ejensii himatichi irratti dhiyaachuuf sabaaba ta'ee
- Gosa himatichaa, ijoo dubbii fi sababa himatichaa
- Himatichaa fi ka'umsa kan ta'ee dhimmichi yookiin gochi sun yeroo fi iddoo itti raawwate
- Iyyaticha keessatti hanga maallaqaa yoo jiraate
- Furmaata barbaadamee fi
- Ragaalee himaticha deggeranu kan biroo waliin qabsiisuun

## *4.6. Tajaajila deggersaa biyya gahumsaatti kennamu*

**Yoon hojiin deemeef jibbe yookiin hojjechiisaa biraatti darbuu yookiin biyyatti deebi'uu barbaade eenyuunan gaafadha?**

***Deebii kan ta'uu danda'u:***

Akkaataa labsii bobba'insa hojii biyya alaa keessa taa'etti, gaheen Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa inni guddaan leenjii imala duraa godaantota hojjif kennuu dha. Kanaafuu, tajaajilli deggersaa dhaabbilee adda addaa fi teessoo isaanii fi bilbilli ittin qunnamaman yeroo leenjii hubannoo kennamuufii qaba. Dhaabileen tajaajila deggersaa biyya gahumsaatti kennan, bakka bu'aa ejensii biyya gahumsaa, Embaasii Itoophiyaa yookiin Misi'onii Itoophiyaa, hawaasa

Itoophiyaa, Waldaa hojjettoota Itoophiyaa, Dhaabbilee Miti-Mootummaa, fi qamoolee biyya gahumsaatti ittigaafatamummaa adda addaa qaban.

Hata'u malee, dhaabbileen armaan olitti tuqaman kun gargaarsi isaan kennuu danda'an murta'aa dha. Gama keetiin wantoota waliigaltee keessatti tarreeffaman raawwachuf itti gaafatamummaa kee bahi. Fedhii, dandeettii fi kaka'umsa ati qabdu fi hojii kee rawwachuuf tattaafattu bira darbe rakkoon yoo siquunname tarkaanffiin kee jalqabaa kan ta'uu qabu hojechiisaa keetii wajjin mari'achuu yookiin komee itti dhiyeeffachuu qabda. Yoo wanti lubbuu keetif sodaachisu jiraate malee akka filannoo jalqabaatti baatee fiiguu hinfilatin. Sababa gahaa malee hojjechiisaa jalaa bahanii fiiguun adabbii maallaqaas ta'ee adabbii seeraa ni hordofsiisa. Carraa haqa argachuu kee nixiqqeessa, baasii hojjechiisaan sitti baase hunda kaffaluufis nidirqamta. Kana olittis, daldaaltota seeraan alaa fi namoota karaa seeran alaa namoota daddabarsaniifis nisaaxilamta, akkasumas mana hidhaa seenuu illee nidandeessa.

Yoo hojjechiisaan kee sidhaggeeffachuu hinbarbaanne fi lubbuu keef wanti sodaachisu yoo jiraate, Eejensii kee yookiin bakka bu'aa ejensii biyya gahumsaatti bilbilachuu nidandeessa. Haga dandaa'ameeti rakkocha hiikuuf dafanii gidduu galuu qabu. Yoo filannoon kun hinhojjenne, Embaasii Itoophiyaa yookiin Leber- attashee quunnamuu qabda, dabalataanis qaama aangoo qabu biyya gahumsaas qunnamuu nidandeessa.

Haala adda ta'een, hojjechiistonni balbala sitti qollofuun gara alaatti yeroo ati bahuu hindandeenye jiraachuu mala. Kanaafuu bilbila qamoolee barbaachisaa ta'anii qabaachuu qabda. Yoo akka tasaa ragaaleen kee hojjechiisaan siharkaa fuudhatamef lakkoofsa bilbilaa murteessoo sammuutti qabachuun illee baayyee barbaachisaa dha. Karaa biraatin carraa ofiikeetin rakkoo sirra gahe qaama angoo qabutti ofii himachuu dandeessu illee jiraachuu danda'a.

Yeroo bilbilaanis ta'ee qaamaan himata kee dhiyeessitu, wantoota armaan gadii akka dhiyeessitu nigaafatamta. (Gaaffiilee deddeebi'anii ka'an armaan olii ilaali)

- Enyummeessaa kee, Eyyama hojii (Hala kamiinuu hojjettoonni godantotaa ragaalee kana ofharkatti qabachuu qabu)
- Odeeffannoo waa'ee hojjechiisaa keetii, teessoo, maqaa, iddoo bakka hojiin fakkaatu, (to'ataan dafee mooraa sana akka sakata'uuf) Lakk. Bilbila kaampanichaa
- Ragaalee barbachisoo dhiyeessuu, kan akka mindaa kan mirkaneesan, nagahee ittiin kaffalame, waliigaltee qacarrii, eenyummeessaa addaa hojjetaa,
- Guyyaa hojiin hojjetame, mindaa kaffalame, sa'a dabalataan hojii hojjetame, hojii guyyaa ayyaanaa hojjetame fa'a waliin qabsiistee ofiif dhiyeessuu qabda.

**Embaasii yookiin Misi'oniin maali? Leber Attasheen maalii? Dhimma godaantotaa irratti nihojjetuu? Gaheen guddaan Embasii fi Leber attashee maali?**

***Deebii kan ta'uu danda'uu:***

Mootummaan Itoophiyaa biyyoota giddugala bahatti Emabaasii yookiin Qontsilaa hundeessee jira. Biyyoota Giddugala Bahaatti mootummaa Itoophiyaa bakka bu'u. Hojiin isaanii inni guddaan hariiroo biyyoota lammanii cimsuu dha. Dabalataanis mirgoota lammiiwwan giddugala bahaa jiraatanii kabachiisuu dha. Gaheen Embaasii biyya jirutti mootummaa bakka bu'uu fi faayidaa motummaa isaa fi lammilee isaa daangaa seera addunyaatin taa'ee keessatti eegsisu dha. Anga'oonni Embasii mootummaa biyya itti ramadamanii wajjin dhimma daldaalaa irratti, michummaa biyyoota lamman gidduu jiru cimsuu, qunnamtii aadaa, diinagdee fi saayinsii cimsuu dha.

Dabalataan, Embaasiin Itoophiyaa lammiilee isaa deggeruu fi hojjetoota godaantota rakkoo keessa jiran gargaaruu qaba. Garuu immoo, hojjetoota hojii isaanii gadi dhiisaniif hojii barbaaduu, waraqaa kennuu fi godaansa al-idilawaa keessa jiraachuu isaanii sirreessuufii hindanda'u. Embasiin seera biyya itti ramadamee hojjechaa jiruun bitama. Kanaafuu waan hunda murteessuu hindanda'u. Yeroo hojjettoonni godaantonni yakka hojjetanitti gidduu galuu hindanda'u, tarii abukaatoo yookiin ogeessa seeraa barbaaduufii danda'a ta'a malee.

Gama biraan Leber Attaasheen, kallattiin waa'ee mirga hojjettoota godaantotaa Itoophiyaa biyya gahumsaa hiikuun isa ilaalata. Mirga, eeggannoo fi kabaja hojjetoot Itoophiyaaa bobba'insa hojii biyya alaa angafatti eeguuf itti gaafatamummaa qaba. Akkaataa labsii bobba'insa hojii biyya alaa lakk.923/2008n Ministeerri Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa fi Ministeerri Haajaa alaa waliin ta'uun Embaasii Itoophiyaa yookiin Qontsilaa waliigalaa keessatti Leber Attaashee niramada. Yeroo ammaatti mootummaan Itoophiyaa biyyoota giddugala bahaatti Leber Attaashee ramaduuf qophii isaa xumureera. Leber Attaasheen tajaajila isaa guutumman yeroo jalqabu, hojiin isaa ijoon biyyoota giddugala bahaa keessatti mirga hojjetoota fi kabaja isaanii eeguu dha.Embaasii fi Qontsilaan waliigalaa dhimma godaantotaa karaa dipiloomassitin hiikuuf gahee qabu.Ittigaafatamummaan eembaasota seeraan danggeffamee waan jiruuf sababiin Leber attaashee hundeessuu barbaachiseef mirgaa fi kabaja hojjettootaa hojii biyya alaatti bobbaa'anii eegsissuf dha.

## 4.7. Garaagarummaa aadaa fi rakkoo biyya gahumsaatti nama quunnamuu danda'u

**Waa'ee biyya Giddugala Bahaatti hojjechuu maal natti himuu dandeessa?**

***Deebii kan ta'uu danda'u:***

Biyyoonni hojjetaa simatan hundi dhimma godaansaa waliigalaa fi addatti dhimma godaansaa hojii irratti seera qabu. Mootummaan Itoophiiyaa labsii bobba'insa hojii biyya alaa lakk.923/2008 keessatti bobba'insa hojii gara giddugala bahaa kan eeyyamu biyyoota waliigaltee garlamee waliin mallatteesse qofatti. Wanti guddaan hubatamuu qabu, waliigaltee garlamee mallatteessuu qofti

eegumsa mirga hojjetaaf wabii miti. Yeroo baayyee haalli itti hojjetoon karaa seera qabeessan deeman dhiibbaan mirgaa irra gahu nimul'ata.Hata'u malee, mootummaan Itoophiyaa biyyoota waliigaltee garlamee waliin mallateessee wajjin haala gaariin mirga hojjetaa hordofuu nidanda'a. Karaa biraatiin, hojjechiistonnismirga hojjetaa haalaa waliigaltee keessa taa'een eeguuf ittigaafatamummaa niqabu. Walumaagalatti godaantoti seera qabeessi miidhaa fi gidiraa adda addaa irraa mirgi isaanii eegamaa dha. Biyyoonni Giddugala Bahaa baayeen isaanii koonvenshinii ILO mallatteessuu baatanis, seerotaa fi imaamata haala hojjettootaa fooyyeessuu, keessa iyyuu hojjetoota manaa foyyessaa jiru.

Muraasa isaanii ibsuuf, Qaatar, Saawud Arabiyaa, Gamtaa Arab emireetii, fi kannaeen biroon seera waa'ee mirga hojjetaa ibsan, dirqamaa fi adabbii qaxarrii hojjettoota manaa ilaallatan mirkaneessaniiruu. Mirgi Faayidaa ka'umsaa, dirqami dabalataa, keewwatti eeggannoo hojjettoota dabalameera (duuka deemtuu 1 fi barruulee 3) ilaali. Faayidaa mirgaa seeraan taa'ee kana keessatti sa'a hojii 10 guyyaatti, boqonnaa guyyaa sa'a 9-12, boqonnaa torbanii guyyaa tokko, kaffaltii mindaa ji'atti si'a tokko, yeroo shaakalaa ji'a sadi hanga ji'a jahaa, boqonnaa waggaa torbee sadii haga ji'a tokkoo, umurii eeyyama hojii argachuuf barbaachisu 18-60, boqonnaa dhukkubaa ji'a tokko waggaa keessatti, biyyaa gahanii deebi'uu waggaa lamatti si'a tokko ka'anii kan jiran nijiru.

Hata'u malee, qorannoo fi midiyaaleen adda addaa akka addeessanitti seeronni kun jiraatanus seerota kana darbuun akka addunyaatti kan beekame fi qaawwaan imaamataa fi raawwii gidduu akka jiru niagarsiisa. Kanaafuu, hojjettoonni godaanan rakkoo hojii biyya giddu gala bahaa jiru hubachuu qabu.

Dirqama dabalataa fi keewwata eegumsa hojjetootaa kan akka fedhii bu'uraa (nyaataa, kunuunsa fayyaa, mana) dhiibbaa adda addaa fi gidiraa addaa irraa eguu, beenyaa midhaa sababa hojiin dhufuu, jijjiirraan iddoo hojii hojjetaa yoo kan itti amanamu ta'e, qaama angoo qabutti haala iyyannoo itti dhiyeeffatan kan akka Ministeera Hojjetaa fi guddina hawaasaa biyya Saawud Arabiyaa, akkasumas biyyoottan akka Qaatar, Gamtaa Arab Imireet qaama dhimma hojjetaa manaaf deebii kennu adda baasanii keewwata seerota isanii keessa keewwataniiru.

**Waa'ee jireenya biyya giddugaleessa bahaa maal natti himuu dandeessa? Haala aadaa isaanii fi haala jireenya isaniiti maal gochuu fi maal gochuu dhiisuutu nairra jiraata**?

***Deebii kee ta'uu kan danda'u:***

Biyyoonni addunyaa irra jiran hundi aadaa mataa isaanii, duudhaa fi barsiifata biyya kaan irraa adda isaan godhu niqabu. Haasa'a mallattoo, haalaa haasa'a afaanii, haala nyaataa, haala minjaalaa, uffannaa, haala nagaa walgaafannaa, haala qunnamtii walii waliisaniiti haga ayyaaneffannaa ayaanotaa niqabu; - aadaan kan ittiin hoogganamu barsiifataa fi duudhaa godhi fi hingodhini jedhu haala adda ta'een adda baasuun ta'a. Akka haalli jireenyaa haala aadaan kan kee wajjin wal hinfakkaanne, naasuun garaagarummaa aadaa simudachuu danda'a ta'a. Kanaafuu wanti ati jalqaba

hubachuu qabdu, garaagarumman aadaa sirrii fi iddoo hundatti kanuma ta'uu isaati. Haala quunnamtii kee dhuunfaa hunda keessatti naamusa, duudhaa, aadaa hubachuu fi beekuuf yaali. Haala jireenya isaanii hubachuu fi raawwachuuf rakkachuu dandeessa ta'a, garuu immoo aadaa fi duudhaa biyya ormaa keessa jiraattuuf kabaja guddaa kennuutu sirraa eegama.

Biyyoota giddugala bahaatt amantaan qaama aadaa isa barbaachisaa dha. Amaantaan guddaan naannoo kanaa Islaamummaa dha. Ilaalchi aadaa baayeeniifi haalli duudhaa jireenyaa kan irraa waraabame bu'ura amantaa Islaamummaa irrati. Gatii kanaaf, dhimmoota armaan gadii ofeeggannoon hubachuun hawaasa keessatti fudhatama kee olguddisuu qabda.

**Amantaa fi duudhaa gosaaf kabaja kennuu qabda:** Bu'urri amantaa Islaamaa Allah isa dhugaa dha. Ergamaan dhugaan immoo tokkicha Mohammadi dha.Allah fi Mohammad kabajamoo waan ta'aniif waan karaa kanaan nama aarsuu dubbachuu fi gochuu irraa ofqusadhu. Masgiida kamiinuu kabajuu dhiisuu irraa ofqusadhu. Musiilimoonni jireenya isaanii guyya guyyaa keessatti waan kana amaleeffataniiru.

**Sagada (kadhannaa):** Musliimi tokko guyyaatti si'a shan kadhata. Barii, guyyaa, Cabsaa, fi halkan. Dabalata kanaas, sirni qulqullinaas kadhannaa dura nigaggeeffama. Musliima taokko irraa kadhata dura harka isaa, fuula isaa, harkaa fi milla isaa dhiqachuun irraa eegama. Namaa tokkoo jilbeeffatee kadhataa jiru ilaaluu ykn dura qaxxaamuruun akka nama aarsuutti lakka'ama.

**Sooma:** Yeroo Raamadanaa musliimoti barii lafaatii hanga aduun lixxutti nayaata ynaaachuu fi dhugaatii dhuguun dhorkaa dha. Raamadanni guyyaa 29-30 marsaa addeessaa irratti hundaa'ee nitura. Yeroon kun yeroo cimaa fi qormaataa ta'ee ulfinaafi ayyaana biyyaa ta'ee kabajamee oola. Yeroo soomaa sana fuula isaanii duratti nyaachuu irraa ofeeggadhu, nyaata isaan gaafachuun illee nidallansiisaan.

**Soorata hinnyaatamne tokko tokko:** Nyaatonni tokko tokko maatii musiliimaa biratti dhorkaa dha. Nyaata akkanaa yoo isaan nyaachuu isaanii qulqulleeffatte malee akka hinqopheessine.Maatii amanticha hordofanuuf yeroo nyaata qopheessitu meeshaalee nyaata dhorkaa itti qopheessiteeti akka hinfayyadamnee mirkaneeffadhu.Nyaata qopheessuu kee dura wantoota dhorkaa tan mirkaneeffadhu

**Haala waaqeffannaa guyyaa jimaataa:** Guyyaa jimaataa hunda hojiin mootummaas, baankiinis sa'a lamaaf cufaa dha. Guyyaa waaqeffannaa jimaataa musliimonni waqqeffanaa isaanii kan gaggeessan masgiidatti dha.

**Haala uffannaa**: Dubartoonni musiliimaa uffannaa qaama hunda dhoksu uffatu. Iddoo dirree irratti, dubartoonni mataa isaaniitti niuffatu, harka isaanii nidhoksu, uffata ballaa uffatu. Haala walfakkaatuun dubartoonni musilimaa hintaanes yeroo ala bahan aaka musliimaatti uffachuu baatan illee, uffannaa baballaa uffatu, uffata dhiphoo fi qaama mullisan uffachuun kan dallansiisu ta'a. Uffannaan harkaa irree guutuu uwwisuu qaba. Qamisiin (fiddoon) immoo jilbaa gaditti dheerachuun koomee bira gahuu qaba. Dhiironni immoo qumxaa uffachuu irraa ofqusachuu qabu.

## *4.8. Gaaffiiwwan bu'uraa deebitoota godaansaa fi deebisanii dhaabuu*

**Biyya giddugala bahaatti hojjettuu/aa manaa ta'ee hojjechaa turuun amma dhiyoo gara biyya Itoophiyaatti deebi'een jira. Maallaqa xinnoo qusadheen daldaala jalqabuun barbaada. Deggersaaf eenyuun qunnamuun qaba?**

***Deebii kee kan ta'uu danda'u:***

Daldaala jalqabuuf maallaqa qussachuu keetiin baga gammadde. Jalqaba odeeffannoo gahaa maal, akkamitti, eessattin daldaala jalqaba kan jedhu odoo hinargatin maallaqa kee baasuu hinjalqabin. Dhuunfaa keetin sakkata'insa bu'aa qabeessumaa daldalichaa gochuu nidandeessa. Hata'u malee, hojii daldaalaa ati filattee dandeettii fi muuxannoo haga ta'e akka barbaadu hubachuu qabda. Kanaafuu, qaama mootummaa naanoo kee jiru mariisisuun hubannoo fi leenjii bulchiisa daldalaa sii kennuu danda'u. Yeroo ammaa kana, tajaajilli akkasii kun qaama mootummaa kan ta'e waajjira misooma intarprayizii fi industrii magaala jedhama. Waajjirri kun aanaalee fi bulchiisa magaalaa hunda irra nijira. Caasaaan walfakkaatu aanaalee baadiyyaa addatti waajjira qonnaa keessa nijira. Waajjirri Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa akka ati leenjii dhaabbilee Miti Mootummaa fi qaamoleen kan biroon wajjin carraa kanaargattu mijeessuu nidanda'a. Waajjirichi akka ati tajaajiloota hojii dhabaaf kennamu argattuuf kaardii hojii dhabummaas siif kennuu danda'a.

Yoo qaamolee biroo wajjin walitti gurmaa'uun daldala jalqabuu barbaaddes, waajjira misooma interprizii fi industrii mariisisuu dandeessa. Fedhii fi mallaqa ka'umsaa qabdu irratti hundaa'uun, yoo liqii barbaadde dhaabbilee faayinaansii xixiqaa fi lafa hojii akka argattuuf immoo mana qopheessaatti sidabarsuu danda'a. Garuu immooo dhaabbileen faayinaansii xixiqqaa fi manni qopheessaa ulaagaa, adeemsa fi duraa duuba tajaajila mataa isaanii akka qabanis beekuun, ulaagaa sana guutuu fi waliigaltee waajjiraalee kana wajjin galteef bitamaa ta'uu qabda.

**Ani hojjetaa yeroo dhiyoo biyya giddu gala bahaati godaansa irraa deebi'e dha. Mana mootummaatti yookiin dhaabbilee miti mootummaa keessatti qaxaramuun barbaada, Kanaafuu, deggersa argachuuf eenyuun gaafachuun qaba?**

***Deebii kee kan ta'uu qabu:***

Dhaabbilee kamiinuu keessatti qacaramuuf ulaagaalee guutuu qabdu akka jiru hubachuu qabda. Fakkenyaaf, konkolaachisummaatti qacaramuu yoo barbaadde, eeyyama konkolachisaa fi barnoota barbachisaa qabaachuu qabda. Yoo wardiyyummatti qacaramuu barbaadde, muuxannoo loltummaa fi barnoota barbaachisaa gaaftamu qabachuu qabda. Karaa fedheenuu hojjechiisaa kee fuula duraatti ulagaa barbaachisaa dhaabbata itti qaxaramuu barbaadduuf guutuu qabda.

Aanaa keettis waajira Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa gorsaa fi odeeffannoo haala itti qaxarrii argattu gaafachuu nidandeessa. Dabalataanis, waa'ee carraa hojii qacarrii naannoo jiruu ejensii bobba'insa hojii naanoo keetti hojjetan gaafachuun deggarsa argachuu nidandeessa.

# DUUKA DEEMTUU 1

## BARRUULEE

## Barruulee 1 - Qajeelfama Godaansa Ofeegganoo Qabu[3]

### 1. Imala- dura

**A. Bobba'insa hojii biyya alaa murteessuun dura wantoota ijoo irratti xiyyeeffachuu qabdu**

- Deggersi isaanii barbaachisaa waan ta'eef, murteessuu kee dura maatii ballaa wajjin mari'adhu. Deggrsi isaan miiraa fi hamilee keetif siif godhan baayyee sicimsa waan ta'ef
- Nama waa'ee qabeenya maatii keetii to'atuu wajjin mari'adhu, akkamitti akka deggeramanuu fi kaayyoo kee galmaan gahuuf hagam qusachuu akka qabdu mari'adhu.
- Kaayyoo maaliif akka godaantu sirritti teesifadhu. (Fkn.meeshaalee bitachuuf, barnoota ijoolleef, Maalqa kuufachuun daldaala ofii jalqabuuf, kkf.).
- Edda maatii wajjin mari'attee booda karoora deebi'anii dhaabbachuu ifa ta'e qabaadhu. Kanaafis qaamota aangoo qaban beeki.
- Murtee kee odeeffannoo mirkanaa'ee qofa irratti hundaa'ii murteeffadhu: Haasa namoota qofa ilaaltee hinamanin, namoota adda addaa gaafadhu.
- Madda qabatamaa irraa odeeffannoo fudhu. (Ejensiiwwan seera qabeessa ta'anii galma'an irraa, Dhimma Hojjetaa fi Hawaaasumma Itoophiyaa irraa) waa'eecarraa hojii biyya simmattuuttuu jiru sirritti beeki
- Galii amma argachaa jirtuu fi galii biyya deemtuutti argattu walbira qabuun wal madaalchisi.
- Baasii kee hunda manaaf, geejibaaf, nyaataa fi meeshaalee qulqullinaa kkf tarreessiti herregii ilaali.

***Gaaffii kanatti aanan ofgaafadhu:***

- Karoora 'B' nanqabaa? (yoo dubbiin karaa ani yaadeen deemuu baatte nama nagargaaru amanamaa tokko nan qabaa?)
- Haga bakka gahumsa kootiitti karaa nagaa fi ofeeggannoo qabuun deemuu nan danda'a? Yeroo deemsa kootii, yeroo turtii kootii fi yeroo hojii kotiitti balaan qaamaa, seeraa fi mallaqaa nairra gahu jiraa?
- Yeroo murtaa'eef galii malee ofjiraachisuu nandanda'aa?
- Mirga koo tuqameef haalan itti himadhu nan beekaa?
- Sababan bobba'insa hojii biyya alaa barbaadeef sirriitti nan beekaa?
- Maatiin kookaayyoon bobba'insa hojii biyya alaa barbaadef hubataniiruu?
- Hojii biyya alaa barbaaduuf ani gahaa dha? (Umurii, sadarkaa barnoota, ragaa leenjii, fayyumaa barbaachisukkf) mirkanneeffchuuu.
- Carraa hojii biyya keessaa hunda ilaaleeraa?
- Hojiin barbaadaa jiru kanaaf dandeettii, beekumsaa fi gahumsa barbaadamu nanqaba?
- Bakka ani hinjirretti ijoollee koo/maatii koo eenyu naaf eegaa?

---

[3] *Bobbii hojii biyya Sirilaankaa fi ILO 2015 irraa fudhatame*

- Barnooti ijoollee kootii namni amanamaan naaf hordofu eenyu?
- Deggersa koo malee maatiin koo hojii guyya guyyaa isaanii gaggeessuu nidanda'uu?
- Hojiif biyya alaa bahuuf murteessuukoo dura eenyunan mari'adha? Abbaamanaa yookiin hadha manaa, ijoollee, maatii, jaarsolii, fira, fira ballaa, obboleettii, obboleessa, ollaa, kkf.
- Isaanii waliin mari'achuuf, gorsaa fi deggersa argachuuf, kennitoota tajaajilaa, hoggantoota manneen barnootaa, abbootii amaantaa, ykn jaarsolee biyyaa; tajaajila adda addaa isaan biraa kennamu beekuuf fi maatii isaaf yeroo inni biyya alaa jirutti akka deggeraniif nigargaara.

**B. Biyya alaa bahuuf Qophaa'u**

**Altokko bobbii hojii biyya alaaf erga murteesite boodaa:**

- **Paaspoortii seera qabeessa qabaachuu:** haala itti paaspoortiin argamu irratti mariisisuu (Paasportiin Immigrashinii Itoophiyaan kennama).

- **Viizaa biyya itti hojjechuu deemtuu argachuu:** Viizaa qacarrii/hojii malee (viizaa dawwannaa yookiin viizaa ayaanaaa, ta'uu hinqabu. Viizaa yeroof jiraachuu yookiin hojjechuu ta'uu hinqabu

  ***Viizaa argachuuf ragaalee barbaachisan:***

  - Paaspoortii seera qabeessa
  - Ragaa fayyummaa mana yaala
  - Ragaa yakka irra bilisa ta'uu poolisiin kan kenname

- **Ragaa leenjii ogummaa fi imala duraa fudhachuu isaaa agarsiisu.** Ragaan leenjii fi Sagantaa leenjii adda addaa hojiiwwan adda addaaf qopha'an fudhachuu.

- **Waliigaltee qacarrii qabaachuu.** Waliigaltee qacarrii ejensii bobba'insa hojii waliin hojiif biyya biraatti bahuu kee dura mallatteessuu fi dirqamoota waliigaltee keessa ta'an hunda hubachuu kee mirkaneeffachuu qabda. Yoobarbaachisaa ta'ee nama siif sirritti ibsu tokko gaafadhu. Waliigalten kun ejensii biyya alaa simatuunis ta'ee hojjetichaan kabaja fi eegannoo hojjetaaf jecha hojii irra ooluu isaa mirkaneeffachuu
- Mallattooleen fi mirkaneessi armaan gadii taasifamuu qaba.
  - Mallattoo hojjechiisaa
  - Mallattoo ejensii biyya alaati simatu
  - Mallattoo ejensii biyya keessaa gara biyya alaa erguu
  - Mallattoo hojjataa
  - Ministeera Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaan mirkaneessuu

**Biyya gadhiisuun bahuuf qophaa'uu**

Dhimmootan hunda hordofuun formaatii fi adeemsaalee hunda haala barbaachisuun guuttattee yoo siif mirkanaa'ee imalaaf ofqopheessi. Yeroo kanatti dhimmoota armaan gadiif ofqopheessi:

- Fedhii hojii siif dhiyaate, waliigaltee hojii barreeffamaan, agarsiiftuuwwan haala hojii keetii (kan akka mindaa, sa'a hojii fi kkf.)

- Eeyyama immigreshinii sirrii ta'ee fi achi turuu fi karaa seera qabeessaan sihojjechiisuu danda'u qabaachuu kee mirkaneeffachuu
- Ragaalee mirkana'an hunda koopii isaa qabaachuuf iddoo sirrii ta'e mana keewwachuu kee mirkaneeffachuu:
    - Kooppii Paasportii
    - Kooppii waliigaltee hojii keetii
    - Waan ejensiiwwan kee biyya alaa fi keessa ittiin quunnamtuu
    - Yoo jiraate haala hojjechiisaa
    - Biyya itti hojjechuu deemtuutti haala embaasii Itoophiyaa achi jiruu beekuu
- Lakk.herrega baankii maqaa keetiin biyya keettii qusannaaf banachuu
- Deemsa kee karaa imala sirrii fi ofeeggannoo qabuun karoorsuu
- Ragaalee seera qabeessa hunda harkatti qabachuu (pasportii, raga hojii, waliigaltee, kkf.)fi lakkoofsa bilbila barbaachisoo ta'an hunda qabaachuu
- Waan hunda sirreessuu fi namoota waa'ee dhimma kee hunda siif hordofanii fi siif eegan bakka buufachuu
- Qaamolee mootummaa naannoo kee jiranu haala isaa ibsuufin akka isaan maatii kee deggeranii fi ala deebii keettis deebisanii akka sidhaabaniif nifayyada.

**Haala meeshaa kee fi Borsa harkaa kee imala irratti itti qabattu**

- Shaanxaan kee ulfaatinni isaa haga tikeetii imalaa kee irratti ibsameen ol akka hintaane mirkaneffadhu.
- Borsaan harkaa kee kiiloo girama torbaa olakka hintanee fi meshaaleen dhorkaman akka Hinqabanne mirkaneeffachuu (kan akka meeshaalee qara qabanuu, meeshaalee Waraanaa meeshaalee salphaatti ibda qabsiisan, dhangala'oo baayyee).
- Wantoota barbaachisoo ta'an ofharkatti qabachuu kee kan akka paasportii fi kooppii isaa, Tiketii, waaleetii, odeeffannoo fi bilbila ejensii biyya alaa, ejensii biyya keessaa, hojjechiisaa, fiembaasii Itoophiyaa.
- Meeshaalee dhuunfaa (buruushii ilkaanii, filtuu rifeensaa), dawwaa fi uffata ji'a sadiif tajaajilu shaanxaa guddaa kan buufata xiyyaaratti sakata'amuu keessa keewwachuu, yookiin immoo borsaa harkaa keessa buruushii yookiin rigaa ilkaanii fi filtuu rifeensaa keewwachuun nidanda'ama
- Uffata karaaf ta'uu fi aadaa wajjin walsimate uffachuu kee mirkaneeffachuu, akka barbaachisummaa isatti jaakkeetii dabalachuu.
- Maqaan kee fi teessoon kee sirritti shaanxaa kee irratti maxxanfamuu mirkaneeffadhu.
- Shaanxaan kee sirritti furtuxiqqaan cufamu isaa fi furtuun isaa borsaa harkaa kee keessa keewwachuu kee mirkaneeffadhu.
- Meeshaa biyya gahumsaattis ta'ee biyya qaxxaamuraatti hineeyyamamne qabatee akka hinjirre mirkaneeffachuu (fakkeenyaaf, bobbocaalee amantaa, fakkiilee, beeyilada, jimaa, dhugaatii alkoolii, dawwaa sammuu adoochuu, meeshaa waraanaa, wantoota dhohanu).
- waan keessa jiru sababii hibeekneef Shaanxaa yookiin borsaa nama biraa hanga fedhe sikadhatan akka hinbaanneef

## 2. Biyya kee irraa deemuuf

**Gara Buufata Xiyyaaraa deemuu**

- Tikeetii Ime'iliin kutamuun walbaruu

- Buufata xiyyaaraa, maqaa dandii xiyyaaraa, sa’a balalii tikeetii irra taa’ee sirritti hubachuu
- Akka geejibi qophaa’ee mirkaneffachuun haala tikeetii irra taa’een sa’a sadii dura buufata xiyyaara qaqqabuu
- Sarara xiyyaara haala nyaata kuduraa yookiin nyaata halaala ta’an himuu.
- Of haroomsuufi uffata qulqulluu uffachuu hindagatin
- Tikeetii xiyaaraa, paaspoortii, vizaa, ibsa haala imala, sponsera yookiin ibsa waa’ee nama buufataxiyyaaraa biyya gahumsaatti simatufi bilbila embasii biyya gahumsa jiru haala salphaan bakka argachuu dandessuu borsaa harkaa kee keessatti qabachuu kee mirkaneeffadhu.
- Akka tasaa namoota nama naanneessan fi namoota namootan daldaalan harka bu’uu dandeessa waan ta’eef teessoo kee dhuunffaa nama hinbeekne kamiifuu akka hinlaanne ofeeggadhu

**Buufata Xiyyaaratti**

- Gabatee beeksisa buufata xiyyaaraa ilaaluun ykn beeksisa sagalee irratti hundaa’uun gara iddoosakata’insatti sirriitti deemuu. Yeroo tokko tokko hojjetoonni gumruukaa meeshaalee dhorkamaaakka hinbaanneef sakata’insa ofii isaanii nigaggeessu
- Shaanxaan kee si’a lammaffaaf humna nageenyaan nisakata’ama. Paaspoortii keetiif tikeetiin keebakka dhumaa osoo hinga’in nisakata’ama
- Boorsaa yookiin shaanxaa abbaa isaa hinbeekne ofbira hingodhin waan qabatee jiru waanhinbeekneef, yoo namni biraa naaqabi siin jedhee waan inni qabee jiru yoo hinbeekin tasa illeehinqabiniif
- Paaspoortii kee, tikeetii kee fi shaanxaa kee bakka to’attoonni daandii bakka barbaachisaa ta’e sigaafatanitti agarsiisu fi eeyyama qaxxaamuraa fi kaardii shaanxaa keetii fudhachuu hindagatin.
- Eegumsa tokko malee borsaa harkaa kee tasa hindhiisin yookiin lafa hinkaa’in.
- Kaardii turtiiyeroo (boordiingii) sirritti guutuu kee yaadadhu.
- Sakkataatota imigreshiiniitti darbuun paaspoortii keeti fi eeyyama boordiingii ykn turtii mirkaneesiffachuun fudhachuu
- Gabatee odeeffannoo balalii xiyyaaraa ilaalii, sa’an balalii kee gahuu mirkaneeffadhu.
- Karaa qaraxa irraa bilisa ta’een gara seensa deemsaatti darbi. Beeksisa imaltootaf godhamudhaggeeffadhu. Haga ibsi deemsaa labsamutti achuma naannoo aara galffii taa’ii.

**Yeroo Balalii xiyyaaraa**

- Lakkoofsi teessoo keetii akkaataa tikeetii kee irra taa’een ta’uu isaa mirkaneeffadhu.
- Boorsaa harkaa kee iddoo taa’umsa borsaa mataa kee gubban jiru irra keewwadhu. Yoo borsaa baayyee xiqaa miilla kee jala keewwachuu dandeessuu ta’e malee,
- Ajaja deggertoota balalii dhaggeeffadhu. Jarri kan sideggaran waan ta’eef waan barbaaaddu hunda gaafadhu.
- Daandii qilleensa bajataa (kan baasii ofdandeessuu) yoo ta’e malee nyaati achi keessatti kennamu hundi bilasaan kennama.
- Haala tasgabbii qabuu fi namoota kaan hinjeeqneen taa’ii

**Biyya gahumsaa yeroo geessu**

- Yoo achi keessattii siif keennamee jiraates yookiin imigrashiinii irraas yoo siif kennameera ta’e, haala sirriin kaardii gahumsaa guutuu kee mirkaneeffadhu.
- Chaappaan immigrashinii paaspoortii kee irratti godhamuu isaa fi guyyaa ga’umsaa kee Kanagarsiisu ta’uu isaa mirkaneeffadhu

- Shaanxaa kee beeltii meshaa daddabarsuu irraa ilaaluun fudhu. Yoo dhabde warra to'atan gargaarsa gaafachuun bakka shaanxaan abba dhabe ta'uu gaafattee fudhachuu nidandeessa
- Qajeelfama karaa bahinsaa hordofuun bahi
- Akkaatuma ejensii biyya keessaan sitti himameen bakka bu'aa ejensii biyya alaa yknhojjechiisaakee qunnami
- Nama sirrii sieegaa jiru quunnamuu keetif waraqaa eenyummeessaa isaan adda baasi.
- Iddoo hojii kee nagaan gahuuf isaan duukaa deemii
- Nagaan gahuu kee maatii keetif ibsi

**Biyya gahumsaa gahuu kee dura daandii xiyyaara biraan yeroo traansiit (qaxxaamura) gootu**

- Daandiin xiyyaaricha kallattiin biyya gahumsaatti kanbalali'uu ta'uu isaa fi buufata xiyaaraa biraan traanziit yookiin kan qaxxaamuru ta'uu isaa adda baafachuu
- Yoo deggersa barbaadda ta'ee deeskii odeeffannoo gaafadhu
- Yoo imala kee jijjiiruu barbaaddee odeeffannoo balalii xiyyaara itti aanuu tikeetii kee irraa ilaali, kan akka yeroo bahinsaa, sa'a balalii, lakkoofsa terminaaliiadda baafadhu
- Balalii jalqabaa akka xumurteen kaardii gahumsaa guuttee booda, imala itti aanuuf karaa seensaa sirrita'e adda baafadhu, yeroon gara sana seenii
- Adeemsa eegumsaa ykn seekyuritii hunda erga xumurtee booda, karaa seensaa imalaatti seeni.

## 3. Iddoo hojiitti/ iddoo tajaajilaatti

### A. Itti gaafatamummaa hojii keetiin walqabatu

- Akkuma hojjechiisaan kee paaspoortii kee ofbira kaa'uu danda'uu, atis paasportii kee kooppiiisaa yeroo hunda ofharkaa hindhabin. Lakkofsa paaspoortii keetii moobayilii kee irrattis qabachuu nidandeessa.
- Hojjechiisaan kee eeyyama hojii keetii fi eeyyama jireenyaa kee odeeffannoo sirrii ta'ee wajjinargachuu isaa mirkaneeffadhu. Lakkoofsa isaa qabadhu, moobayilii kee irrattisgalmeeffadhu. Ragaalee harkatti qabaachuun yeroo tajaajila adda addaa barbaaddu ittinkeessummaa'uufsigargaara.
- Hubannoo haala teessuma manaa fi hojjechiisaa fi hojii hojjechuuf si irraa barbaadamuu sirriittiqabaadhu
- Hojiin hojjechiisaa keetif akka hojjettu barbaadamu sitti himamuu isaa fi hubachuu kee mirkaneeffadhu.
- Walquunnamtii fayyaalessa ta'ee hojjechiisaa kee wajjin qabaadhu. Garuu immoo walirraa fageenya ogummaan eeyyamamuu hojjechiisaa fi maatiif bakka hojiitti eegadhu.
- Hojiin kee sa'a siif kenname gidduutti xumuramuu isaa mirkaneeffadhu.
- Hojiin kee hojjechiisa fi maatii kangammachiisu ta'uu isaa mirkaneeffadhu.
- Haala dhuunfaa hojjechiisaa kee fi maatii akka yeroo hojii kee hojjetu hinjeeqnemirkaneeffachuu
- Iddoon hojii keetii, maatii fi qabeenyi balaaf kan hinsaaxilamne ta'uu isaa mirkaneeffachuu fkn ibidda
- Qajeelfama ofeeggannoo iddoo hojii hordofaa jiraachuu isaanii fi ofeeggannoo ofiikeef gochaajiraachuu mirkaneeffachuu
- Yoo rakkoon jiraate, daftee hojjechiisaa keetti himuu fi akka hundee irraa sirreeffamu gochuu
- Yeroo turtii hojii keetti afaan achii baruuf walquunnamuuf dandeettiin kee dabalaa deemuu isaamirkaneeffadhu
- Afaan naannoo baruu salphaa taasisuuf kitaaba ofbira gochuun hiikoo isaanii barreessuuf yaaluu

- Hojjechiisaan kee lakkoofsa herrega baankii kee Itoophiyaatti mindaa kee ji'aa siifgalchuu isaamirkaneeffadhu ragaa ittiin siifgales gaafadhu.
- Bilbilli moobai'ilii keetii dhimma dhuunfaa keetiif kan hojjetu ta'uu isaa mirkaneeffadhu. Yeroosa'a hojii moobaa'iliitti hinfayyadamin.
- Yeroo iddoo hojii keetiin ala sochootus eeyyami hojii kee harka kee jiraachuu isaamirkaneeffadhu.
- Biyya itti qacaramtettii wantoota dhorkaa ta'an yeroo hunda yaadadhu.
- Bakka hojii keetiitti rakkoon yoo siquunname, jalqaba hojjechiisa keettin yookiin to'ataa ejensi himi. Walitti bu'insa hiikuun fedhii hundaati. Rakkoolee ykn haala uumaman hunda. Yoo rakkoo bifa idilawaa ta'een himachuu barbaadda ta'e, yoo rakkoon hinhiikamneta'ee, mindaan sikafalamuu dhabuu, yookiin waliigaltee keessa wanti taa'ee sif hinraawwatamne yoo ta'e qaamolee miti mootummaa, waldaa hojjettootaa, embasii, Leber attaacshee yookiin Ministeera dhimma hojjetaa fi Hawaasummaa karaa maatiikeetiin akka qaqqabu gochuu.
- Yoo halli baayyee hamaa ta'e malee manaa baatee hinfiigin. Haala hunda ejensiisiqacarsiisetti himuu qabda. Embaasii fi buufata poolisiitti gabaasa godhi. Yoo callisteefiigdee baate biyyichatti qaama seeraan alaa taata. Fiigdee mana hojjechiisaati bahuunharka poolisitti qabamuu fi mana hidhaa seenuuf sisaaxila. Namoota akkana godhijedhanii sigwwomsaniif tole hinjedhin. Yoo kana goote harka namoota namootaandaldaalanuu bu'uundaldaala qunnamtii salaa yookiin saamicha humnaaf saaxilamuudandeessa.

**B. Ittigaafatamummaa dhuunfaa**

- Iddoo hojiittis ta'ee mana keessatti hojjettoota kaanii wajjin quunnamttii gaarii uummadhu
- Yeroo hojii kee xumurtetti sa'atii maatii wajjin yaada waljijjiirtu yeroo idilawaa qabaadhu.
- Wantoota hojiif sitti kenname haala malee hinfayyadamin. Kan akka bilbilaa, bishaanii (Giddugala bahaatti bayyee hanqina qaba waan ta'eef), meeshaalee manaa sirritti ittifayyadamuu
- Ragaalee dhuunfaa keetii kan akka paaspoortii, waligaltee hojii, eeyyama hojii, Eeyyama jireenyaa raga qorannoo yaala, fi tikketii debii iddoo ofeeggannoo qabuu fisirritti keewwachuu kee mirkaneeffadhu
- Mana keessattis ta'ee iddoo hojiitti uffannaa addaa fi hojichaa wajjin walsimatu uffachuu kee mirkaneeffachuu
- Qulqullina dhuunfaa keetiif fayyaa kee dabalatee kan akka HIV Eedsii, dhukuboota Saal quunnamtiin darban qulqulliinaa fi dhaabbii kee eeggachuu hindagatin
- Yoo waan baayyee murteessaaf ta'e malee haga barri waliigaltee hojii kee dhumutti biyyatti hindeebi'in.
- Meeshaa tokko illee mana keessas ta'ee alaa akka hinhanne, kun yakka mana hidhaa si buusuu dha.
- Yeroo meeshaa bittu hanga sharafaa sirritti beekuu kee mirkaneeffadhu.
- Mindaan kee lakkoofsa herrega keetiin baankiittii siif gala jiraachuu fi ragaan isa mirkaneesuu (nagaheen baankii) siif dhiyaachuu isaa mirkaneeffadhu

## 4. Gara Itoophiyaatti deebi'uu

### Odoo barri waliigaltee hojii hinxumuramin deebi'uu

Odoo barri waliigaltee hojii hinxumuramin haalonni gara biyya akka debitu taasisan keessaa

- Biyyatti qorannoo fayyaa qabaachuu
- Sababa dhukkuba hamaa osoo hojjetaa jirtuu siqabeen
- Sababa balaa ykn miidhaa iddoo hojii irraan

- Sababa namni ati jaallattu maatii keesa du’een
- Sababa gidiraa baayyee hojjechiisan irraan gaheen bahee fiiguun
- Hidhaa sababa seeraan alaan ykn sababa ragaa hingalmoofnneen biyya seeneef ittimurtaa’ee yeroo xumuru
- Bara adabbii isaa mana sirreessaati xumuruun

**Bara waliigaltee xumuuruun biyyatti deebi’uu**

- Hojechiisaan kee barri hojii xumuramuu isa fi truuf fedhii qabaachu keetiif deebi’uubarbaduu kee dursee yaadachuu isaa mirkaneeffadhu.
- Mindaan kee hundi isaa hojjechiisaa keetiin siif kaffalamuu isaa mirkaneeffadhu, yoomaalqni calaan siif kaffalama ta’e, iddoo sirrii keewwachuu kee mirkaneeffadhu.
- Eyyama bahiinsaa argachuu kee dura mindaan kee hundi siif kaffalamuumirkaneeffadhu.
- Tikeetiin deebii kan bitamu haala waliigalteen hojjechiisadhani.
- Eyyami hojii keetii sirri ta’uu mirkaneeffadhu. Suura Hojjechiisaa fi eenyumeessaa kee, waraqaan eenyummaa kee maqaa fi lakk. Paaspoortii qabaachuu qaba. Eyyama hojiimalee eeyyama bahinsaa hinargattu.
- Eeyyama hojii dhabuun rakkoo adabbii maallaqaa yookiin hidhaa irra sibuusuunidanda’a.
- Deebi’aa jiraachuu kee maatii kee Itophiyaa jiranitti beeksisi.
- Yeroo turttii hojii keetiitti meeshaalee hojiif hojjechiisa kee harkaa fuute hunda deebisuuhindagatin

***Waan gochuu hiqabne***

- Hojjechiisaa keetif iddoo kee nama biraa akka bakka buusuuf ergituuf waadaa akkahingalle. Ofii kees nama biraas rakkoo irra buustaati.
- Meeshaa kan kee hintaane akka hinfudhanne
- Meeshaalee qaraxaan alaa nama biraaf bita jette hingowwoomin, carraangowwoofamuu qabdu ballaa dha waan ta’eef
- Kabaja Itoophiyaa cimsuu fi eeguu qabda.

**Yeroo turtii dheeressuu**

Yeroo waliigaltee hojii kee eddee xumaramee booda biyyatti deebi’uu yoo hinbarbaanne fi hojjechiisaan kees yoo irratti walii gale kanneen armaan gadii gochuu qabda:

- Eyyami hojii keetis haala sanaan sirraa’uu isaa ykn ejensiin kee haala duree mijeessaa jirachuu isaa mirkaneeffadhu.
- Karoora kee maatii kee beeksisi
- Ejensiiwwan biyya keessas ta’ee biyya alaa beeksisi
- Embaasii Itoophiyaaf odeeffannoo kennuun haala sanaan waliigalteen kee akka haaromu taasissi

**Yeroo buufata xiyyaaraa Itoophiyaa geessu**

- Kaardiin gahumsaa guutamu xiyyaara keessatti yoo siif kenname, sirritti ilaaluun guuti, yoo erga buutee booda to’annaa imigraashinitti guca siif kennams guutuu kee mirkaneeffadhu
- Chaappaan imigreshinii gahuu kee fi guyaa gahumsa kee mirkaneessu chaappeffamuu isaa mirkaneeffadhu
- Beeltii meeshaa irraa shaanxa kee furadhu

- Yoo shaanxaa kee dhabde warra shaanxaa bade to'atan deggersa gafachuun barbaadi
- Beeksiisa karaa bahinsa hordofuun karaa qaraxaan akka baatu. Homaa waan ibsitu hiqabdu taanan karaa ifaa magariisaa bahi. Yoo waan gaafattu hiqabne guca kamiinu odoo hinguutin bahuu nidandeessa. Hojjettoonni qaraxaa akka tasa sakata'uu waan danda'aniif yoo waan gaafattu qabaatte kan akka meeshaalee elektrooniksii, alkoolii, sijaaraa qabaatte guca sirrii guutuun karaa sirriin dhimmicha ibsii bahii. Waan iyyattu yoo qabaatte kan akka meeshaalee elektrooniksii, ykn sijaaraa haga murtaa'ee ol yoo qabatte,guca sirrii ta'e guuti,karaa sirri namooti ibsanuun fayyadami
- Borsaann kees meshaalee nama biro qabachuu hiqabu, meshaalee daldaalaaf oolu, meshaalee dhorkaman, kan akka dawwaa hamaa, meeshaalee waraanaa wantoota dhoowaman fi kanneen akka warqee qabachuu hinqabdu
- Yoo rakkoon siquunname ykn buufata xiyyaaratti sidhukkube to'attoota immigreshiinii deggersa gaafadhu
- Yoo meeshaan sijalaa bade, dura daandii xiyyaaraa ittin dhufte gaafadhu, itti aansuun nama naannoo kee jiru kanneen odeeffannoo kennan fi hojjettoota hojii irra jiran gaafadhu sigargaaruu danda'uutii.
- Nagaan gahuu kee maatii keetiif gabaasi. Maatiin dhufanii kan sihinfuunee fi taaksiin deemuu yoo murteessite, kan buufata xiyyaaratti galma'an keessa malee dalaalaan yookiin giddu deemtuu biraan akka taaksii hinfayyadamne. Meeshaan kees achi keessa waan jiruuf taaksii ofiikeetii kireeffatte namni ati hinbeekne kan biraa akka hinsenne dhorki.
- Namoota hinbeekne biroon buufata xiyyaaraa keessattis ta'ee alatti akka higowwomfamne ofeeggadhu.

## 5. Deebisanii dhaabuu

- Duuba keetti deebi'ii bu'aa galmeessifte, jijjiirama waggaa lamman darbe keessa fidde, galma kee jalqabaa wajjin walbira qabii ilaali. Galma kee bira geesseettaa? Kanaa olmaaltu godhamuu qaba jette yaadda?
- Yoo hojii mataa keetii kan banachuu barbaaddu ta'e, Ministeera Dhimma Hojjetaa fiHawaasummaa, Biiroo dhimma Hojjetaa fi hawaasummaa, fi waajjira misoomainterpraizii fi industriiquunnamuu dandeessa.
- Waajjira Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa fi Giddugala Odeeffannoo GodaantotaaOdeeffannoo gaafadhu.
- Gorsaa fi deggersa Hawaasummaa, Biiroo dhimma Hojjetaa fi hawaasummaa, fi waajjira misooma interpraizii fi industrii fi Giddugala Odeeffannoo Godaantotaairraa haala liqii fi leenjii gaafadhu
- Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa dubbisuun odeeffannoo waa'ee maaykirooxixiqqaa fi sagantaa adda addaa, fi dabalataan dhaabbilee miti mootummaa fi Dhaabbilee bakka bu'oota UN gaafachuu
- Yaala yeroo dheera yoo qabda ta'ee gorsa yaala idileen fudhu. Fayyaa ta'uu kee fi hojiifgahaa ta'uu kee mirkaneeffadhu.

## Barruulee 2 - Qajeelfama adeemsa gorsaaa

### 1. Quunnamtii kenniisa gorsaa

Hariiroon kenniisa gorsaa hirmaannaa qaamolee hedduun kan raawwatu ta'ee, fedhii isaanii fi miira,yaada, amantaa, amalaa fi hariiroo isaanii irratti xiyyeeffata.Kenniisi gorsaa nama dhuuunfaa irratti kan xiyyeeffatu ta'ee, yeroo tokko tokko maatii fi hawaasa dabalachuun bu'a qabeessa dha.Sababiin deggersi isaanii, dhimmi isaanii fi gaaffiin isaanii adda bahuun deebii yookiin xiyyeeffannaa argata.(IOM,2009)

### 2. Bu'aa Qunnamtii Gorsaa

Quunnamtii fi Adeemsi gorsaa kan inni nama gargaaru;

- Akka hubannoo wa'ee dhuunffaa isaanii fooyyessan godha. Rakkoo fi carraa qabanillee nibaru
- Haala fi kabaja ofii nifooyyeessu
- Waa'eee rakkochaa irratti maal akka hojjetamuu hubannoo fi iftoomina niargatu
- Waa'ee dhimma isaaniif furmaata kennuu irratti ofitti amanamummaa fi beekamtiiisaanii nifoyyeffatu
- Murtee haaraa, karaa haaraan rakkoo hiikuu fi karoora gaarii niqopheeffatu
- Bifa haaraa fi hirmaana hiikaa qabu maatii fi hawaasa keessatti uumuuf kakau'msa niqabaatu

Gorsi kennamu bu'a qabatamaa lakka'amu akka fiduu gochuuf, dandeettii fi beekumsi gorsaa fi haalli guddinni isaa murteessaa dha. Dabalataan, jijjiramnni nama irratti dhufuu kan danda'u yoo haalli nageenyaa fi iccitii eeguu walsime qofadha. Nama miidhame irratti jijjiirama gaarii yaadamu fiduuf, wanti baayyee gorsicha irraa barbaadamuu yeroo hojichaaf barbaachisu sirritti ramaduun ittiin hojjechuu dha. Kanneen kanatti aanan cuunfaa adeemsaalee kenniisa gorsaa baayyee barbaachisoo dha. Haala irratti hundaa'uun haalli adeemsa gorsaa beellama tokkoo ol fudhachuu nidanda'a. Beellami sa'a tokko gadi fudhachuu hinqabu yookiin baayyee gabaabachuu hiqabu

#### i. Sadarkaa jalqabaa

***Iddoo dhuunffaa fi mijataa ta'e qopheessuu***

- Haga dandeessetti haala fi qabeenyuma jirtu keessatti hojjechuuf yaaluu fi waa'ee iccitii eguu baayyee barbaachisaa dha. Namni kamuu haasaa isin walitti haasoftanuu fi gaaffii fi deebii keessan achi dhaabbatee dhaggeeffachuu hinqabu.
- Waa'ee aadaa, duudhaa fi koorniyaa irratti ofeeegannoo gochuu
- Waan sijeequu yookiin addaan sikutuu danda'u kamiinuu xiqqeessi, fakkeenyaaf. Mooba'ilii cufuu, hojjettooti birotti akka addaan isa hinkuchisiifne itti himuu

***Walquunnamuu, hordofuu fi gabaasa qopheessuu***

- Maamila bifa gammachuun simachufi bifa salphaa ta'een itti dhiyaachu; iddoo taa'umsaa mijataa kennuufii
- Hariiroo ho'aa fi simannaa gaarii fi xiyyeeffannan hordofuu
- Waa'ee barbarchisummaa gorsaa, yeroo gorsaa, yeroo beellamaa fi haala icciitiin isaa itti eegamu hunda ibsuufii

- Haala icciitii issaa hunda argachuu garuu immoo baayyee humnaa olta'uu hinqabu
- Maamila haga danda'ameetti waanti addaa irratti mari'atamuu yoo qabaategaafadhu (Kan walharkaa fuudhiisaan dufee fi jalqabuma ofiin dhufe ta'uu isaa irratti hundaa'i)

**ii. Sadarkaa giddugaleessaa**

- Namooti seena isaanii fi miira isaanii waa'ee waan isan quunnamee akka sitti himan godhi
- Dhaggeeffachuunin fi debii kennuuf haal hunda adda baafachuun namaicha deggaruu
- Fedhii namichaa irratti hundaa'uun yaadannoo qabadhu garuu kun haalaan dhaggeeffachuu irraa akka sihindaangessine ofeeggannoo godhi.
  Fedhii isaa dhaggeeffadhuu fi hubadhu akka inni adda baasuu fi sirriitti ibsu jajjabeessi (murtee kennuu irraa ofqusadhu). Bilisa ta'anii yaada fi fedhii isaanii akka ibsan gochuun tasa illee addaan hinkutiniin.Yeroo tokko tokko callisuun ilee baayyee barbaachisaa dha.
- Yaadaa fi amantii isaa dhaggeeffachuu fi sirriitti hubachuu
- Amaalaa fi haala quunnamtii isaa dhaggeeffachuu fi hubachuu
- Dandeettii waa debisuu fayyadamuun gargaaaruu fi kallattiin akka ofiif murteeffatan deggeru
- Walhubachuu keessan mirkaneeffachuuf cuunfaa yaada ibsiif
- Jalqaba irratti wan namichi yaadu adda baasa. Fedhiin isaa, yaadi isaa, amalli fi quunnamttiin isaa bayyee ballaa ta'uu danda'a waan ta'eef
- Dhimmicha irratti waliin mari'achun galma waliinii kaa'uu. Gorsaan kan barbaadamuuf isaan deggaree aangomsu fi cimsuuf malee fala ogeessa qofa akka kennuuf miti. Yaadadhu, namooti waa'ee mataa isaanii irratti ogeessa cimaa dha!
- Waliin ta'uun karoora addaa dhimma isaanii irratti isaan deggaru qopheessuu
- Kun kan dabalatu deggersa maddoota baayyee, fkn. Maatii hawaasa, barnoota fi leenjii rakkoo hiikuu ykn dandeetti hawaasaa, deggersa yaalaa, deebisanii dhaabuu sadarkaa hawaasaa fa'a. kun itti aansuun haala jijjiirama namichaa irratti hundaa'uun irra deebia'muu, qoratamuu fi guddachuu nidanda'a.
- Haalli deddeebii maamila, haala jijjiirama gaarii maamilicha irratti dhufaa jiru fi deggersa gorsaa inni iddoo gorsaa kanaa alatti argataa jiru irratti hundaa'uun hir'ataa deemuu nidanda'a.

**iii. Sadrkaa dhumaa**

Yeroo namni gorfamu kun jijjiirama gudda dhimma rakkoo isatti uume irraa fooyya'insa fidu gorsi barbaachisummaa hinqabu. Akkuma fooyya'insii dhufaa deemuun gorsi suuta suuta nidhaabbata. Namni kun karaa gorsaan ofdanda'aa deemuun muuxannoo argate irraa caalaa jireenya mataa isaa kaayyoo fi kabajaan nijiraata.Addaan kutuun gorsaa ulfaataa ta'uu danda'a. Garuu immoo dirqama;

- Rakkocha hiikuuf dhamaatii godhame galateeffachuun
- Yeroo biraa yoo barbaade deebi'ee gorsa argachuu akka danda'u mirkaneessuufii

## 3. Yeroo daddabarsii barbaachisu

Yeroo tokko tokko yeroo Ogeessa biraatti dabarsuun barbaachisu nijira (fkn. Ogeessa xiin-sammuu yookiin saayikaatiristiitti) haala ulfaatina rakkoo irratti hundaa'uun). Gorsaan yookiin hojjetaan dhimma hawaasummaa agarsiiftuwwan rakkoo saayikaatrikii qabaachuu isaa beekuun barbaachisaa dha.Akkuma rakkocha hubatteen daftee gara ogeessa ilaalatuutti dabarsuun baayyee barbachisaa dha.

- ✓ Haala jeequmsa sammuu keessa yoogaleera ta'ee (yoo hojjetaan sun jeequmsa sammuu kan akka Saalquunnamtii humnaa, yaalii ofajjeesuu, maatii gatuu kkf.
- ✓ Muusuu(dukukkuu): Hirribaa fi fedhii nyaataa dhabuu, humna dhabuu, ofajjeesuuf yaaduu, gadda guddisuu yookiin mallattoo bo'uu agarsiisuu.
- ✓ Mallattoolee xiin-sammuu: sammuu, haala aarii, oollachuu, oollachuu harkaa, boqonnaa dhabuu.
- ✓ Yoo namni sun fedhii du'uu yookiin yaada yaalii of ajjeesuu kan agarsiisu yoo ta'e, dafamee gara doktora yaalatti dabarfamuu qaba.
- ✓ Namni gorsa kennu dafee waa'ee ofajjeesuu barbaaduu isaa maatiitti himuu qaba.

## 4. Gorsa garee fi maatii

Giddugalli Odeeffannoo Godaantotaa maamilaaf gorsa garee yookiin dabalataan matii dabalachuun deggersa tokko-tokkoonii kennuu nidanda'a. Gorsi garee yeroo yerootti nijijjiirama. Hata'u malee beekumsii fi muuxannoon nama dhuunfaa ittiin deggarre gorsa gareetiifis nigargaara. Gareen namoota lakkofsi isaanii xiqqaa ta'e lama irraa eegalee maatii, hiriyoota, midhamtoota yookiin qaama hawaasa dabalachuu nidanda'a. Nama shanii hanga torbaagaree garii dha, garuu kudhan lakkoofsa isa guddaa dhumaati. Gorsaan akka gaggeessa garee fi haala mijeessaa mareeti. (ILEP fi NLR, 2011). Gorsi garee karaa hedduun bu'aa kenna. Sabaabiin isas:

- ✓ Baasii fi yeroo niqusata.
- ✓ Namooti dhimmi walfakaataan namoota biraas mudachuu akka danda'u nihubatu
- ✓ Dandeettiin walquunnamtii nishaakalama niguddata.
- ✓ Dandeettiin hariiroo walii niguddata shaakala waliin hojjechuu nicima
- ✓ Gareen miseensa tokkon tokkootif sirna nideggera.
- ✓ Haala mijeessan haala namooti dhuunfaa yookiin gareen haala garee keessatti hojjetan arguuf carraa niargata.
- ✓ Namoonni galma ka'ameef namoota kaanii wajjinittigaafatamummaa qooddachuun kutannoon galmicha biragahuuf hojjetu

Gahee gorsaa yookiin Gorsaa garee kan ta'uu danda'u;

- ✓ Tokkoon tookkoon isaniitti dubbadhu hunda isaaniis dhaggeeffadhu, Quunnamticha qajeelchuu fi adeemsa isaa walitti araarsuu fi yeroo barbaachisaa ta'etti odeeffannoo bu'uraa kennuu
- ✓ Leecaaloo dhiyeessuu fi tajaajila hawaasatti yookiin saaphana deggersaatti dabarsuu
- ✓ Qajeelfamoota bu'uraa ibsuu fi hunduu akka ittiin bitamu gochuu.
- ✓ Sababa fi kaayyoo gorsa garee ibsuufii
- ✓ Kabajii fi yeroon tokkoon tokkon isaaniif kennamuu isaa mirkaneeffadhu; namoonni yeroo dheeraa fudhatan itti fufuu irraa akka ofqustan; gorsaan akka matadureen jijjirame ibsuu qaba namoota maal nadhibdee fi kanneen addaan kutan jajjabeessuu qaba.
- ✓ Garee gargaaruu irratti xiyyeeffachuun fedhii adda baasuu, muuxannoo, mudannoo fi haala itti hiikame irratti xiyyeeffachuu.
- ✓ Filannoo kenniif malee fala hinkennin, gareen dhimmicha hiikuuf yaada akka kennu godhi.

## Barruulee 3 - Godaansa irratti Seerota biyya keessa fi addunyaa

### Seerota biyya keessaa[4]

**Heerrii mootummaa Itoophiyaa (1987)**: keewwati 18 garbummaa fi akka garbummaatti tajaajiluu fi hojii dirqii nidhorka.

**Seerri yakkaa bara 1996** bahe keewwattoota kana ilaalatan hedduu niqaba. Keewwat 597 dubartoota fi daa'immaniin daldaaluu, keewwati 635 dubartootaa fi daa'imman umuriin isaanii hingeenyeen daldaaluu, keewwati 596 garboomsuu, keewwati 598 Itoophiyaanota karaa seeraan alaa biyya alaatti erguu, keewwata 243 karaa seeraan alaa biyyaa bahuu fi seenuu fi jiraachuu kan jedhan tumamanii jiru.

**Labsiin dhimma hojjetaa fi hojjechiisa 377/1996:** Labsiin dhimma hojjetaa kun keewwattoota waa'ee hojjettoota lammiilee biyya alaa fi lammiilee Itoophiyaa biya alaa deemanii hojjechuu barbaadanii ofkeessatti qabatee jira. Keewwattoota walargan keewwata 14 (1) (f) n hunda caalaa hojeetaa lammummaan dhiibbaa irraan gahuu nidhorka. Keessattuu, keewwati 175 akka ibsutti lammiin Itoophiyaa biyya Itoophiyaan alatti yeroo Ministeerri Dhimma Hojjetaaffi Hawaasummaa waa'ee eegumsa mirga isaaf wabii gahaa biyya hojjetaan itti qaxaramu irraa argateetti hojiif bobba'auu nidanda'a jedha.

**Labsiin 909/2007:** labsii dhimma yakka Namoota Naanneessuu fi Godaantota karaa seeraan alaa daangaa ceesisuuf bahe. Karoora hojii yakka namoota naanneessuu iittisuuf akka biyyoolessaatti yeroo dhiyoo walta'insa Ministeera Dhimma Hojjetaa fi Hawaasumaa fi IOMn qophaa'e

**Labsii 923/2008:** Labsii Bobba'insa Hojii Biyya Alaa Itoophiyaa; Labsii bobba'insa hojii biyya alaa bu'ura heera mootummaan aangoo gahee bakka bu'oota ummatootaaf seera baasuuf kennameen keessa iyyuu hundaa olitti wa'ee dhimma lammummaa, immigreshinii, paaspoorttii, biyya Itoophiyaa seenuu fi bahuu, maxxantummaa fi kooluu galtummaa, kanaf keewwata 55 (1,2) ilaalii. Kanneen armaan gadii haala seensa keessa taa'een barbaachisummaan isaa yookiin kaayyoon isaa bal'aa dha.

(a) Dandeettii fi beekumsa isaanii irratti hundaa'uun Itoophiyaanota bobba'insa hojii biyyaalaaf fedhii qaban nageenyii fi kabaji isaanii akka eegamuu gochuuf.

(b) Amantaan waliigaltee garlamee biyyoota hojjetaa fudhatanii wajiin godhamu amantaabobbii hojii seera qabeessa nijajjabeessa, gocha seeraan alaa nomootaan daldaaluus nixiqqeessa.

(c) Barbaachisummaa gahee sekteroota dhuunfaa bobba'insa hojii keessatti qaban ni ibsa.

(d) Barbaachisummaa mootummaan deggersa fi hordoffii waljjijjirra hojjetaa biyya alaakeessatti qabu nidabala

(e) Barbaachisummaa labsii tajaajila bobba'insa hojii 632/2001 bakka buusuu

Labsii bobba'insa hojii biyya alaa bara 2008 bahee kan hanga yoonaa karaa guutuu taa'een hojiitti hinseenamin, labsii 632/2001 wajjin walbira qabamee yeroo ilalamuu fooyya'insa gaarii qaba. Labsiin kun,

[4] Kutaan kun odeeffannoo IOM,2017b, duuka deemtuuV, kutaa V fi yaadonni isaan irraa ballinaan fudhatameera

qaamoolee mootummaa fi caasaalee hedduun kan qooda fudhatuu fi kallattii qacarrii sadii kan hordofu dha. (a) bobba'insa hojii mootummaaa dha gara mootummaa;(b) bobbii hojii kara ejensiiwwan dhuunffaa gaggeeffamu (c) bobba'insa hojii kallattiin hojjechiistota biyya alaan gaggeeffamu (odoo ejensoonni dhuunffaa gidduu hinseenin). Haala hundeeffama ejensiiwwan dhuunfaa fi, bulchiisa isaanii, eeyyama isaanii, akkasumas haala hoji isaanii, adabbiinisaanii, addabiin bulchiisa yeroo wantoota labsicha keessa ta'aniin fudhatamuu baatan hundi haala cimaa ta'een tumameera. Calaalliin, qacarriin fi haga ta'ee haalli deebitoota achi keessa taa'eera. Haalonni baayyee barbaachisaa ta'an, eegumsaa fi qaabinsa hojjettoota godaantotaafi waa'ee mirga isaanii, sanada waliigaltee hojjetaa moodela ta'ee dhiyyeessuu, hojjettoota godaantota gargaaruuf jecha Leber Attaashee hundeessuu kkf. keessatti taa'aniiru. Dhimmoota himannaa fi waldhabdee hiikuus ilalchisee keewwattoonni ta'aniiru.

Labsiin kun dabalataan mootummaan Itoophiyaa (Ministeerrri Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa fi akka barbaachisummaa isaatti Ministeerri Haajaa alaa) mirgi hojjetaa, nagummaan fi kabaji hojjetaa bobba'insa hojii biyya alaan qaxaramee akka eegamuuf ittigaafatamummaa niqabu. Labsiin bobba'insa hojii biyya alaa Itoophiyaa bara 2008 keewwata 63 (1) jalatti tajaajiloota hedduu mootummaa Itoophiyaan kennamu kan akka tajaajila seeraa midhamtoota godaansa seeraan alaaf kennamu keewwata 64 (5) jalatti kaa'ee jira. Labsichi dabalataan ejensiiwwan biyya keessaa irrattis ta'ee hojjechiistota biyya alaa irratti dirqamoota kaa'ee jira. Dirqamoonni kunis:

(a) Ejensiin kam iyyuu hojjetaa hojiif erge ilaalchisee hojjechiisaan haala waliigaltee hojiin dirqamoota irrajiru akka kabaju gochuuf dirqamatu irra jira (keewwata 63 (2))

(b) Ejensiinii fi hojjechiisaan waliin mirga hojjetaa waliigaltee keessa taa'ee sarbameef kan ittigaafataman ta'au (keewwata 40)

(c) Ministeerichi yookiin qaaamni aangoo qabu kam iyyuu bobba'insa hojii biyya alaa wajjin walqabatee gaaffiin yeroo dhiyaatu, Ministeerichi yookiin qaamni aangoo qabu gaaffii deggarsaa dhiyaateef yookiin rakkoo hojjeticha quunnameef ejensichi fala barbaachisaa kennuun haala hojjetichi irra jiru gabaasa dhiyeessuu qaba (keewwata 64 (2))

(d) Gaaffiiwwan dhiyyaataniif ejensiin yookiin hojjechiisan fala barbaachisaa gaaffii dhiyaateef yoo hinkennine ta'e, Ministeerichi yookiin qaamni aangoo qabu kan biraan tarkaanffii bulchiisaa barbaachisaa fudhachuu nidanda'a (keewwata 64 (3)). Yeroo ejensiin gaaffiiwwan dhiyaataniif fala kennuu dadhabu dhimmoota akka sarbamuu mirga hojjetaa, ofeeggannoo, kabaja hojjetaa ilaalchisee yeroo ta'uu haga dhorkaa eeyyama ejeensiitti tarkaanfii fudhachuu nidanda'a (keewwata 42 (2f)).

(e) Badiiwwan adda bahan hojjechiisa biyya alaa irrattis ta'ee bakka bu'aa ejensii dhuunffaa irrattitarkaanfii bulchiisaa akka fudhachiisu labsicha keessa ka'amee jira (keewwata 53).

i Haala waliigaltee seeneen yeroo dirqama isaa bahuu dhabu

ii Haala bakka bu'insi isaa kennameen bakka bu'aan yeroo dirqama isaa bahuu dadhabu.

iii Ragaa imalaa hojjetaa haala kamiinuu dhowwachuu fi jalaa dhoksuu

iv Mindaa hojjetaa yookiin qarshii inni biyyatti erguu sababa quubsaa tokko malee jalaa qabuu

v Maal nadhibdeedhaan hojjetaa irra balaa, rakkoo fayyaa, yookin balaa du'aa geessisuu

vi Hojjetaa irratti waan kabaja namuummaa isaa fi haamilee isaa xuqu raawwachuu

vii Hojjetaa irratti miidhaa yookiin gidiraa saalquunnamttii irraan gahuu fi

viii Labsii kanaa, labsii kana raawwachiisuuf danbii fi qajeelfama bahee darbanii argamuu

(f) Hojjechiisaan yookiin bakka bu'aan ejensii himati itti dhiyaatee balleessan seera darbu itti mirkanaa'ee, Itoophiyaa keessa hojjetaa qaxaruun hineeyyamamuuf, Bakka bu'aan ejensichaa Itoophiyaa keessatti hojii bobba'insa hojii biyya alaa irratti bobba'uu hindanda'u, badii uumameen kan ka'e hojjetaa irratti miidhaa gaheef beenyaa walmadaalu nikaffala (keewwata 56)

(g) Hojjetaa fi hojjechiisaa yookiin hojjetaa fi ejensii yookiin bakka bu'aa ejensii giddutti walfalmiin waa'ee mirga hojjetaa yoo ka'e dhadhacha walfalmii dhimma hojjetaa fi hojjechiisaan kan ilaalamu ta'ee, ba'aan falmmii mirkaneessuu yoo hojjetaan hale kan hojjechiisaa yookiin kan ejensii yookiin kan bakka bu'aa ejensii ta'a (keewwata 71 fi 72).

Labsichi dabalataan ittigaafatamummaa mootummaa Itoophiiyaa fi qaamolee mootummaa irra kaa'ee jira. Keessaa iyyuu, Embaasiin Itoophiyaa, Leber attaasheen, koreen biyyoolessaa raawwatiinsa labsii kanaaf gaheen kennameefii jira. Fkn. Ministeerichi yookiin qamni aangoo qabu kan biraan, qaamoolee biroo waliin ta'uun hojiif jecha gara biyya alaa bahanii kan deebi'aniif haala isaan itti deebi'anii dhaabbatan nimijeessa jedha (keewwata 64 (4)).

**Waliigalteewwan addunyaa**

Mootummaan Itoophiyaa seerota mirga namoomaa adduunyaas ta'ee kan Afriikaa ija gaariin kutannoon fudhatee mirkaneessuun isaa haala gaariin kan ilaalamu dha. Kanneen armaan gadii liistii seerota mirga hojjetaa wajjiin walqabatan guyyaa mirkana'an yookiin madaqan dabalatee haala gabaaban kan dhiyaatani dha.

- Prootokolii UN Godaantota Daddabarsuu Lafa irra, Galaana irra fi Qileensaan dhorkuu bara 2002 bahe, dabalataan Koonveenshinii daddabarsa yakkoota gurmaa'amee hojjetamu dhorkuu
- Koonveenshinii ILO Hojii dirqii Dhowwuu, Konveenshinii 1930 (lakk. 29) kan bara 2003 keewwattoonni keessa deebi'ame
- Koonveenshinii ILO haala hojii suukanneessaa (Koonveenshinii 1999 (lakk.182) (2003)
- Konveenshinii ILO ka'umsa kaffalttii xiqqaa Koonveenshinii 1973 (lakk.138) (1999)
- Godaansa bobba'insa hojii ILO Konveenshiinii keessa deebi'ame1949) (lakk. 97) (haga yoonaa kan hinmirkanoofnne)
- Godaantota bobbii hojii ILO (keewwata dabalataa) koonvenshinii (1975 lakk.143) (haga yoonaa kan hinmirkanaa'iin)
- Ejensii dhuunfaa bobbii hojii biyya alaaaKonveenshinii ILO 197) (lakk.181) (1999)
- ILO To'annaa haala hojii Koonveenshinii 1947 (Lakka 81) (haga yoonaa kan hinmirkanaa'iin)
- Konveenshinii UN Garbbumaa dhaabuu 1926 Prootokoolii 1953 kan fooyya'ee (1969)
- Koonveenshinii UN yakka namootaan daldaaluu fi sagaagalummaa kaanitin fayyadamuu, 1949 (1981)
- Koonveenshinii dabalataa UN garbummaa balleessuu fi daldaala garbaa fi dhabbataa fi gochoota garbbummaan walfakaatanu bara, 1956 (1996)
- Koonveenshinii UN Eegumsa mirga hojjettoota Godaantootaa fi miseensota maatii isaanii 1990 (haga yoonaa kan hinmirkanaa'iin)
- Koonveenshinii baqattootaa fi Prootokoolii haala baqattoota murteessu, 1951 (1969)
- Koonveenshinii addunyaa gocha hacuuccaa gosa hundaa balleessuu (CERD), 1963 (1976 )

- Konveenshinii Gamtaa Afriikaa haala rakkoo addaa baqattoota Afriikaa bulchuuf Bahe 1969 (1973)

**BiyyootaGamtaa Galffitti mirgoota Hojjettootaa**[5]

Koonveenshinii ILOdhimma hojjettoota manaa bara 2011 (lakk.189) mirgoota bu'uuraa hojjettoota manaa lafa kaa'ee jira. Koonveenshinichi haala diinagdee fi hawasummaa hojjetoota manaa fooyyeessuu fi hojjetootimanaa eegumsa hojii fi hawaasummaan ala akka hintaane gochuuf kan qophaa'ee dha. Hanga ammaatti biyyooti 23 koonveenshinii ILO kana kan mirkaneessan ta'uu fi biyyoonni baayyeen immoo labsiiwwan biyya isaanii keessatti mirgaa bu'uraa hojjettootaa haala koonveenmshiinii ILOtin akka walsimu gochuun baafataniiru.

Koonveenshinii ILO kan hinmallatteessine ta'anis biiyyoonni kan akka gamtaa Areb Imireetis, motummaa Saawud Arabiyaa, fi Qaataar mirga hojjettoota manaa fooyyeessuu fi seerotaa fi imaamattootaa baasaniiru. Keewwatoonni daangaa aangoo isaaniin keessatti seera isaanii fi haala qabatamaa gabaa humna namaa naannoo isaanii walbira qabuun ilaaluun kan qophaa'ee dha.

**Gamtaa Arab Iemreet**

Gamtaan Arab Imireet seera Feederaala lakk.10.2017 tajaajila deggarsa hojjettootaa (seera hojjetoota manaa Gamtaa Arab Imireet) kan bara Hagayya, 2017 hojii irra oolee qopheessiteetti. Seerrri hojjetoota manaa Arab Eemireet kun, hojjettoota manaaf mirgoota hojii bu'uraa duraan hinjirre mirkaneesseera. Seerri kun kan hojii irra ooluu hojjettoota manaa hojjechiisaa dhuunfaa dhaabbiis ta'ee yeroo keessa hojjetan fi kan akka qonnaa dhuunffaa, ogummaalee kan akka, tajaajiltuu manaa, qopheesituu nyaataa, kunuunsituu biqiltuu, konkolaachisaa, yeroo bayee idilawaa kan hintaane kan akka tiksee horii, fi injineera qonnaa fa'a.

Seera hojjettoota manaa Gamtaa Arab Imiret jalatti danbiin raawwachiiftuu hanga ammaatti hinmaxxanfamne. Seerichi faayidaa isa xiqqaa fi wanttoota hojjetaaf dabalataan barbaachisaa ta'an ibseera (kanneen kanaa gadii ilaali)

**Qaataar**

Seera Hojjettoota mnaa Qaataar lakk. 15, bara 2017 (seera biyya keessaa Qaataar) kan Hagayya, 22, 2017 bahe yaada qajeelfama kana ibsuuf waltajjii qophaa'een hojjetoonni manaa 173,742 biyyattii keessatti akka qaxaraman ibsaniiru (ragaa gabaasa staatiksii hojjettoota bara 2016 mootummaan ibsametti).

Akkaataa serri isaanii inni haaraan ibsutti, hojjetuu manaa jechuun “nama bulchiisaa fi to'annaa hojjechiisaa jalatti hojii manaa hojjechuun gatii isaa immo mindaaan kaffalamuuf” kanaa irra darbee hiikoon kanaa gosa ogummaalee inni haammatu kan akka konkolaachisaa, kunuunsituu, nyaata qopheesituu fi kunuunsituu biqiltuu ykn shuukuntuu fa'a. Seerichi akka seerri warra gamtaa Arab Imiret gosoota ogummaa hin ibsine. Gara fuula duraaati qajeelfami faayidaa hojjetaa isa xiqqaa ibsu nibaha jedhamee eegama. Fakn seerri inni haaraan hojjechiistoonni yeroo hojjetaan boqonnaa dhukkubaaf bahan akka hojii hinhojjechiifne dhorkus boqonnaan dhukkubaa yooxiqqaate guyyaa meeqaaf kan jedhu hinibsu. Amma garuu seerrii faayidaa isa xiqqaa haala kanaa gadiin kaa'eera.

**Mootummaa Saawud Arabiyaa**

---

[5] Kutaan kun gabatee isaa dabalatee Khajaa fi Tomaas 2017 irraa warabame

Hagayya 2013 Mootummaan Saawudii murtee ministeerota lakk.310/1434 kan qacarrii hojjetoota manaa ittin bulfamu maxxanseera. Gurrandhala 2017 mootummaa Saawudii murtee ministeerota lakk.605/ 1434 kan hojjettoota manaa haala addaan hojjechiistota gidduutti waljijjiiruu eeyyamu baaftee turte (seera hojjettoota manaa Mootummaa Saawud Arabii wajjin). Seera hojjetoota manaa Mootummaa Saawud Arabiyaa jalatti dhiiraa fi dubara hojjettoota manaa saala lachuu kan haammatu ta'ee, hojii mana keessa, konkolaachisaa dhuunfaa, kunuunsituu biqiltuu fi waardiyyoota eegumsaa dabalata. Seerichi faayidaa hojjettoota hanga ta'ee fi dirqamoota qamolee waliigalan lamman irra nika'a.

**Faayidaa isa xiqqaa seeraan taa'ee**

| KEEWWATA | GAMTAA ARAB EEMIREET | QAATAAR | MOOTUMMAA SAAWUD ARABIYAA |
|---|---|---|---|
| **Sa'aa Hojii** | Qajeelfama raawwiibahu keessatti ibsa eegamu | Guyyaatti sa'a 10 (boqonnaa odoo hindabalatin) yoo bifa addaan waliigalan malee | - |
| **Boqonnaa guyyaa** | Yooxiqqaate guyyaatti sa'aatii 12* | Guyyaatti sa'aatii 10(boqonnaa odoo hindabalatin) yoo karaa addaan waliigalan malee | Yoo xiqqaatee guyyaatti sa'aatii 9 |
| **Guyyaa boqonnaa** | Torbanitti guyyaa tokko* | Torbanitti guyyaa tokko | Torbanitti guyyaa tokko |
| **Mindaa** | Ji'aanii fi guyyaa kaffalamuu qabu irraa guyya kudhan caaluu hinqabu | Ji'aa dhumee, ji'I itti aanu seenee guyyaa sadi darbuu hiqabu. | Haala lakkoofsa Islaamaan dhuma ji'aa irratti, yoo haalabiraan waliigalan malee |
| **Yeroo yaalii** | Ji'a 6 | Haalli isaa murtee guddina bulchiisaa fi dhimma hojjetaaf hawaasummaan ta'a. | Guyyaa 90 |
| **Boqonnaa waggaa** | Waggaatti guyyaa 30 | Waggaatti torbee 3 | Waggaa lamatti ji'a tokko |
| **Boqonnaa dhukkubaa** | Waggaatti guyyaa 30 | - | Waggaatti guyyaa 30 |
| **Kaffalttii geejiba xiyyaaraa** | Waggaa lamatti si'a tokko kan ittiin deedeebi'amu | Waggaa lamatti si'a tokko kan ittiin deedeebi'amu | - |

| KEEWWATA | GAMTAA ARAB EEMIREET | QAATAAR | MOOTUMMAA SAAWUD ARABIYAA |
|---|---|---|---|
| **Xumurabara tajaajilaan tiippii kennamu** | tajaajila waggaan kan guyyaa 14 | tokkoon tokkoon bara tajaajilaan kan torbee sadii | baroota walitti aanan afuriif kan ji'a tokkoo |

*Qajeelfama raawwii keesatti qoqoodiinsa eegamu

**Dirqamoota dabalataa fi eegumsa hojjettootaa**

| KEWWATTOOTA | GAMTAA ARAB EEMIREET | QAATAAR | MOOTUMMAA SAAWUD ARABIYAA |
|---|---|---|---|
| **Waliigaltee Hojii** | Akkaataa ministeera human namaa fi Emiretotaa waliigalteen hojii yoo xiqqaate waggaa lamaan kan haaronfamu ta'uu qaba. | Waliigalteen ministeeraan mirkanaa'ee arabiffatti jijjiirame | Waliigaltee qacarrii Arabiffaan |
| **Fedhii bu'uraa** | Hojjetoonni kanneen akka manaa, nyaata fi yaala fi meeshaalee manaa argachuu qabu | Hojjettoonni, mana, nyaata eegumsa fayyaa, kennamuufii qaba | Hojjetoonni mana mijataa fi eegumsa fayyaa argachuu qabu |
| **Hacuuccaa** | Hacuuccaan hojjetaa sababa gosaan, bifaan, koorniyaan, amantaan, ilaalcha siyaasaan, lammummaa fi bu'ura hawaasummaasaan dhiibbaan irra gahuu hinqabu. | - | - |
| **Gidiraa** | Afaaniin, qaamaan, saalaa fi hojiin dirqii dhorkaa dha. Hojjechiisaan haala gaariin qabuu fi kunuunsuu qaba. | Hojetaan haala gaariin qabamuu, kabajaa fi qaamaa fi sammuun dhiibba fi saaxilamuu hinqabu. | Hojjechiisaan hojjettoota kabajaa fi nageenyaan qabuu qaba. |

| KEWWATT OOTA | GAMTAA ARAB EEMIREET | QAATAAR | MOOTUMMAA SAAWUD ARABIYAA |
|---|---|---|---|
| **Daangaa Umurii** | Hojjettoonni umuriin isaanii waggaa 18-60 gidduu ta'uu qaba. Yoo haala addaan daangaan taa'ee malee | Hojjettoonni umuriin isaanii waggaa 18-60 gidduu ta'uu qaba. Yoo haala addaan daangaan taa'ee malee | - |
| **Miidhaa iddoo hojii** | Hojjetaan miidhaa iddoo hojii irra gaheef beenyaa argachuu qabu | Miidhaan iddoo hojii haal labsii dhimma hojjetaan | - |
| **Jijjiirraa hojjetaa** | Ifaa miti. Haala seera immigreeshiniin ta'uu mala. | Ifaa miti. Haala seera immigreeshiniin ta'uu mala. | Haala addaati hojjetaa biraatti drbuu danda'u. |
| **Mirga waliigaltee addaan kutuu** | Haala addaan qaamolee waliigalan lamman keessa tokko addaan kutuu nidand'aa | Haala addaan qaamolee waliigalan lamman keessa tokko addaan kutuu nidand'aa | Haala addaan qaamolee waliigalanlamman keessa tokko addaankutuu nidand'aa |
| **Waldhabdee hiikuu** | Ministeerri Humna namaa angoo to'achuu fi sakata'uu niqaba, waldhabdee hiikuu, himata qaamolee irraa dhiyaatu ilaluu. | Haala seera hojjetaan | Ministeera dhimmiguddinaa fi hawaasummaa himata qaama sadaffaan dhiyaatu niilaala. |
| **Guyyaa dhumaa himati dhiyaatu** | Waliigaltee addaan cituu ilaalchisee edda waliigalteen addaan cite kaasee hanga ji'a 6tti dhiyaachuu qaba. | Waliigaltee addaan cituu ilaalchisee edda waliigalteen addaan cite kaasee hanga waggaa 1tti dhiyaachuu qaba. | - |
| **Adabbii** | Maallaqaan AED 10,000 -200,000 ykn/fi hidhaa hanga ji'a 6 yoo dhimmichi cimaa ta'ee seera biraan kanaa ol adabsiisu ta'e malee | QAR 5,000 – 10,000 dhimmichi cimaa ta'ee seera biraan kanaa ol adabsiisu ta'e malee | Hojjechiisaan addabbii maallaqaaSAR 2,000 - 5,000 fi/ykn hanga waggaa 1-3 hojjetaa hojjetaa akka hinarganne (dhimmichi cimaa ta'ee seera biraan kanaa ol adabsiisu ta'e malee) |

| KEWWATT OOTA | GAMTAA ARAB EEMIREET | QAATAAR | MOOTUMMAA SAAWUD ARABIYAA |
|---|---|---|---|
| | | | hojetaanis adabbii maallaqa SAR 2,000 fi hojii irraa ittifamuu (dhimmichi cimaa ta'ee seera biraan kanaa ol adabsiisu ta'e malee) |

**Dirqama Hojii**

| KEEWWATA | UAE GAMTAA EMIREETII ARABAA | QAATAAR | KSA MOOTUMMAA S/ ARABIYAA |
|---|---|---|---|
| **Dirqama** | Ofeeggannoo fi dirqama ofii haala hojjechiisaan qajeelchuun fudhachuun hojiitti hiikuu | Ofeeggannoon dirqama ofii bahuu fi daa'immannii fi maanguddoota mana keessa jiran miidhuu dhiisauu | Ofeeggannoon dirqama ofiibahuu fi daa'immannii fi maanguddoota mana keessa jiran miidhuu dhiisauu qabeenya hojjechiisaa miidhaa irraa eeguu |
| **Mirga dhuunfaa fi Icciitii** | mirga dhuunfaa hojjechiisaa fi iciitii isaa eeguu | mirga dhuunfaa hojjechiisaa fi iciitii isaa eeguu | mirga dhuunfaa hojjechiisaa fi iciitii isaa eeguu |

# DUUKA DEEMTUU 2

## *Malootaa fi Moodaloota*

### Moodala Karoora Bajataa waggaa 3 (sadii) hojiin giddugala Odeeffannoo Godaantotaa ittin hojjetamu

| **Tilmaama bajata Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa (Qar, Itoophiyaan)** | Safartuu yuunitii | Gosa/ji'aan | Hanga yuniitii | Waliigala /ji'aan | Y1 | Y2 + X% | Y3 + Y% |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| **Mindaa Hojjettoota:** | | | | | | | |
| Hojii gaggeessaa Giddugala Odeeffannoo Godaantota | Ji'aan | | | | | | |
| Ogeessa proojektii | Ji'aan | | | | | | |
| Ogeessaa IT | Ji'aan | | | | | | |
| Gargaaraa waajjiraa | Ji'aan | | | | | | |
| Waardiyyaa | Ji'aan | | | | | | |
| Ida'ama | | | | | | | |
| **Kanfaltii Tajaajilootaaf** | | | | | | | |
| Elekriikii | tajaajila | | | | | | |
| Bishaan | tajaajila | | | | | | |
| Sarara interneetii | tajaajila | | | | | | |
| Bilbila | tajaajila | | | | | | |
| Walgahii | haala | | | | | | |
| Leenjii | marsaant | | | | | | |
| Meeshaalee waajjira | lakko | | | | | | |

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Geejiba | | | | | | | |
| Suphaa | | | | | | | |
| Ofeeggannoo | | | | | | | |
| Waliigala (ida'ama) | | | | | | | |
| **Meeshaalee** | | | | | | | |
| Koompitara | gatii | | | | | | |
| Pirintera | gatii | | | | | | |
| LCD | gatii | | | | | | |
| Minjaala | gatii | | | | | | |
| Teessoo | gatii | | | | | | |
| Kanbiroo | | | | | | | |
| Ida'ama | | | | | | | |
| **Proojiktii fi hojii** | | | | | | | |
| Leenjii godaantota | gatii | | | | | | |
| Deebitoota godaansaa deebisanii dhaabuu | nama | | | | | | |
| Maxxansa odeeffannoo, barnoota fi meeshaalee qunnamtii | gatii | | | | | | |
| Qophii hawasaa | qophii | | | | | | |
| Bobbii dirree | | | | | | | |
| Kan biro | | | | | | | |
| Ida'ama | | | | | | | |
| **Ida'ama Waliigala** | | | | | | | |

## Galmee to’annaa hojjettoota

| **Miseensota hojjetaa** | |
|---|---|

| | |
|---|---|
| **Foyya’insaa fi raawwii** | To’annaa darbee asi – milkaa’ina, rakkoo hiikkate, duub-deebii gaarii, barnoota, ogummaa, kkf. |
| **Barnootaa fi guddina** | To’annaa miila darbee asi fi naannoo guddinaa- maal, eessatti |
| **Xiyyeeffannaa/ hojiiwwan gareee** | Quunnamtii, raawwii hojii, kkf. |
| **Haala jireenya hojjettootaa** | Baayyina hojii, sa’a hojii, dhukuba, kkf |

| **Ji’a** | |
|---|---|
| Foyya’insaa fi raa wwii | |
| Barnoota fi guddina | |
| xiyyeeffannaa/ hojiiwwan garee e | |
| haala jireenya hojjettootaa | |
| Dhimmoota kan biroo | |
| Hojii irratti walii galame | |
| To’ataa | |
| Guyyaa | |

## Guca walharkaa fuudhiisaa/daddabarsa godaantotaa

| Guca walharkaa fuudhinsaa | | | |
|---|---|---|---|
| Maqaa giddugala Odeeffannoo Godaantotaa | | Maqaa dhaabbata gabasi itti godhamee | |
| Teessoo Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa | | Teessoo maqaa dhaabbata gabasi itti godhamee | |
| | | | |
| Maqaa nama dabarfamuu | | | |
| Guyyaa daddabarsi/walharkaa fuudhiinsi itti raawwate | | | |
| **Haala maamila ibsuu** | | | |
| Maqaa | | | |
| Saala | | | |
| Korniyaa | | | |
| Umurii | | | |
| Sadarkaa barnootaa | | | |
| Haala gaa'ilaa | | | |
| Hojii | | | |
| Seenaa godaansa isaa | | | |
| Iddoo jireenyaa | | | |
| Quunnamtii ballinaan | | | |
| Fedhii adda bahe | | | |
| Tagaajila giddugala irraa argate | | | |
| Gara itti dabarfame | | | |
| Sababa daddabarsaa | | | |

| Bu’aa dhumaa /rakkoo hiikkate | |
|---|---|

## Sanada waliigaltee Giddugala Odeeffannoo Godantootaa fi Ejensii daddabarsaa / walharkaa fuudhiinsaa gidduutti mallataa’ee[6]

**Sanada waliigaltee**

Giddugala Odeeffannoo Godaantootaa____________________ fi Qooda fudhaataa ____________________________ gidduutti kan waliigalame

Gouyyaa____________________

**1. kaayyoon isaa**

Kaayyoon sanada waliigaltee kanaa kuttannoo Giddugalee Odeffannoo Godaantotaa _______________ fi qooda fudhattoota ___________________ dhimma _____________________________ irratti waliin hojjechuuf [maqaa hojichaa] ____________[guyyaa].

**2. Yeroo turtii sanada waliigaltee kanaa**

Sanadi waliigaltee kanaa guyyaa qaamolee waliigalaniin mallattaa irraa kaasee hanga guyyaa -----tti nitura

**3. Haala walquunnamtii**

Walquunnamtiin Giddugala Odeeffannoo --------------------(maqaa qooda fudhataa) (ibsa haala quunnamtii)

**4. Kaayyoo waliigltechaa**

Qamooleen lamman kaayyoon isaanii [bal’innaan kaayyoo hojjichaa yookiin waliigaltechaa]. Qaamoleen lammanuu kaayyoolee kana galmaan gahuuf, hojiilee armaan gaditti tarreeffaman kutannoon raawwachuuf,

**5. Gahee qaamlee lammanii**

5.1 Gaheen Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa ___ [ibsa gahee isa].

[6] *ILO bara 2014a irraa fudhatame*

5.2 Gaheen Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa ___ gahee hoji isaa bahuuf [ibsa waa'ee ittigaafatamummaa isaa]

5.3 Gahee qooda fudhattootaa [maqaa qooda fudhataa] -----[ibsa gahee].

5.4 Itti gaafatamummaa [maqaa qooda fudhataa] yeroo hojii isaanii raawwatanitti [ibsa itti gaafatamummaa].

**6. Kutannoo**

6.1 Gaheen Giddugala Odeeffannoo Godaantotaa ___ kan waliigaleef [ibsa waan hojjetuuf waligalee].

6.2 [Maqaa qooda fudhata] kan waliigaleef [ibsa wan hojjetuuf waliigalee].

**7. Wal irraa barachuuf bu'aa gamaagamaa walii dabarsuu:**

Qaamoleen lamman bu'aa gamagamaa hojii qaamolee lamman yookiin dhuunfaan hojjetanii walii qooduu fi walirraa barachuuf waliigalaniiru. Maxxansaaleen yookiin odeeffannoon kan tamsaafamu yoo bu'aan hojichaa gamaaagama qaamolee lammaniin irratti waliigalamee guduunffamee booda ta'a

**8. Haala waliigalteen itti fooyyaa'u**

Waliigaltechii yoo qaamoleen lamman waliigalan jijjiiramuu yookiin fooyya'uu nidanda'a.

**9. Dirqamoota**

Qaamoleen waliigalan lamman kaayyoolee gubbaatti tuqaman galmaan gahuuf kutannoon nihojjetu.

Mallattoo: Mallattoo:

_______________ _______________

_______________ _______________

_______________ _______________

_______________ _______________

| | |
|---|---|
| Maqaa fi gahee hojii: | Maqaa fi gahee hojii: |
| ______________________ | ______________________ |
| ______________________ | ______________________ |
| ______________________ | ______________________ |
| Giddu gala Odeeffannoo Godaantotaa ____ | [Qooda fudhataar] |
| Guyyaa: | Guyyaa: |
| ______________________ | ______________________ |

## Fakkeenya kaardii maamilaa[7]

| Lakk.galmee: | Guyyaa galmee: |
|---|---|

**1. Odeeffannmoo Dhuunffaa:**

**a) Haala saxilamaa yookiin hojjetaa bal'inaan**

Maqaa maamilaa ___________________________________ Dhi / Dubara ___________________________

Guyyaa dhalootaa ________________________ Teessoo yeroo ammaa ________________________________

Lakk. bilbilaa________________________ Lakk. Bilbila maatii __________________________

Waa'ee giddugala odeeffannoo godaantotaa eessa akka dhagahee ___________________________________________________

Waggoota barnootaa: ________yeroo leenjii irra ture _______________________

Kangodaane/ godaanee kan deebi'ee? eeyyee / lakkii

**b) Maati / hiriyaa (1a. nama godaanee deebi'if guutii) waa'ee nama godaanee deebi'ee sana ballinaan)**

Maqaa maamila _______________________________ dhi / Dubara ___________________________

Guyyaa dhalootaa__________________________ Teessoo yeroo ammaa ________________________________

Lakk. bilbilaa__________________________ Lakk. Bilbila maatii__________________________

Waa'ee giddugala odeeffannoo godaantotaa eessa akka dhagahee?____________________________________________________

**2. Midhaa (Himata yoo banuu barbaade, guca himataa guuti) gaaffii walharkaa fuudhiinsaa**

Godaantichi maatii isa dhabeera? eeye / lakkii, eeyyee yoo ta'ee, hagamiif? ___________________

Maatiin nama godaane kanaa rakkoo keessa jiruu? Eeyye/lakki

Midhaawwan odeeffannoon isaanii beekamaa ta'e galmeessi; mala ittin godaane ture, egensii walquunnamsiise, gosa hojii, quunnamttiin dhumaa, rakkoo isa quunname kkf.

_____________________________________________________________________________________

[7] *ILO bara 2014a irraa fudhatame*

_______________________________________________________________________________

_______________________________________________________________________________

_______________________________________________________________________________

Gaafffii daddabarsaa raawwatame

_______________________________________________________________________________

_______________________________________________________________________________

_______________________________________________________________________________

_________________________________________________________________________________

Kandabarfameef _________________________ sababa dabarfameef
___________________________________________

Guyyaa itti dadabarsi yookiin walharkaa fuudhiisi raawwate _______ (guyyaa) _______ (guyyaa) _______ (guyyaa) ______ (guyyaa)

**3. haala goodansa itti yaadu:**

(1) Godaansa akka tasaati: (a) shakisiisaa (b) nidanda'ama (c) itti yaadameeti

(2) Godaansa daangaa yeroon daangeffame: (a) ji'oota jahan itti aananiif (b) jahaa haga ji'a kudhalamatti (c) ji'oota kudha lama hanga ji'oota digdamii afuriitti

(3) Bakka gahuuf yaadame: (a) Taahilaand (b) Maalezniyaa (c) Taa'iwaan (Chaa'inaa) (d) hinbeekamu (e) kan biraa (addatti ha'ibsamu) ____

(4) Gosa hojii hojechuuf yaale (sektera itti hojjechuu barbaade): (a) maanfaakcheriingii (b) hojii mana keessaa (c) koonstraakshinii (d) qonnaa

(e) Horsiisa qurxxummii

**4. Godaansa ofeegganoo qabu irratti hubannoo hagamii akka qabu** *(ulaagaa safartuu keewwachuun)***:**

(1) Hubannoo waa'ee midhaa godaansaa qabaachuu isaa: (a) eeyyee (b) lakkii (c) hanga ta'e

(2) Karaa seera qabeessan biyya alaatti hojjechuuf waan barbaachisan nibeeka: (a) eeyyee (b) lakki (c) hanga ta'e

(3) /Baasiiwwan adda addaa bobbii hijiif/godaansaa/bahu ni beeka: (a) eeyyee (b) lakkii (c) hanga ta'e

(4) Haala kaffaltii fi haala sa'aa hojii isa irraa barbaadamu nibeeka: (a) eeyyee (b) lakkii (c) hanga ta'e

(5) Ejensii bobba'insa hojiin mirgi isaa yoo dhiibame maal akka godhu nibeeka: (a) eeyyee (b) lakki (c) hanga ta'e

(6) Hojjechiisaa isaan dhiibbaan mirgaa yoo irra gahe maal akka godhu nibeeka: (a) eeyyee (b) lakki (c)

hanga ta’e

**5. Gosa tajaajila argatee**

| **Gosa tajaajilaa** | **Guyyaa tajaajila fudhate** | **Guyyaa tajaajila fudhate** | **Guyyaa tajaajila fudhate** | **Guyyaa tajaajila fudhate** |
|---|---|---|---|---|
| Tajaajila gorsaa<br>(gorsa godaansa duraa) | | | | |
| Deggarsa seeraa<br>(haala himannaa, midhaa ykn waliigaltee mirkaneeffachuu) | | | | |
| Odeeffannoo, barnoota, leenjii (Giidugala Odeeffannoo Godaantootan deggarsi leenjii yookiin waltajjiiwwan odeeffannoo kennaman) | | | | |
| Walquunnamsiisuu<br>(mare garee godaantotaa keessatti hirmaachuu yookiin kan walfakaatan kan biro, waldaa godaantotaa dabalatee) | | | | |
| Waldaa hojjettootaa<br>(Waldaa hojjettootaatti galuu) | | | | |

## Moodala guca karoora hojii dirreef tajaajilu[8]

**Eenyu? ¿hojii dirree eenyu irratti xiyyeeffata? Umurii, koorniyaa, sadarkaa barnootaa, ogummaa ittiin godaanu giddugaleessa godhachuu**

| | |
|---|---|
| | |
| | |
| | |
| | |
| | |
| | |

**Maali? Ergaa maalii dabarsuuf yaalaa jirra? Ergaan qulffiin yookiin ijoon maali? Hawaasin kana dura maal beeka?**

| | |
|---|---|
| | |
| | |
| | |
| | |
| | |
| | |

**Attamitti? Yaada waljijjiiruuf maloota maal fayyadamna? Hedduu yaada keessa galchi, dhimoota kaan hawaasaf dhiiftu dabalachuun. Bobbiin diree haala kamiin itti adeemamaa?**

| | |
|---|---|
| | |
| | |
| | |
| | |
| | |
| | |

**Yoom? Hojiin dirree yoomif karoorfame? Yeroo kana keessatti hawaasa keessa waan jiru maal beekna? Hirmaannaa dubartootaa, dargaggootaa, ga'eessotaa fi waliigala waa'ee hirmaattota keetii yaada keessa galchi.**

---

[8] ILO, 2014a.irraa kan fuudhame

| | |
|---|---|
| | |
| | |
| | |
| | |
| | |
| | |

**Eessatti? Hojiin diree eessatti gaggeeffama? Carraa yookiin rakkoo iddoon filatame qabu maali?**

| | |
|---|---|
| | |
| | |
| | |
| | |
| | |
| | |

# Madda Ragaalee


Innisheetiivii CORE 2006.” *Participatory monitoring and evaluation of community and faith-basedprograms, “Maxxansa 2ffaa (Welling, Afriikaa kibbaa)*

Federaala Demokratawaa RepubliikaItoophiyaa. Labsii Bobbii Hojii Biyya Alaa Lakk.923/2008 :https://www.ilo.org/dyn/natlex/natlex4.detail?p_isn=103965 kan argamu.

Hiwuman Raayitii Woochii. 2015.*Gabaasa Addunyaa 2015*(New Yorkii).

Hiyumee gamtaa magaalaa (Awstraliiyaa). Guyyaa kan hiqabu. Firaam warkii Hirmaannaa Hawaasaa fi qajeelfama karooraa.: www.hume.vic.gov.aukan argamu

.Federeshinii waldaa Juuzamii Addunyaa; Niizerlaands Deggersa Juuzaam, Gorsa qoqqoodinsa hirrisuu,.Londonii fi Amasterdam,2011

Dhaabbata Hojjettoota Idila Addunyaa (ILO). 2013. *GMS Triyaangilii: Giddugala Leecaaloo Hojjettootaa fi kenniisa Tajajila Deggersaa* (Baankook, Waajjira ILO kutaa ardii Ashi’aa fi Pasifikii).

—.Maanuwaalii Raawwii leecaaloo giddugala Hojjettoota godaantotaa,2014a, Baankook,Waajjira ILO kutaa ardii Ashi’aa fi Pasifikii).

—.Qajeelfama Deggersaa fi Hordoffii Raawwii leecaaloo giddugala Hojjettoota godaantotaa, 2014b

—Bulchiisa Bobbii hojii seera qabeessa jajjabeessuu, Bu’aa Sagantaa, (Finfinnee, Waajjira ILO Biyyoolessa Itoophiyaa, Jibuutii, Somaliiyaa, Sudaan fi Sudaan kibbaa Fi Bakka bu’aa Addaa AU (Gamtaa Afriikaa) fi ‘ECA’2017

Dhaabbata Godaantota Idila Addunyaa, 2009, Seensa Gorsaa fi Dandeettii quunnamtii bu’uraa; Maanuwaalii Leenjii gaggeesitoota hawaasa godaantootaa fi Hojjetoota Hawaasaa, (Jeneevaa)

— Deebisanii Dhaabuun; 2015. Mala bu’a qabeessa (Jeneevaa)

— Gabaasa Godaansa Addunyaa 2017a, (Jeneevaa)

— .Sakkata’insa godaansa hojjettoota biyyoolessaa; 2017b. Itoophiyaa (Finfinnee )

Khoja, S.; Thomas, S. 2017 “Biyyoota Gamtaa Galfitti Mirgoota Hojjettoota manaa haaraa” , Clyde & Co https://www.clydeco.com/insight/article/legal-rights-for-domestic-workers-in-the-gcc.sarara irratti kan argamu

Kuschminder, K.; Ricard Guay, A. 2018. Paakeejii Deebisanii Dhaabuu Itoopiyaa (Finfinnee, Waajjira ILO Biyyoolessa Itoophiyaa, Jibuutii, Somaliiyaa, Sudaan fi Sudaan kibbaa

Pillinger, J. 2015. Hojii bu’a qabeessa Giddugala leecaaloo godantotaa: (Barruulee hojjettootaa, (Dhabbata Godaantota Idila Addunyaa, Buudaapestii)

Sri Lanka, Biiroo Bobbii Hojii biyya alaa; Waajjira ILO biyyoolessa Sri Laankaafi Maaldiveesii. 2015. *Safe qajeelfama Odeeffannoo Godaansa hojii* (Kooloomboo).

Mootummaa Gamtoomanitt, Muummee Diinagdee fi Dhimma Hawaasummaa, kutaa Dhimmaa Hawaasummaa. 2017.Gabaasa Dhimma Godaantota *2017:* ibsa, ST/ESA/SER.A/404 (Niiwu Yorkii).

Mootummaa Gamtoomanitt Dhimma deggersa Daa’immanii Yeroo Atattamaa, (UNICEF),2015 Ragaa godaantota Itoophiyaa (Niiwu Yorkii).

Mootummaa Gamtoomanitt Waajjira dawwaa fi yakkootaa UNODC). 2016.Gabaasa Dhimma Namootaan Daldaaluu (Veenaa).

USAID Giddugala Guddina Odeeffannoo fi Madaallii. 1996. Filannoo agarsiiftuu raawwii, Adeemsa Hordoffii fi Madaallii fiRaawwii lakk.6 http://www.usaid.gov/pubs/usaid_eval/pdf_docs/pnaby214.pdf. Kan argamu

Baankii Gamtaa 2011. Godaansaa fireemitaansii *factbook2011*(Waashiingtan DC).